# Qaama Nama Mudaa Hin Qabne

Obboleessa Neeviil, galatoomi. Gooftaan si haa eebbisu.

Ganama kana dunkaana kana keessatti deebi'uun keenya nama gammachiisa. Hunduma keessaniif "ganama gaarii," haa ta'u. Akkasumas Argama Gooftaa keenyaa—keessatti, hunda keenyaaf guyyaan kun, guyyaa guddaa tokko akka ta'u nan amana. Ammas ani ganama kana barumsa argadheera. Kallattiin gara barumsa kanaa deemuun barbaada, a. . . Inni barbaachisaa dha jedheen yaada. Tarii. . . Namoonni baay'ee, yeroo dheeraa, dhaabbachuu irraa kan ka'e, akka nu mufanne. Ani kallattiin gara barumsaattin seena.

2 Ammas immoo, galgala kana, mata duree *Geggeessaa Jireenya Koo* jedhu irratti dubbachuun barbaada. Akkasumas halkan sana, namoonni hedduun, yeroo sanatti akka achitti argaman, abdiin qaba. Ta'u illee, waldaa keessan keessatti, yoo. . . dhimma qabaattan, akka isin—waldaa keessan irratti argamtan barbaanna. Tajaajila itti waamamtan irratti, bakka hojiin keessanitti argamuun, ifni keessan akka ifu godhaa.

3 Amma, hanga deebitanii dhuftan hundaa, taa'umsa bakka bal'aa tokko akka qabaannu, ammas abdii qabna. Garuu bakka hundatti, oo, rakkoo nutti ta'eera. Boordiin imaanaa waan hunda gadi fageenyaan qoratee jira. Isaan immoo bakka tokkotti ergu, tole jedhanii deebisu; achii bakka biraatti ergu, deebisanii immoo kufaa godhu. Akkasumas deebisanii ergu, *asitti* immoo tole jedhanii, nu deebisu. Oo, nuti yeroo akkamii dabarsine! Garuu, beektu, Seexanni yeroo hundumaa waan sirrii ta'e irratti qabsaa'a. Yaadadhaa, yeroo hunda waan sirrii taatan. . .

4 Antoonii, eessa akka jirtu yaadaan ture. Abbaa kee yoo nagaa gaafattu si argeera. Anis dhaggeeffattoota keessaa ba'een, gara gamaan ilaale. Innis achi taa'aa turte jedhe. Atii fi abbaa kee Obboleessa Miilaanoo Niiwu Yoorki irraa dhuftan, nu wajjin ta'uu keessanitti gammanneerra, Yeroo kana yeroon gara biyya alaa deemu, yoo Gooftaan jedhe, birraa kan-biraa, Niiwu Yoorkii fi naannoo isheetti, nan arga jedheen abdadha.

5 Kanaaf waa'ee hunda keessanii baayyee gammanneerra. Qofa—as dhufuun keessan gaarii dha.

6 Kaleessa galgala yeroo ajaa'ibaa dabarsine, ykn yoo xiqqaate anaaf ajaa'iba ture. Ani itti eebbifameera. . . [Gumiin, "Ameen" jedha.—Gulaalaa.] "Isaayaasis mana qulqullummaa keessatti." Kanaaf isin immoo. . .

7 Ganama kanas, dhimma kana irratti dubbachuu barbaanna, ykn barsiisuu, kana caalas, yoo dandeenye, “Godoo Qulqullummaa jiraataa ijaaruu; Nama mudaa hin qabne; Godoo Qulqullummaa jiraataa ijaaruu—iddoo jireenya Waaqayyo jiraataa, Mana Qulqullummaa Waaqayyo jiraataa, bakka Inni jiraatu.” Isa jedhu ta’a . . .

8 Faarfannaa gagaariin akka na darban nan beeka. Ani isa dhaga’uu hin dandeenye. Galgala kana immoo, asitti gadi bu’uuf yaalaan jira. Teenesii—irraa kan dhufe, Obboleessa Angiran maqaa isaa ti jedheen amana, haati manaa koo natti himtee turte. Kaleessa galgala, as ture. Har’a ganama immoo hin argine, gumii kana keessa jira jedheen yaada. Yoo danda’e galgala kana, *Ulfina Isaa Irraa Gad Bu’e* ykn *Ati Akkam Guddaa Dha*, sana, yoo faarfatu dhaga’uun barbaada. Ani dhaga’uun barbaada. Obboleessa Angiran meeqatu dhaga’uu barbaada? [Gumiin, “Ameen” jedha.—Gulaalaa.] Oo, faarfannaa—gaarii nan jaalladha. Meedaan meeshaa baritoon akka qabu natti himteetti. Innis Obboleessa keenya Baakistar na yaadachiisa; hundumti keenya, akkuma beeknu, innis faarfataa dha. Akkasumas *Ulfina Isaa Irraa Gadi Bu’e,* ykn *Ati Akkam Guddaa Dha*. Obboleessa Angiran, Amma argadheera jdheen amana, sun . . . Gaarii dha, yoo fedha kee ta’e, har’a galgala, achi turtaa? Tajaajila galgalaaf achi turuu yaalta moo, achuma turta? Tole, ani—ani . . . Tole, rakkoo hin qabu . . . sittan hima, akkas goona, tarii nama . . . kamuu miidhuu hin barbaadu. Garuu immoo tarii, sana booda, yoo dandeenye, *Chaappaawwan Torba,* yeroo lallabnutti, dhufuu dandeessa. Argitanii, *Ulfina Isaa Irraa Gadi Bu’e*, fi, akkasuma, *Ati Akkam Guddaa Dha,* kan jedhu, faarfannaa lachuu, waraabee kaa’uun barbaada.

9 Oo, Gooftaa tajaajiluun ajaa’iba mitii? Osoon Kiristaana ta’uu baadhee ani maal akkan godhu hin beeku! . . . ? . . . Kiristaana ta’uun qofa akkam namatti tola. Olii-fi-gadi utaalii, sagalee kee guddaa fayyadamii iyyi iyyi naan jedha. Kiristaana ta’uu, yaadaa, waan hundaan Kiristoos keessa dhokachuu!

10 Maqaa nama kanaa yeroo mara dogoggoraan akkan waamu beeka. Innis S.T. ykn T.S., ykn waan akkasii. Saminars, Obboleessa Saminar jedhama. Isaa . . . Fi haadha manaa isaa jaallamtuu galateeffachuun barbaada. Kitaaba *Baroota Waldaa Kiristaanaa Torba* jedhu, barreessitee fixuuf, gara ji’a, isheetti fudhate natti fakkaata. Amma guutummaan isaa bareeffamee, gulaalaaf qophaa’ee, nutti kennameera, kitaabni *Baroota Waldaa Kiristaanaa Torba*, yeroo dhiyootti maxxanfama. Obboleettii Saminar, bakka jirtutti, hojii hojjetteef siif kanffalla sirriidha. Sun, hojii guddaa fudhate. Maaliif, *sun* guddaa dha. Teeppii irraa dhaggeeffatanii barreessuu mitii, dubbisuun gara ji’a ja’aa fudhata, sana booda illee gagaralchuun irra deddeebii isaa baastee, kitaaba goote. Nutis isa qopheessuun battalumatti gara maxxansaatti ergina, sababni isaa dafee

qophaa'ee namoota hunda keessan harka ga'uu qaba, kitaaba isin qu'achuu qabdani dha. Daqiiqaa muraasa dura, yeroon achitti deebi'ee seenu, Biiliin immoo reefuu natti agarsiisa ture, kitaabni—sun—sun gara—maxxansaa deemuuf qophii xumureera jedhe. Kanaaf, obboleettii, kana hundumaa tola hojjetta jedhee si hin eegu. Dadhabbii keef waldaan sii kaffala. Ykn—akkas goona . . . Kitaabichi yeroo nu qaqqabu gatii irratti baasuu qabna, ykn waan tokko goona, ykn immoo hanguma gurgurame achi irraa akka argattu gatii irra keenya, waanuma fedhe haa ta'u. Garee boordii dhaqii dubbisi, boordii imaanaa, ykn warra achi jiran, isaan dubbisi isaanis si keessummeessu. Gooftaan si haa eebbisu dhugaa.

11 Obboleessi fi Obboleettii Kiidi xiqqoo dullooman as taa'aniiru, waggaa dhibba guutuuf, xiqqoo qofatu hafa. Yeroo muraasa dura ishee wajjin wal argeera, "Tole, si arguun koo tarii kun isa dhumaa ta'a, Obboleessa Biilii," jette. "Ani baay'ee dulloomeera," jette.

12 Anis, "Oo, maay! Akkas jechuu keessan dhaga'uu hin barbaadu. Isin mee haadha fi abbaa koo ti" jedheen. Obboleessaa fi Obboleettii Kiidi ni jaallanna. Nuti, hundi, isaan jaallanna. Innis . . .

13 Manguddoonni umuriin ga'an, lama ta'anii waldaa keessa yeroo deeman argu waatu natti dhaga'ama. Mee yaadaa, osoon ani hin dhalatin dura isaan Wangeela lallabaa turan. Ani immoo amma dulloomeera. Eeyyee, mee yaadaa, osoo ani hin dhalatin dura isaan lallabaa turan. Ani immoo amma, dulloomeera jedheen yaada. Harka kennuuf qophaa'eera jedheen yaada. Obboleessa fi obboleettii Kiidi yeroo seenan nan arga, "Ulfinni Waaqayyoof haa ta'u! Haleeluyaa!" Anis, "Lakki, miirri gaarii natti dhaga'ma" jedha. Eeyyee, fira koo. Waan ta'an yeroo argitan, akkam akka isin jajjabeessan!

14 Irra deebitanii yoo yaaddan, umurii koon ol kan jiran, hanga ammaatti, lallaba misiraachoo ba'u. Ganama dhufanii kitaaba fudhatanii, gurguruu yoo dandeenye jedhanii kitaabota nu gaafatan. Waggaa dhibba isaanii keessa, ba'anii lubbuu booji'uu yaaduudhaan, karaatti taphachiisuuf, kaassettota nu gaafatan. Amma isin hoo akkuma kaleessa dubbanne "kochoon keessan lamaan" essa deeme? Eeyyee. Kaleessaa yeroo—inni kana dubbatu, "Kochoon koo eessa jira?" jedheen yaaduu jalqabe. Obboleettii Kiidi, Umriin kee meeqa? [Obboleettiin Kiidi, "Saddeettamii-tokko" jette.—Gulaalaa.] Saddeettamii-tokko. Obboleessa Toom, umriin kee meeqa? [Obboleessi Kiidi, "Saddeettamii-lama" jedhe.] Umurii saddeettamii-tokkoo fi saddeettamii-lama, ammallee kochoo isaaniin, gochaan, balali'aa jiru.

15 Obboleettiin Kiidi ni beekti, Ohaayoo keessatti wanti dogoggoraa tokko ta'ee ture, manatti bilbilte. Guyyaa muraasa

dura, naaf bilbiltee, daa'ima xiqqoo, daa'ima xiqqoo tokko, jedheen amana, reef deesse, mar'immaan ala ba'e. [Obboleettiin Kiidi, "Ujummoo fincaaniiti" jette.—Gulaalaa.] Ujummoon fincaanii, qaama daa'imaa ala ba'ee dhalatte. Doktarri immoo maal akka godhu waan hin beekneef, innis baqaqsanii hodhuu sana gochuu sodaate. Kadhanne. ["Obboleessa Biraanhaam, baqaqsanii yaalanii, deebisan, sababni isaa, 'Jiraachuu hin dandeessu,' jedhan. Ujummoo deebisanii galchaniiru."] Jiraachuu hin dandeessu jedhanii yaaduun, ujummoo baqaqsanii, iddootti deebisaniiru. Hanga ammaatti lubbuun jirti. ["Cufaa dha."] Nyaata—reektamii . . . irraa, tuuboon dabarsu cufaa dha jedhan. Obboleettiin Kiidi immoo deebitee naa bilbilte. Ammas isheedhaaf kadhannee, amma tuubboon banamee fayyiteetti. Isheenis as jirti, akka ragaatti; doktorri ishees, akkasuma. Argitanii? Gooftaa Yesus, Uumaa guddaa akka ta'e ragaa taate! Seexanni waan gochuu yaale argitanii? Jireenya daa'imaa karaatti hambisuu. Achii immoo, argitanii, haati ishee gara Gooftaa dhufte. ["Mana kootti, lubbuu ishee Gooftaatti kennatte."] Gara Gooftaatti deebite. Erga dinqii guddaan daa'ima isheef ta'ee booda, Obboleettiin Kiidi gara Kiristoositti ishee deebifte.

16 Kaleessa Kaalifoorniyaa irraa, obboleessa keenya, tajaajilaan hiyyeessi tokko naaf bilbile, dur Kaalifoorniyaa yeroon jalqaba deemu, naman wal beeku dha. Ilmi ilma isaa quxisuun—vaalvoonni isaa afur . . . ykn sadii onnee keessatti cufame. Anis dhugaa ba'umsa ishee sanan itti hime. Ani akkasan jedhe, "Waaqni kan biraa uumee fi iddooti kan deebise sun, dhuguma ilma ilma kee ni fayyisa." Qofa ilma kee akka gaariitti itti himii jajjabeessi.

17 Yeroon jalqaba Kaalifoorniyaa ture mucaan sunis walga'ii keessa ture, naannoo waggaa kudha ja'aa, waggaa kudha saddeetii, ni ta'a. Yeroo sana immoo Kaalifoorniyaan ture. Innis wa-. . . . Walga'ichi mucaa irratti dhiibbaa guddaa uumeera hanga . . . Daa'ima argatanii, mucaanis dhalatee, yoo ilaalamu rakkoo qaba ture, inni cuquliisa ta'e, akkasuma oksijiinii, waan biraas kkf kennuufii yaalaniiru. Garuu inni waan jiraatu hin fakkaatu, akkasumas doktoroonni sana booda yeroo qoratan, onnee isaa keessaa valvii tokko—qofti akka hojjetu argan. Valvoonni onnee isaa keessa jiran sadan guutummaatti cufamaniiru. Akkasumas inni abbaa isaa waamee, akkas jedhe, "Abbaa, yeroo tokko, Obboleessa Biraanhaamitti bilbili. Sana hunda isatti himi . . . 'Kiristoosiin kadhadhu. Inni ni fayyisa.'" Inni kanuma. Oo, maay! Argitanii, kaleessa galgala akkuma dubbanne, waan argan, sun, dhiibbaa isaanitti uumee. Waan sirrii yeroo sirrii ta'etti.

18 Tole, haasa'uu yoo itti fufne, barumsa keessa hin seenna, mitii? Inni akkuma moolaasisii, beektuu qorra ganamaa, inni hamma danda'e furdachaa, fi hunduu wal qabataa dha.

Tokkumma akkasii qabaachuutti baay'ee gammanne. Eeyyee, fira koo.

19 Kanaaf kan ofii keenyaa dhiifnee, amma, kallattiin gara barumsaatti haa deebinu. Itti fuufuu keenyaan dura tarii... Gabatee gurraacha irratti isinitti mul'achuu, fi dhiisuu isaa hin beeku. Tarii akka *sanatti* yoon ol isiniif kaase, yeroo muraasatti, jechuun, dandeenya, amma, gariin kessaan, gara...[Obboleessa Eedgar "Doktor" Biraanhaam, "Bakka barbaadduu" jedha?—Gulaalaa.] Maal jetta? ["Bakka barbaadduu?"] Lakki, amma, waan barbaachisu miti, Doktor. Tarii xiqqoo booda. ["Lafa irra, bakka tokko kaa'uu nan danda'a."] Tole, booda—iddoo muraasa yeroon argadhu...Iddoon argamee? Tole. Mee xiyyeeffannoo keenya isa irra haa godhannu. Achi duubaa kan jirtan isinitti argamaa? Ni argamaa? Yoo isinitti argamee, barreeffama gabatee gurraacha keessaa, dubbisuu yoo dandeessan, harka ol kaasaa. Hin argamu. Tole. Iddoo sana sirreessaa. Amma, yeroo sirreessan...

20 Har'a ganama eegaluuf nan barfadhe; moo, lakki, lakki, gara daqiiqaa kudha shanii durseen dhufe. Kanaaf immoo, amma, ariifachuu waan hin barbaanneef, yeroo keenya itti fayyadamna. Yeroo ariifattan, sana booda waan dubbattan sana waan baalleessitaniifi dha. Amma, yeroo darbe, teeppii waraabame dhaggeeffadhee, akkuman isinitti hime, baay'een ofitti qaana'e; waanan dubbadhetti miti, ariifadhee dubbachuu koo, fi sagalee ol kaasuuf gadi buusuutti. Eeguun akka narra jiru natti dhaga'ama. Isa...

21 Ani—guyyaa darbe as walakkaa Luwiisviil keessatti, argama bineensota guddaa tokko yeroo ijaaran argeera. Achi kan jiru, Obbo Biraawun natti fakkaata, argama bineensotaa sanaaf, doolaara miliyoona tokko kenne. Tole, qarshichi osoo kan koo ta'ee, bineensota sana baasuuf nan kennan ture. Ani—waanuma kamiyyuu cufaa gochuutti hin amanu. Yeroo mara...Gara argama bineensotaa dhaqee bineensota huuqqatoo, amaaketaa, fi leenca, bineensota biroo hunda, hidhaan umurii guutuu itti murtaa'ee, duubaa fi duratti socho'an, nan arga. Miirri hamaa akka itti dhaga'amu godha. Hundarra, isaan caala namoota abshaala ta'aniin qabamuu isaanii ti. Argitanii? Isaaniin qabuudhaan hidhaa keessa kaa'u.

22 Akkan yaaduttii: hojiin seexanaas akkasuma. Iddoo Waaqayyoo guddaa, fi dirree irra, namoonni qaalii kun bilisa ta'anii bakka garaa—garaa naanna'uu qaban, sana booda mana hidhaa dhaabbata amantii keessa, ykn ibsa amantii keessa, ykn waan biraa keessa, hidhee isaan kaa'a. Waan baay'ee suukanneessaa ta'e dha.

23 Bakka argama bineensotaa hin jaalladhu. Ofii koo illee akka waanan bineensota keessaa tokko ta'etti natti dhaga'ama, waan

tokko gochuu barbaaddanii—guutummaatti isinitti cufamee, yeroo isin ba'uuf dhamaatan, hubadhaa.

24 Amma, gara Sagaleetti dhiyaachuu keenya dura, mataa keenya gadi qabannee, gara Barreessaa Sagalichaatti haa dhiyaannu.

25 Abbaa keenya gaarii Waaqaa irra, ganama kana ammas walitti qabamnee jirra Maqaa Ilma Kee jaallatamaa, Gooftaa Yesuusiin. Waaqayyo, foon uffatee, araara cubbuu keenyaaf, gara lafaa dhufee, du'es, Qajeelaan; sana nuti, osoo cubbamaa taanee jirruu, qajeelummaa Isaatiin, karaa Isaa warra mudaa hin qabne akka taanu godhe. Gooftaa, kun warra nuuf hin malle ta'uu keenyaa himachaa dhiyaanna. Waan gaarii ta'e homaa hin qabnu. Hangam cina yoo dhaabanne illee, hundi keenya hidhaa keessa jirra. Hidhaa guddaa keessatti argamna. Inni tokko isa kaan gargaaruu hin danda'u. Garuu, Waaqayyo, araara Isaa dhuma hin qabneen nu bilisa baasuuf, gadi bu'ee, balbala mana hidhaa bane. Ammaan booda, nuti bakka argama bineensota addunyaa keessa hin jirru. Baaneerra. Warra hidhaatti jiran miti.

26 Oo, jaalalli Isaaf qabnuu fi galanni Isaaf qabnu akkam ajaa'iba! Akkamitti dirree guddaa abdii Isaa keessa deemuu dandeenye, fuuldura keenyattis yoo mul'atan argineerra! Waaqayyo Bara Baraan guddaa akka ta'e nu durattis yoo ofii Isaa mul'isu, ija keenyaan argina, Inni akkuma raajota duriitiin hojjete, nuufis ofii Isaa dhugoomse. Guyyaa tokko, lammata deebi'uu keenya kana beeknee, abdii mirkanaa'aa qabannee boqonna, jireenyi kun erga xumuramee booda, du'aa ka'uun liqimfamnee, Jireenya Bara Baraan hin bannetti ceena. Qaamni keenya hin dulloomu. Gonkumaa hin duunus. Gonkumaa hin beelofnu. Gonkumaa homaas hin dhabnu. Garuu Isa wajjin ni adeemna. Akkas jechuu Isaa dhaga'uu barbaanna, “Gammachuu Gooftaa keessan keessa seenaa, uumama biyya lafaatii kaasee gara isa isiniif qophaa'eetti.” Cubbuun osoo hin seenin dura, Addaamiif Hewaanii, qophii akkamii akka Inni taasise, gonkumaa dhukkubni ykn rakkinni akka isaan hin tuqne ture. Ammas Inni akka nuyi dhufnu dursee beekee, Inni isa nuuf qopheesse. Cubbuun keenyan jibbisiisaa guddaa godhe, amma garuu Dhiiga Yesusiin, cubbuun fudhameera. Amma, abdii Waaqayyoo isa Bara Baraa Biyya abdachiifamteef, kaadhimamneerra.

27 Abbaa, Dubbii Kee yoo barannu, nu eebbisi. Nuyi Achatti galuuf, nama akkamii ta'uu akka qabnu beekuu barbaanna. Barsiisaan keenya Guddaan, Hafuurri Qulqulluun, har'a kutaa kana keessatti akka nu wajjin ta'u, gadi bu'ee Sagalee Isaatiin, ofii Isaa akka mul'isu, nu gargaari. Maqaa Isaa fi ulfina Isaatiin kadhanna waan ta'eef. Ameen.

28 Amma, hunda dura, walii wajjin Pheexiroos isa Lammaffaa,

boqonnaa 1ffaa bananna. Kutaa Caaffata Qulqulluu, Pheexiroos isa Lammaffaa, boqonnaa 1ffaa dubbisuun barbaada. Qalamaa fi waraqaa warri qabdan isiniif. . .

29 Har'a ganama akkuma natti himame—yeroo tokko tokko, mataa koo yoon achi naannessu, sagaleen teeppii ni jijjiira jedhameera. Dhuguma an beekee akkas hin goone. Tarii, guyyaa tokko, baaxii manaa jala kan rarra'u dambalii maayikii—tokko, qopheessuu yoo dandeenye, baaxii manaa jalatti yoo fannifne, eessayyuu taatanii yoo dubbattan, naanoo hundatti, mudaa tokko malee, gaarii ta'a.

30 Ammas, akkuman jedhe; ykn tajaajila booda illee haa ta'u, yoo isin, gabatee sana fakkiidhaan, qabachuu dandeessu. Ani as irratti barreesseera. Tarii yeroo biraa akka isin fayyadu, waan ittiin qabachiisan fudheen fuula durattan nan fannisa. Kanaaf har'a waaree booda, akka sirriitti hubannuuf dafaa koottaa.

31 Amma *Baroota Waldaa Torbanii* xumurree jirra. Gara *Chaappaawwan Torbanitti* dhiyaachaa jirra. Akkasumas Ergaan kun namoota Dhiiga Gooftaa Yesusiin furaman, kan walitti hidhu, innis immoo Ergaa barumsaa yoo ta'u, kan itti raawwatu bara Waldaa, kan dhuma Chaappaawwan irratti dhuftu bara Waldaa Bara Baraa irratti dha. Amma kana booda, itti fufnee kan barannu, Xurumbaawwan Torba, Dha'ichawwan, Waciiitii dheekkamsaa torba, fi kkf ta'u. Namoonni kan irra taa'an kutaa bakka bal'aa ta'e eegaa jirra.

32 Amma, isa kana immoo bakkan yaadee eeguu sana xumureen jira. Ani gabatee kana nan kaasa jedhee hin yaanne, garuu yeroo darbe Keentaakii keessa kan turan, hiriyoota koo jaallatamoo, Kooksis, wajjinan ture. Tarii yeroon utuu hin xumurin dura guyyaa tokko ykn lama shikookoo adamsuu, nan deema jedheen yaade. Akkasumas hiriyyaa koo, Chaarlii wajjinii, fi obboleessa isaa Roodnii wajjin, bosona keessa, waliin turre. Ani shikookoo tokko illee hin argine. Bosona keessaa fageenya irraa yeroon dhukaasu, sodaachiseera natti fakkaata. Sun waan gara koo dhufudha ijoollee dhiiraa, akkasuma—Obboleettii Neelii fi Maargii, Dilbanni yeroo ga'u isinittan hima kanan jedhe kana. Akkan dubbadhuuf, ergaan gara koo dhufe kana. Wanti biraa hundi isuma kana irratti kan walitti hidhamu ta'a! Akkasuma, oo, sana baay'een jaalladhe. Hafuurri dhugaa—dhugaan—tokko iyyi kan jedhu, bosona keessa ture.

33 Kanaaf, Pheexiroos Isa Tokkoffaa, ykn. . .Pheexiroos Isa Lammaffaa, irraa, Boqonnaa 1, muraasa Isaa, haa dubbifna.

> *Ani Simoon Pheexiroos, Yesus Kiristoosiif hojjetaa fi ergamaas ta'ee, warra karaa qajeelina Waaqayyo keenyaaf Fayyisaa keenya Yesus Kiristoos amantii gatii jabeessa isuma nuyi arganne sana argataniif:*

34 Jalqabni isaa namatti tola, sababni isaa mata dureen koo guutuu ganamaa amantii irratti xiyyeeffata. Argitanii? Sirriitti dahaggeeffadhaa. Mee irra deebi'een dubbisa.

> *Ani Simoon Pheexiroos, Yesus Kiristoosiif hojjetaa fi ergamaas ta'ee, warra karaa qajeelina Waaqayyo . . . keenyaaf Fayyisaa keenya Yesus Kiristoos amantii gatii jabeessa . . . isuma nuyi* arganne—*sana argataniif:*

35 Hubadhaa, inni akkas jedha, sunis, "Ani amantii kana argadheera, ergaan koos warra akka koo amantii gati jabeessa argatan haa qaqqabu." Ergaan koo . . . Namoota biyya lafaaf miti. Kun Waldaadhaafi, argitanii, warra Kiristoositti jiraniifi jedha.

> *Waaqayyoon* (karaa) *Gooftaa keenya Yesuus* Kiristoosinis *beekuu bira ga'uu keessaniin, ayyaannii fi nagaan isiniif haa baay'atu,*

> *Humna waaqummaa ulfina isaa fi gaarummaa isaa dhaan waan hunda nuuf kennee . . . humna waaqummaa waaqayyoon fakkaachuu . . . jireenya waan hundumaa* amma waan *nu kennee, ulfina isaa fi gaarummaa isaa* dhaan *nu waame beekumsaan:*

> *Sagalee abdiidhaan hirmaattota . . . amaloota waaqummaa isaa akka taatan: sun kakuu* (sagaleen abdii) *ulfinaa fi gaarummaan kan kabajamee fi abdii baay'ee guddaa ta'e nuuf kenne, . . .*

36 Amma gad fageenyaan haa ilaallu. Lallaba ganama har'aa miti; barumsa barannu kana. "Amala waaqummaa." Sirriitti akka isiniif galu, lakkoofsa 4ffaa irra diibinee isiiniif dubbisna. "Isaan sun nuuf kennaman . . ."

> *Abdiin gurguddaa fi gati jabeessa ta'e kanaan nuuf kennameera: sunis karaa kanaan* (abdiiwwan kana) nuti *kennaa kanaan isin badiisa, isa sababii kajeellaa fooniitiif biyya lafaa kana keessa jiru jalaa baataniittu.*

37 Argitanii, "biyya lafaa," amma sana miliqneerra. Inni kun Waldaadhaafi dha. Kanaafi ganama kana as kan jirruuf, feeni Waaqayyo maal akka ta'e baruuf, karaan isaas maal akka ta'e. Waaqayyoon jaallachaa, Kiristoosiin fakkaachuu, namni hin barbaanne—hin jiru waan ta'eef. Amma asitti diriireera. Kiristaanni hunduu! Anillee goota durii dha. Obboleessaa fi Obboleettii Kiidi ilaalaa, isaan umuriidhaan gamoo keessaa angafa ta'uu hin oolan. Garuu osoon isaan gaafadhee, "Fedhiin garaa keessanii maali?" Deebiin isaanii, "Waaqayyootti dhi'aachuu" ta'a. Kiristoosiin yeroo beektan, yeroo hunda gara Isaatti akka harkifamtan kan isin taasisu, Inni jalala addaa qaba.

38 Ibsa kanaaf dhiifama naaf godhaa. Dhi'eenya kana, haadha manaa koo, akkas jedheen gaafadhe, matumaa amma . . . nu lamaan, dulloomneerra, "Har'as akkuma durii na jaallattaa?"

"Eyyee baay'een si jaaladha," jette.

39 Anis akkasan jedhe, "Beektaa, ani baay'een si jaalladha hanga garaa koo keessatti si fudhadhuttin sin jaaladha, dhuguma, sana caalaa, sirriitti tokko taanee, hanga mul'annuttin" jedheen.

40 Amma, kana, miliyoona dhibbaan baay'isaatii, akkasumas sana booda nama amanaa argattan tokko, jaalala Kiristoosiif kan kufe, Isatti siquu akka barbaada, sababni isaa inni jaalala. Amma immoo sababa sagalee abdii kanaa, amala Waaqummaa Kiristoos, akkamitti akka hirmaachuu dandeenyu Inni nu agarsiisa. Qaama du'aa, kanaan, akkamitti akka hirmaachuu dandeenyu.

41 Asitti waa jechuun barbaada. Sababni ani amanuuf . . . Amma yeroo darbe, namni karaa dogoggoraa na hubatee ture. Waa'ee amantii koo kan ilaallatu tokkummaa tajaajiltootaa irraa, xalayaan akkas jedhu naaf ergame . . . "Haadha manaa keenya faana walitti hidhama-lubbuu qabna. Yoo walitti hidhamni-lubbuu hin jirre wal hiiknee, warra nu wajjin lubbuun-hidhaman faana gaa'ela goona jetta." Oo, maay!

42 Anis, "Barumsa dogoggoraa akkasiitiin ani hin himatamun" jedhe. Yeroo hundaa sana nan morma ture. Ani—kanatti hin amanu. Akka hin taane beekamaa dha. Waaqayyo hadha manaa akka nuuf kennu nan amana. Sun dhugaa dha. Sana booda immoo qaama walii taana. Sirrii dha. Dhiirri tokko immoo osoo hin fuudhin 'dura, wantoota kana itti yaaduu qaba, isa qu'achuu qaba.

43 Gaayyaa biraa gurbaan dargaggeessi tokko akkas jedhee, na gaafate, "Obboleessa Biraanhaam, dubara *akkasii-fi-akkanaa* yoon fuudhe, maal sitti fakkaata?"

Ani akkasin jedheen, "Ati hammam ishee yaadda?"

Innis, "Oo, maay, baay'een ishee jaalla dha" naan jedhe.

Ani akkasin jedheen, "Tole, yoo ishee malee jiraachuu hin dandeessu ta'e, daftee yoo fuute gaarii dha. Garuu ishee malee jiraachuu yoo dandeesse, fuudhuu dhiisuu wayya. Kanaaf, yoo isheef du'e jetta ta'e garuu, daftee dhaqxee—yoo fuute siif wayya," jedheen. Ergichi akka isa bira ga'u kanan barbaade, kun, sun, baay'ee jaalatta yoo ta'e!

44 Amma, yeroo ammaa kana, osoo hin fuudhin dura, wanti hundi gaarii fi bareedaa dha. Garuu erga fuutee booda, dadhabbii fi qormaanni jireenyaa ni dhufa. Yeroo sana jaalalaan tokko akka taatan walii walii keessan hubachuu qabdu. Ati isheetti yoo mufatte, ykn isheen yoo sitti mufatte, isin ammayyuu walii keessan hubattu.

45 Sun Kiristoosittis akkasuma ta'a. Argitanii? Waan tokko Isa irraa kadhannee, yoo nuu kennuu baate illee, hanga hin sochoonetti nuyi Isa jaallachuu qabna, sun homaa nu hin raasu. Argitanii? Maalif akka ta'e? Argitanii? Kan isin raawwachuu dandeessan, hirmaattoota Waaqummaa Isaa ta'uu qofa, sana booda maaliif akka Inni isiniif kennuu hin dandeenye ni hubattu. "Hirmaattota Waaqummaa Isaa."

46 Ammas na hordofaa, "Manca'iinsa addunyaa kanarra jiru kajeellaa foonii jalaa miliqeera." Isa jalaa miliqeera! Eenyuuf akka ta'e isiniif galee? Inni Waldaadhaafi, kana irra caalaa olan kaasa, warra Kiristoos keessa jiran hundaafi. Isa ol ol of qabeef osoo hin taane, nama Kiristoos ulfeesseefi dha.

47 Ganama kana asitti kan argamtan obboleeyyan koo gurraachonni, kana dubbachuun koo nama miidhuuf miti. Dunkaana kana keessatti, dubbadheera ta'ee hin beeku, garuu yeroo muraasa dura walga'ii tokko keessan ture. Bakka baay'eetti dubbadheera. Obboleettiin gurraattiin tokko akkas jette, "Dhugaa ba'umsa, ykn dhugaa ba'uu nan danda'aa?"

"Eeyyee, obboleettii, sirriitti itti fufi."

48 Isheenis, "Dhugaa ba'umsi koo ulfina Waaqayyoof akka ta'un barbaada" jette. Akkas jette, "Beektuu, ani—waan ta'uun narra jiru hin taane," ammas dabaltee, "Ani—waan ta'uun narra jiru hin taane, garuu," akkas jette, "Ani waan tokko mirkanaa'a dha, akkan dur ture miti." Argitanii? Isheen waan ta'e keessaa baateetti. Isheen ol kaafamteetti.

49 Du'a irraa gara Jireenyaatti darbuu keenya akka kanatti beekna. Boolla keessaa qotamnee baane sana duubatti deebinee haa ilaallu. Argitanii? Nuti waan ta'uu barbaannu miti; nuti waan ta'uu qabnullee miti; garuu waan tokkoof ni galateeffanna, nuti akka duraan turre miti. Sirrii dha. Nuti karaa irra jirra.

50 "Badiisa biyya lafaa jalaas miliqneerra." Badiisa biyya lafaa keessa jiruu, fi hawwii foonii jalaa miliqxanii, ol jettanii baataniittu. Amma namni itti dubbachaa jiru Isa dha—nama akka kanaati, badiisa biyya lafaa kana, argitanii, wantoota akka kanaa jalaa nama miliqe.

> Ammas, *dhama'uu hundumaan dhama'aa, amantii qabdan gaarummaadhaan agarsiisaa; gaarummaa* keessan *beekumsaan agarsiisaa;*
>
> *Itti dabaltanii immoo beekumsa keessan of qabuu;. . . of qabuu keessan obsaan danda'uu;. . .obsaan danda'uu keessan nama waaqayyoo ta'uu keessan argiriisaa;*
>
> *Nama waaqayyoo ta'uu keessan obboloota jaallachuu; obboloota jaallachuu keessan tola ooltummaa agarsiisaa.*

51 Maal akka goonu, akkamitti akka goonu akka beeknu Inni qajeelfama nu kenneera. Ammas, dursee akkuman jedhe, hundi

keenya Waaqayyootti dhi'aachuuf dhama'aa jirra. Kanaafi ganama kana ergaa kana waldaaf, kanan filadheef, namoonni akka imalaa jiran waanan beekeefi. Halkan edaa, akkasin jedhe, "Magaala ala dhuftanii, as kan jirtan meeqa? Gara dhibbeentaa sagaltamii-saddeet, magaalaan ala-kan-dhufani dha. "Maayilii dhibba irraa kan dhuftan meeqa?" Yoo gaafannu, tilmaamaan, dhibbeentaa saddeettama, darbeera. "Maayilii dhibba shan ol irraa kan dhufani hoo?" Namoota as jiran keessaa gara—harki sadii maayilii dhibba, maayilii dhibba shan ol fagaatan as turan. Namoota imalaa jiran, mee yaadaa. Tole, argitanii namoonni kun of mul'isuuf jedhanii waldaa hin dhufne. Iddoo kanatti bareedina addunyaan arguu danda'u waan isaan irraa mul'atu. . .hin qabani. Hundi isaanii namoota akkasumaanii, hiyyeeyyii, uffata idilee uffatani dha. Faarfannaa Ergamootaa-fakkeessuun-kuwaayerii fakkeessituu, fiingeedhaan faarfatan, ykn foddaa daawwitii bifa tokkummaa ittiin of janyu hin qabnu. Teessoo irra teessanii keenyan manaa jala teessanii yeroo baay'ee ulfaataa dabarsitaniittu. Isaan kana barbaadanii hin dhufne. Garuu isaan kan dhufan keessa isaaniitii kan argu bareedina iji uumamaa hin argine kan argu qabu. Bareedina Kiristoosiin kan harkifamu inni ija hafuuraa ti. Kan isaan dhufan kanaafi.

52 Kanaaf, tajaajila eegaluu keenya dura, guyyaa dheeraa walitti fufe kadhadheera. Gara bosonaatti deemi, kiisha koo qabadhu. . .Haadha manaa keen, "Barii shikookoo adamsuun deema" jedhi. Akkasuma qubeessaa fi waraqaa kiisha koo keessan kaa'e. Arguu kanan ittiin danda'u ifni ga'aan yeroo na tuqu, muka jala taa'ee, harka koo gara samiitti ol kaaseen, akkas jedhee kadhadha, "Yaa Gooftaa, har'a maal godhu? Ijoollee Keetiif immoo Ati maal naaf kennita?"

53 Wanti tokko akka waan gubatee harca'eetti yeroo natti dhaga'amu, argamni isaa natti dhi'aachaa dhufa. Yeroo Argamni Isaa dhi'aatu, wanti ta'e tokko akkasitti gadi bu'aa, waan akka sagalee ajaja fakkaatu dhaga'uun jalqaba. "Lama yeroo lama afuriin walqixa." Dhi'aataa, "Lama yeroo lama afuriin walqixa. Lama yeroo lama afuriin walqixa. Lama yeroo lama afuriin walqixa." Akkas jechaa, itti fufa, itti fufa, itti fufa. Inni Argamuun Isaa dhufaa jira.

54 Yeroo sana of kennaa, daqiiqaa muraasa booda ofi irraa adda baatu. *"Bakka akkasii-fi-akkasii* dhaqi, wanta *akkasii-fi-akkasiitu* ta'a, mul'annis achitti dhufa." Argitanii? Biyya lafaarraa fagaattanii, dhuftanii, lafa onaatti, gara ofitti deebi'uudhaan, yaada keessan gattanii, gara Waaqayyootti deebitu.

55 Akkasumas Inni dhufuu eegala, "Tokko, tokkoon. . ." Ani akkuman jedhe, lakkoofsi kamiyyuu, ykn wanti hundi, suuta suuta jalqabee, suuta seena. Sana booda saffisa, saffisaan dhufa. Isin homaa hin jedhinaa, taa'aatii harka keessan gara samiitti ol qabaa, harka keesan gara samiitti ol kaasaa. Jalqaba kan

isin beektan, namummaan keessan guutuun fudhatamuu isaa ti. Sana booda wantoota dhufuuf jiru isinitti agarsiisaa, wantoota Inni akka isin beektan barbaadu sanas ni argitu.

56 Yeroo tokko tokko bakka tokkotti, hanga ta'e tokko ni dhufa, achii ni dhaabbata. Inni mul'ataan itti hin fufu. Caaffanni Qulqullaa'oon dhangala'uu eegalu. Qalama koo fudhee, ani barreessuun eegala, akka hin daganne, isaaniin nan barreessa.

57 Gara manaa dhufee sirriitti nan ilaala, isas nan qu'adha. Tokko tokko immoo yoon ilaale illee hiikka naaf hin kennu. Garuu yeroo muraasa booda, ammas deebi'ee, ni dhufa! Isin tuqa, ammas deebi'ee deema. Achii yaadannoo xiqqoo akka *kanaa* qabadhee, hangan danda'e jabaadhee, waan Inni natti hime hunda, kaasuun eegala. Ani akkasittan yaade, "Gooftaa, gara waldaan dhaqa isaanitti dubbadhu. Amma. . . 'Kottaa walitti qabamaa.' Ani waa isinii fidee dhufeeran jedhaani." Tole, dhufaatiin isaa kana. Dhugaan isaas kanuma. Hangan, dursee, Isa irraa fudhadhutti, tasumaa hin lallabu.

58 Egaa, gara gadiitti yoon ilaalu, fakkii xixiqqoo kan isin asii gaditti argitan. Kun, jalqaba, kutaan eegale, guyyaa tokko ykn hanga guyyaa lama duratti, bosona keessatti hin fudhanne ture.

59 Amma, namoonni—kun. . . waan, Pheexiroos nutti hime, hirmaattota amala Waaqummaa Isaa akkamiin akka ta'uu qabnu dha. Amma, hundi keenya gara guutummaa Waaqayyootti guddachuuf dhama'aa jirra.

60 Amma, Chaappaawwan Torban erga xumurree booda, achii, yeroo Chaappaan Torba sun dhaga'amu, ykn hiikamutti. . . Dhugaa dha, chaappaa jechuun, Chaappaa Torban hiikuu jechuun, tajaajila hiikuu akka ta'e ni beekna. Chaartii irratti sirriitti kan arginu dha. Ergaa chaappeffame ture tokko, dabarsuu dha.

61 Dilbata galgala darbe, "Furtuu" kan jedhu irratti, lallabeen ture. Furtuun amantii dha. Amantiin furtuu qaba, furtuunis Caaffata Qulqullaa'aa dha. Kiristoos Balbala dha. Argitanii? Kanaafuu amantiin hidhaa Caaffata Qulqullaa'aan hidhamee ulfinaa fi gaarummaa Waaqayyoo, saba Isaaf bana. Argitanii? Kanaafuu, inni, Kiristoos namootaaf kan itttiin beekamuu; fi kan ittiin mul'atu, qabaa furtuu buntuu dha.

62 Har'as, immoo, furtuudhuma sana fudhannee itti fayyadamuun, Kiristaana qajeelaa bifa Waaqayyoo guutuu qabu tokko ta'uudhaan karaa banuuf, innis, Godoo jiraataa kan Waaqayyo jiraataan keessa jiraatu ta'a.

63 Waaqayyo karaa sadii akka ofii Isaa mul'ise, yaadadhaa. Yeroo jalqabaa, Abbaa jedhame waamamuun, Inni Utubaa Ibiddaan ofii Isaa mul'ise. Sana booda Waaqayyumti sun, qaama qopheesseen, Inni qaama ijaaree, Yesus Kiristoos irratti of mul'ise. Sadaffaan, sababa du'uu qaama kanaan, iddoo jiraanyaa Isaa akka taatutti Waldaa Isaa qulqulleesseera.

Waaqayyo nuu olitti; Waaqayyo nu wajjin; Waaqayyo nu keessa; Waaqayyo sanuma.

64 Kanaafidha Abbaa, Ilma, Hafuura Qulqulluu kan jedhamu. Waaqolii sadii osoo hin taane; Waaqa tokko karaa sadii mul'ate dha. Osoo yeroo Mana Maree Niiqiyaa irratti yaadaniiru ta'ee, hundi keenya silaa hin bannu turre, mitii? Sun sirrii dha. Waaqolii sadii miti. Innii fi Abbaan Tokko akka ta'an yeroo Yesus waa'ee Abbaa dubbatu, sabni hubachuu hin dandeenye. Tole, wanti hundi kanuma. Sirrii dha, garuu amma kan mul'ate. Dhugaa dha. Argitanii? Inni Waaqa sadii miti. Karaa sadii mul'ate! Sadii-. . .

65 Inni maali? Waaqayyo uumama Isaa duratti gad of deebisa. Waaqayyo waaqeffamuu barbaada. Jechi *Waaqa* jedhu "wanta waaqeffamu" jechuu dha. Waaqayyo saba Isaa uume irratti, kaayyoon Inni isaan uume isaan irratti akka argamu gochuuf Inni saba isaa jajjabeessaa jira. Inni ijoollee dhiiraa fi dubaraa Waaqayyoo akka taatan malee waan biraa akka taatan isin hin goone. Kana yoo irraa kaattan, ijoollee dhiiraa fi dubaraa Waaqayyoo ta'uun yoo isiniif hin galle, karaa gattaniittu.

66 Akkasuma "dogoggoruu," ykn *cu-bb-uu* jechuun "karaa gatuu," karaa gatuu dha. Sana booda, xiyyeeffannaa yaardii shantamatti dhaabee, qalbii koo tokkoon, yoon dhukaase; qawwee koo diriirsee, inchii afur ykn shaniin, dhukaasa koo yoon dogoggore, rakkoon maali? Wanti dogoggora ta'e tokko jira. Qawwee koo sirreessuun narra jira. Waaqayyo Kiristaana akka taatan isin waame. . . Kiristaanummaa irraa yoon dogoggore, amantii Waaqayyo keessa jiru irraa yoon dogoggore. Yoo gara tokkotti gortan, deebi'aa sirreeffamaa. Wanti isinin sirreessuu dandanda'u waan tokko qofa, innis Caaffata Qulqullaa'aa dha. Caaffata Qulqullaa'aa keessa kan jiru Hafuurri Qulqulluun, isin sirreessa, gara sirriitti isin deebisa. Sirrii dha.

67 Amma, Sagalee Isaa baranna. Kan Isxifaanos dubbate, Hojii Ergamootaa 7, mee isa. . . Qofa haa dubbifnu. (Amma kan dubbachaa jirru, waa'ee Godoo Waaqayyoo dubbachaa jirra.) Amma, Isxifaanos akkas jedhe. . . (Inni waa'ee Godoo jiraataa kan Waaqayyo jiraataa ta'uuf jiru, ta'uu isaa ti.) Isxifaanos akkas jedhe, Hojii Ergamoota boqonnaa 7ffaa, natti fakkaata. . . Hojii Ergamootaa 7, lakkoofsa 44ffaa irraa eegalee:

> *Abbootiin keenya lafa duwwaa sana keessatti, godoo dhaabaa of biraa qabu turan, godoon sunis* akka *isa Waaqayyo Museetti agarsiisee, aklkasitti qopheessi ittiin jedhetti kan hojjetame ture.*
>
> *Abbootiin keenya akkasuma* qabu *turan,* abboonni keenya *warrii booda* dhufan *immoo. . . Yesuusiin* gara *biyya ormootaatti galchan, Waaqayyo isaa* duraa *oofee baasetti galan,* godichis hamma bara *Daawititti isaan gidduu ture;*

*Daawwit yommus Waaqayyo duratti ayyaana argatee, Waaqayyoo isa kan Yaaqoobiif mana ijaaruudhaaf gaafate.*

*Waaqayyoof mana* kan *ijaare garuu Solomoon ture.*

*Waaqayyo inni hundumaa Gararraa jiru immoo manneen harka namootaatiin hojjetaman keessa hin jiraatu; raajichi akkuma jedhu iyyuu,*

*Bantiin waaqaa teessoo koo ti, laftis ejjeta miilla kootii ti: mana akkamii anaaf ijaartu ree? yookiis iddoon boqonnaa kootii isa kami: isaan kana hundumaas harka kootu hojjete mitii ree jedha Gooftichi?*

68 Kanaaf. . . Amma, "godoo qulqullaa'aa," jechuun immoo, bakka itti boqonnu tokko, amma, haaromsa argannu, fi kkf, akka hirriba rafnee boqonnuu, ykn kkf. Amma, Ibroota 10, akkasumas lakkoofsa 5ffaa, Phaawuloos akkasitti ibsa.

*Kanaaf inni gara biyya lafaa yommuu dhufe, akkas jedha, Aarsaa*. . .(Sun Kiristoos dha.). . .*Ati aarsaa fi kennaas hin jaallanne, garuu dhagna abboomamuu anaaf qopheessiteetta:*

69 Amma Godoon Qulqullaa'aa maali? Fooni dha, Waaqayyo Foon keessa buleera.

70 Waaqayyo, ol irraa ulfina Isaa irraa, gara tulluutti yeroo gadi bu'e, sangaa ykn—sa'as yoo ta'e fiixee gaaraa kan tuqu hunduu, ajjeeffamuu qaba. Waaqayyo qulqulluu dha.

71 Kaleessa galgala akkuma jenne, yeroo Ergamoonni sun fuula Isaanii haguuggatan. Qulqulloota Suraafeelootaa fuula isaanii qulqulluu ta'eeni, cubbuu jechuun maal jechuu akka ta'e hin beekan, Fuula Waaqayyootti Isaan fuula Isaanii, haguuggatanii; gad of deebisuun, miila Isaanii haguuggatu.

72 Amma, Waaqayyo qulqulluun cubbuu obsuu waan hin dandeenyeef, tulluu Waaqayyo irra jiru kan tuquu danda'e hin jiru.

73 Sana booda garuu Waaqayyo, uumama Isaa, Yesus Kiristoos, bifa Ilma Isaan nu keessa jiraate. Achii Ceeliin Dhiiga Isaa cabee, Jireenyi Dhiiga irraa nuuf ba'ee, Jireenya akka nuuf ta'uuf, Ilmi lubbuu Isaa nuuf kenne.

74 Nuti Dhiiga sanaan qulqulloofneerra. Kanaafuu amma dhiigni keenya, fedhii saalaa irraa argame, jireenya keenya, gara addunyaatti fideera. Dhiigni Yesuus Kiristoos garuu nu dhiqe, Hafuura Qulqulluu erguudhaanis, amala keenya jijjiire; kanaanis hirmaattuu amala Waaqummaa Waaqayyoo ta'uudhaan, mana jireenyaa Waaqayyoo nu taasise. Yesuus, "Guyyaa sana Ani Abbaa keessa akkan jiru, Abbaanis Ana keessa akka jiru ni beektu; Ani isin keessa, isin immoo Ana keessa." Argitanii?

75 Waaqayyo akkamitti Waldaa Isaa keessa akka jiru beeka. Amma yeroo kanatti bakka Kiristoos fudhattee kan tajaajila Isaa hojjettu, waldaa Kiristaanaa dha. “Namni Anatti amanu, hojiiwwan Ani hojjedhu innis akkasuma ni hojjeta. Yeroo xiqqoo qofatu jira, biyyi lafaa kana booda Na hin argu; Ani hamma dhuma biyya lafaatti isin wajjin, isin keessa illee waanan jiruuf, isin Na argitu.” Argitanii? Akkaataa kanaan, hojii Isaa itti fufe.

76 Amma, Waaqayyo, ykn Macaafni Qulqulluun asitti akkas jedhe, sana. Solomoon mana qulqullummaa akka ijaare Isxifaanos dubbateera, “Inni hundaa Ol ta’e mana qulqullummaa harkaan hojjetame keessa hin jiraatu. ‘Samiin Teessoo Kooti, laftis ejjeta miilla Koo ti. Kanaaf mana akkamii Anaaf hojjettuu?’ ‘Garuu Foon Naaf qopheessite.’” Ameen. Kunoo ti.

77 “Garuu Foon Naaf qopheessite.” Waaqayyo nama guutuu keessa jiraatee, Uumama sana keessatti ofii Isaa ibsa. Waaqeffannaa guutuu! Waaqayyo nu keessa, Godoo Isaa taanee, Waaqayyoo of mul’isa. Oo, ho’i hanga nu ukkamsutti, mata duree kana irratti akkamitti yeroo dheeraa turuu dandeenya. Hubadhaa, sana, Waaqayyo jalqaba irraa jalqabee, nama keessatti, ofii Isaa mul’iseera.

78 Musee keessa kan ture Waaqayyo dha. Mee isa ilaalaa, geggeessaa ta’ee dhalate; Kiristoos. Yeroo museen dhalate ijoollee irratti ari’atamatu ture, isa qabuufis yaalan; Kiristoos wajjinis akkasuma ture. Inni yeroo sana—dhalate; Kiristoosis akkuma sana. Museen seera-kennaa ture; Kiristoosis akkuma sana. Museen ol ba’ee, guyyaa afurtama turee, abboommii fudhee, gad bu’e. Kiristoosis guyyaa afurtama, lafa onaa keessa turee, deebi’ees dhufee, akkana jedhe, “Warra duraaniif ‘hin ejjin’ jedhamee akka dubbatame dhageessaniittu. Ani garuu, isiniinan jedha, gara dubartii kan ilaale hunduu, kan ishee hawwes, yeroo sana garaa isaatti ishee wajjin ejjeera.” Argitanii? Waaqayyo ofii Isaa, kan ittiin of mul’ise, wantoonni baay’een jiru.

79 Yoseefiin ilaalaa, obboloota isaa baay’ee—gidduutti mucaa hafuuraa ta’ee dhalate. Hundi isaanii namoota gaarii, hundi isaanii abboota amantii turan. Garuu, Yoseef yeroo ilaalamu, nama addaa ture. Inni mul’ata arga, abjuu hiika, sababa kanaaf immoo obboloota isaa biratti jibbamaa ture. Akka hojjetuuf Waaqayyo sababa lafa irra isa kaa’ee hojii hojjeteef, obboloonni isaa isa jibban. Argitanii? Wanti hunduu gara fannoo agarsiisa. Ammas, ilaalaa, inni obboloota isaatiin, gara meetii soddomatti gurgurame. Obboloota isaatiin, akka du’uuf, boollatti darbatame. Boolla sana keessaa ol fudhatamee, dhaqees immoo gara harka mirgaa Fara’oon taa’e. Namni tokko gara Fara’oon dhufuu hin danda’u, inni yeroo sana biyya lafaa to’ateera, namni gara Fara’oon dhufuu danda’u hin jiru, karaa Yooseef qofa malee. Ammas karaa Kiristoos

malee, namni gara Waaqayyoo dhufuu hin danda'u. Yoseef mana mootummaa keessaa yoo ba'uuf jedhu, utuu hin ba'in dura, xurumbaan afuufameera, Warri fiiganis isa dura fiigu, iyyaa, "Jilbaan jilbeenfadhaa! Yooseef dhufaa jiraa!" Eessa illee yoo jiraattan, ykn hojii kam iyyuu hojjedhaa, hojiin keessan hangam barbaachisaa yoo ta'e; hamma Yoseef dhufutti jilbeenfattanii kufuu qabdu turtan.

80 Guyyoota kana keessaa, yeroo fiingeen afuufamu, gjilbi hundi ni jilbeenfata arrabni hundi dhugaa ba'a. Yooseef keenya, Kiristoos, Ulfina dhiisee yeroo dhufu, yeroo sana hojiin keessan hiika hin ta'u. Jilbi hundinuu ni jilbeenfata, Ilma Waaqayyoo ta'uu Isaas dhugaa ba'a. Sun sirrii dha.

81 Oo, Daawit keessattis Isa argina! Akkamitti Daawit, obboloota isaan, ilma isaan, teessoo isaa irraa gatamee, mootii tuffatame, gara Gaara Ejersaatti ol ba'ee, Gaara Ejersaa gubbaa irra taa'ee, fuula isaa gara Yerusaalemitti deebisee, isheef boo'e; sababni isaa saba ofii isaa, kan inni tajaajile fi karaa Waaqayyoo isaan barsiise dha, saba ofii isaan tuffatamee akkasumas sabni ofii isaa dhagaa itti darbataa turan, itti tufanii itti qoosaas turan, yeroo tulluu ol ba'uu jalqabe inni immoo tuffatamee ture. Oo, waggaa dhibba saddeet booda; kan mudaa hin qabne Ilmi Waaqayyo, saba Ofii Isaatiin, Mootii tuffatamee, gaara irra taa'ee akka Mootii tuffatameetti, Yerusaalemiif boo'e.

82 Inni maal ture? Waaqayyo ofii Isaa raajotaan darbee of mul'isuu, Kiristoosiin mul'isuu dha.

83 Booda guutummaa Waaqayyoo kan ta'e Tokko dhufe. Waaqayyo nu gidduu ture.

84 Yeroo sana irraa jalqabee, Golgotaan booda, ofii Isaa Waldaa Isaa keessatti Of mul'isaa jira. Kanaaf, amma akkuma argitan, hundi keenya gara Dunkaanaatti, gara mana jireenyaa Waaqayyootti seenuuf dhamaana. Kana keessatti muraasni . . .

85 Asitti kan hubannu, akkana jedhe, "Dursinee amantii, gaarummaa, beekumsa, of qabuu, obsa, gaarummaa ykn nama Waaqayyoo ta'uu, fi jaalala obbolummaa." Eeyyee. Jaalala obbolummaan booda, jaalala dabalaa. Sirriitti akka isiniif galu, guutuu isaa, irra deebi'ee, mee nan dubbisa. Amma lakkoofsa 5 irraa jalqabna.

> Ammas, *dhama'uu hundumaan dhama'aa, amantii qabdan gaarummaadhaan agirsiisaa; gaarummaa keessaan beekumsaan argisiisaa;*
>
> *Itti dabaltanii immoo beekumsa keessan of qabuu; of qabuu keessan obsaan danda'uu; obsaan danda'uu keessan nama Waaqayyoo ta'uu keessan argisiisaa;*
>
> *Nama Waaqayyoo ta'uu keessan obboloota jaalachuu; obboloota jaalachuu keessan nama hundumaa jaalachuu, argisiisaa.*

> . . . *wanti kun hundinuu isin irraa argamanii, baaya'achaa yoo adeeman, Gooftaa keenya Yesus Kiristoosin beekuutti warra dhimma baasan warra ija godhatanis in taatu.*

86 Amma Pheexiroos, akkamitti gara kanaa ga'uu akka dandeenyu, tarreeffama isaa nuuf kaa'eera.

87 Amma waan tokko isinitti haa himu, sana, guutummaatti namoonni gaarummaa, beekumsa, ogummaa, obsaa, fi kkf, kan qaban Kiristaana ta'uu isaanii illee hin dubbanne jiru. Amma nuti qofa . . . mana barumsaa Dilbataa barsiisaa jirra. Dhugaa dha. Kiristaana utuu hin ta'in, kana irraa waan muraasa kan qaban namoonni tokko tokko jiru. Kana jechuun garuu . . . Sana qabu jechuu miti. Akka simbirroo gurraacha baallee piikookii kochoo isaa keessa suuqee, piikookii isa gochuu yaaluu ti. Qofa of salphisa. Simbirroo gurraacha ta'uu isaaf wayya ture. Argitanii? Kiristaana osoo hin ta'in isaan kana ta'uudhaaf namni yaalu, qofa inni nama karaa gadhiise dha.

88 Ija appilii godhachuuudhaaf muka harbuu dhama'u dha. Inni muka garuu, hin dandeenye, argitanii. Garuu inni ija appilii godhachuu hin danda'u.

89 Inni akka gaangee rifeensa hoolaa godhachuuf yaaluuti, osoo gaangee ta'ee jiruu gaangee rifeensa hoolaa, ykn, hoolaa ta'uuf yaalu dha. Argitanii, refeensa hoolaa godhachuu hin danda'u. Inni hin ta'uufi. Rifeensi hoolaa kennaa hoolaati malee, kan gaangee miti. Hoolaa fakkaachuu yaala, garuu inni gaangee dha. Argitanii? Akkasumas, "Kunoo, akka hoolaatti nyaachuu nan danda'a. Ani *kana* akka hoolaa gochuu nan danda'a," jedha. Isin yoo waan feetan gootan iyyuu, rifeensa hoolaa qabaachuuf hoolaa ta'uu qabdu.

90 Mee daqiiqaa tokkoof as irratti nan dhaaba. Hoolaan rifeensa hoolaa hin oomishu. Hoolaa waan ta'eef rifeensa qaba. Namoonni baay'een, "Kunoo, ani gaarii ta'uudhaaf nan jabaadha. *Kana* gochuuf nan jabaadha" jechuu yaalu. Homaa hin oomishinaa. Lakkii, hin dandeessan. Hoolaan rifeensa hin oomishu, hin gaafatamus, refeensa oomishuun irraa hin eegamu. Callistee rifeensa hoolaa biqilchiti, kana kan gootu garuu hoolaa waan taate qofaafi.

91 Isinis immoo akkasuma yeroo Kiristaana taatan, ija Hafuuraa qofa godhattu. Garuu isin isa hin—oomishtani. Isin itii faakkeessuu hin yaaltan. Isin fakkeessuudhaan . . . Waan ofii hin taane akka waan taatan hin godhina. Isin waan ta'uu qabdan qofa taatu, sana booda immoo inni kaan ofuma isaa dhufa. Namoonni tokko tokko, "Kunoo, ani isinitti himeera. Ani . . . Nama waldaati. Amma booda—sobuu nan dhaaba" yoo jedhan dhageessanii beektuu? Isin ammas waan hin taane oomishuu yaalaa jirtu, amma. Isiniif hin ta'u, yaaliin isin hin

barbaachisu, kunis—gaangeen rifeensa hoolaa—biqilchuudhaaf yaaluu gadi miti. Inni sana gochuu hin danda'u.

92 Ykn, ruumichi tokko gugee wajjin nyaachuu yaaluu, ruumicha tokko—gugee ta'uu yaaluu dha. Abbaa koddaa baallee xiqqoo ofitti sussuuqee, "Na argitanii, ani gugee dha," yoo jedhu, mee yaadaa, "Argituu, ani egaa nan fakkaadha . . . " yoo jedhu, argitanii? Bifa isaan ala ta'a. Kana jechuun—osoo hin ta'in ani akkasidha jedhee nama dubbatu jechuudha. Argitanii, isiniif hin ta'u.

93 Akkas jechuun hin dandeessani, "Amma ilaalaa, akkuma qajeelummaa qabaadhaa jedhu, anis qajeelaan ta'a. Waaqayyoon fakkaadhaa jiraaadhaa akkuma jedhame, isa nan qabaadha." Maaliif, baalleewwan sussuuqqachuuf yaalaa jirtu. Gochuun isaa salphaa dha, garuu baallee simbirroo tokko simbirroo biraatti kaa'uun hin danda'amu. Hubattanii? Inni hin hojjetu. Simbirroo baay'ee fakkeessituu ta'uu ishee qofa mul'isa. Argitanii? Abbaa koddaa dulloome, baallee gugee lama suuqqatee, "Na laalaa, na ilaaltanii, ani gugee dha" yoo jedhu mee yaadaa? Argitanii? Maaliif, abbaa koddaa ta'uu isaa hundi keenya beekna. Argitanii? Argitanii? Akkasuma. Abbaa koddaa ta'uu isaa ni beekna.

94 Kunoo, waan amma jiru, Kiristaanummaa—oomishuu yaaluu dha. Isa gochuu hin dandeessani. Wanti isin jalqaba gochuu qabdan, lammata dhalachuu dha. Jijjiiramuun isin irra jira. Argitanii? Yeroo jijjiiramtan immoo, uumama haaraa taatu. Amma, sirriitti isiniif galaa jira. Argitanii? Amma waa'ee baalleewwanii dhiphachuun isin irra hin jiru, lammata—yeroo dhalattan, ofuma isaa guddata. Eeyyee, fira koo.

95 Akkuman yeroo hunda jedhu. Booyyee tokko—qabdanii, sirriitti dhiqxanii, takseler, ykn, suufii tooksidoo tokko, uffiftanii yoo isa gadhiiftan; inni fiigee dhaqee dhoqqee keessa gangalata. Ilaalaa, sababni isaa, inni booyyee dha. Homaa isa hin fayyadu. Amala isaa ti. Dhoqqee keessa gagalachuun amaluma isaati. Hunda dura amala isaa jijjiiruu qabdu, (inni) kaan ofuma isaa hojii isaa hojjeta.

96 Amma, hubadhaa. Lammata dhalachuu qabdu, sanas, jechuun jijjiiramuu qabdu. Jijjiiramni jiraachuu qaba.

97 Isinis, "Elaa, Obboleessa Biraanhaam, dubartii kana ani ishee nan beeka, maaliif, isheen nama baay'ee gaarii dha. Iseen dubartii gaarii dha. Ykn, namni *akkasii-fi-akkanaa*, nama gaarii dha. Inni gonkumaa homaa balleessee hin beeku. Nama tokkollee miidhee hin beeku." Kana jechuun wabii hin ta'u. Inni tokkummaa gaarii uumuu danda'a, garuu hamma lammata hin dhalannetti Kiristaana miti.

98 Yesus, "Namni lammata yoo dhalate malee" jedhe, Qulqulluu Yohaannis 3, sun, "inni Mootummaa Waaqayyoo

arguu hin danda'u." Amma, *arguu,* jechuun, "hubachuu" jechuu dha.

99 Isin waan tokko argitanii, "Anatti hin mul'anne," jettu. Anaaf hin galle jechuu keessani.

100 Namni umamaa maaliif namoonni akka iyyan hin hubatani. Namni umamaa namoonni akkamitti afaan isaanii jijjiiramee afaan haaraan akka dubbatan hubachuu hin danda'u. Namni uumamaa akkamitti ulfinni Waaqayyoo ija namaa irratti bu'u arguu hin danda'u, mul'atas akka arganuu fi namootaaf maal akka gudhu, dubbachuu akka danda'u; wantoota ta'uuf jiran, wanmtoota raawwachuuf jiran akka dubbatu hin beeku, keessumaa, asitti halkan edaa akkuma Gooftaan nuuf godhe. Argitanii? Argitanii? Sammuun—uumamaa qorachuuf dhama'a. "Tole, inni maal godhe? Ykn, inni soba akkamii fayyadamaa jira? Inni gowwomsaa akkamii qaba?" Nama afaan haaraa dubbatuu, fi nama hiiku yoo argan akkas jedhu turan. . . akkasumas miseensa Qaamaa murtaa'e tokkotti waan isaan hojjetanii, fi waan isaan gochuu hin qabne sirriitti himu. Argitanii? Argitanii? Waan gowwomsaa isaanitti fakkaata. "Isaan gidduutti wanti bikile tokko jira."

101 Namni sun hanga lammata dhalatutti isaan hubachuu hin danda'an. Yeroo lammata dhalatu garuu, uumama haaraa waan ta'eef, sarara tokkummaa keessa jira. Shakkiidhaan kan guute, yaada garaa lamaa amalli dulloomaa, du'eera. Amma, inni uumama haaraa dha. Kanaaf, hubadhaa, amma, kan ofii isaa irratti homaa waan dabaluu hin qabu, inni ofumaan waan dabalamu.

102 Hubadhaa, lammata dhalachuu qabdu. Yeroo lammata dhalattan, amantii osoo hin qabaatin lammata dhalachuu hin dandeessan. Sun sirrii dha. Kanaaf, akkama gabatee irratti, argitan, amantiin bu'uura hundaa ta'uu isaa, kaa'eera. "Amantii malee Waaqayyoon gammachiisuun hin danda'amu. Inni gara Waaqayyoo dhufu Isa akka ta'e amanuu qaba, warra cimanii barbaadaniif Badhaasa akka ta'e Isa amanuu qaba." Argitanii? Ta'uu qaba. Yeroo Macaafa Qulqulluu shakkitan, yeroo Sagalichi sirrii ta'uu isaa shakkitan, jalqaba hanga amantii qabaattanitti duubatti deebitanii turuu dandeessu.

103 Cubbuun maali? Amanuu dhabuu dha. Wantoonni dhala namaa to'atan lama qofa. Shakkii ykn amantii, lamaan keessa tokko. Isaan keessaa jireenya keessan kan dhaalu tokkoon ni guutamtu. Amantii hangamii qabdu, hangam diriirfachuu dandeessuun ni murteessa.

104 Hunda dura, garuu, amantiin jiraachuu qaba. Mee bu'uura irratti yeroo muraasa haa fudhannu. Amma, amantiin dirqama waan amanamu dha. Amantiin. . . "Amantiin waan abdii godhannu irra kan nu dhaabachiisu dha." Innis, wantoonni amantiidhaan waan mul'ataniif, amantii yoo qabaattan bira

geessaniittu jechuu dha. "Amantiin waan abdii godhannu irra kan nu dhaabachiisu dha," Ibroota 11, ilaalaa, "ragaa dha." Inni maali? Ragaa akkamii? Ragaa qulqulluu.

105 Kanaaf, isin, "Obboleessa Biraanhaam, Waaqayyo Fayyisaa ta'uu isaa nan amana" yeroo jettan. Tole, isin yoo sana amantan, akka Fayyisaa keessaniitti Isa fudhadhaa. osoo hin sobin, garafamuu madaa Isaan akka fayyitan yoo fudhattan, humni isin dura dhaabbachuu danda'u hin jiru. Inni waan bu'uureffame dha. Amma abdii qabaachuu dandeessu, *kana* shakkuu fi *sana* shakkuun abdii qofa qabaachuu dandeessu. Garuu amantii yoo qabaattan, ragaa waan ta'eef, beekumsa isaa ni qabaattu. Bira geessaniittu. Ani . . .

106 Oraal Roobartis ganama, yoo lallabu, namni dhaga'e jiraa, mee yoo jiraattan, lallaba Oraal Roobaartis namoonni dhageessan yoo jiraattan? Yeroo inni—waan tokko dubbatu isa dhaga'eera, ykn amantiin bilisa ba'uun akka taasifamu, kadhannaa amantiin bilisa ba'uu, akka kadhatamu dhaga'eera. Akkas jedhe, "Raadiyoo tuquun qunnamaa, waan tokko tuquun qunnamaa tartiibaan, akka fayyitan . . . " Namichi akkas kan gochaa tureef, namoonni waan tokko tuquun isaanii akka isaanitti dhaga'amu gochuufi. Waan tokko, "Inni raadiyoo koo tuqi waan naan jedheef, amma naaf ta'eera. Ani nan fayye," jettu. Argitanii? Amma, sun sirrii dha. Garuu, amma, amantii sirriin dhugaa ta'e wantoota tokkollee tuquu hin qabu. Amma, Obboleessa Oraaliin balaaleffachuu koo miti, tasumaa. Inni hojii guddaa hojjechaa jira, nama waaqayyooti, ani—Oraal Roobaartis baay'een yaada. Namoonni akka isaa osoo nuuf baay'atanii jedha.

107 Wantin jechuu barbaade, waan—biraa, amantiin hin barbaadu. Argitanii? Amantiin Sagalee Waaqayyoo amanuu qofa dha. Amantiin kan dhufu "tuquudhaani"? Lakki. "Amantiin kan dhufu dhaga'uudhaani, dhaga'uunis Sagalee Waaqayyoo irraati." Kun isa jabeessa. Inni achitti dha. Argitanii? Amantiin immoo, akkuma jedhame, daangaa hin qabu. Amantiin ammaa. Amantiin kunoo ti. Amma yoo namni tokko jiraate . . .

108 Daa'imni xiqqoon, guyyaa tokko. Obboleettii Kiid haati isaan dubbisan waa'ee daa'ima xiqqoo, mar'immaan garaadhaa alatti ba'ee sun, nyaata kan dabarsu, reektamii daa'ima cufamaa haadha deesse dha. Amma, dubartiin kun, Obboleettiin Kiid fi isaan yoo dhugaa ba'an dhageessee, daa'ima sanaaf akkan kadhadhu, nu quunnamuuf amante. Amma, argitanii, Waaqayyo namoota nuuf kenneera . . .

109 Gariin keenya Waaqayyo wajjin muuxannoo qabna, kanaaf—dhugaatti Waaqayyo akka as dhufaa jiruutti, akka, Obboleessa keenya Neevil ykn nama beektan sana wajjin haasa'uutti. Yeroo tokko tokko namoonni akkanaa akka nuuf kadhatan isaan

gaafanna. Gochuus kan qabnu kanuma. Amantii yoo qabaanne, obboleessi ykn obboleetiin essa illee ta'anii yoo nuu kadhatan, Waaqayyo wajjin haasa'u, amantiin keenyas wal qabateera. Walitti hidhameera. Mirkanaa'eeras.

110 Asitti. Namni Roomaa tokko Yesusiin wal arguuf gadi ba'e. Inni akkas jedhe, "Ati—baaxii mana koo jala dhufuun anaaf hin malu. Anaaf—hin malu. Ani—kanaaf ga'aa miti. Of—ga'aa hin goone . . . Akkan ga'aa ta'etti—of hin lakkaa'u. Garuu," jedhe, "ilmi koo baay'ee dhukkubsatee jira. Ati Sagalee qofa dubbadhu, argitanii, ilmi koos in fayya."

111 Inni maal ture? Fageenyi garaagarummaa hin fidu. Argitanii? Sababni isaa, Waaqayyo bakka hunda jira. Waaqayyo waan hunda danda'a. Waaqayyo hunda danda'a, bakka hunda jira. Waaqayyo, waan hundumaan yoo ta'e, Waaqayyoo iddoo hundatti, argama. Argitanii? Waaqayyo amma akkuma as jiru, battalumatti, Siwiizarlaanditti, Jarmanitti, Afrikaattis Inni guddaa dha. Oo! Akkuma kana.

112 Kanaaf inni amma, "Ati baaxii manaa koo dhufuun anaaf hin malu. Sagalee qofa dubbadhu" jedhe. Inni maal ture? Inni amantii nama Roomaa tokkoo ture. Inni isa amane.

Yesus immoo, "Nagaan dhaqi. Ilmi kee ni jiraata" jedhe.

113 Sana booda, imala guyyoota-lamaa deeme. Guyyaa itti aanu immoo, 'yoo mana ga'u, tajaajiltoota murasa wajjin wal arge. Isaanis, "Ilmi kee jireenyaan jira" jedhaniin.

114 Namichi Roomaa sun baay'ee gammade, hamma inni akkas jedhutti, "Guyyaa sa'aatii meeqatti fooyya'uu jalqabe? Kutaa guyyaa keessaa isa kami?"

Innis, "Gara sa'aatii kudha tokkootti, fooyya'uu jalqabe" jedhe.

115 Yesus, "Ilmi kee ni jiraata" jedhee yeroo itti dubbate akka ta'e namichi Roomaan sun beeke, innis amanee ture. Ameen.

116 Waan hunda kan danda'u, bakka hunda kan jiru, waa hunda kan beeku, kan dhuma hin qabne, Waaqayyo dha. Kanaaf, yeroo bilbila bilbilanii akkas naan jedhan, "Kadhadhu!" Kadhannaan sun! Amantiin keessanis Waaqayyoon fida. Kadhannaa fi Waaqayyoon, akka walitti fudu, wanti godhe sana dha. Kadhannaan! Amantiin *asii* irraa *achi* sochoosa. Inni gara tokkotti fida.

117 "Sagalee qofa dubbadhu. Wanti ani Sirraa barbaadu Sagalee qofa akka dubbattu, wanti hundinuus sirrii ta'a." Argitanii, Inni achitti argamuu hin barbaachisu. "Sagalee qofa dubbadhu." Maalif? Waaqayyo bakka hunda jira. Inni hunda-danda'a. Addunyaa gaditti isaa olittis Inni guddaa dha, ykn Inni gama lamaaniinuu guddaa qaba. Inni Waaqayyoo dha. Innis, "Wanti Ati gochuu qabdu immoo Sagalee dubbachuu qofa" jedhe.

118 Ammas, waan hafe, amantiitu hojjeta. Amantiin kan hafe ni hojjeta. Kanaaf amantii bu'uura godhadhaa. Kiristaanummaan guutummaatti, isin dabalatee, waan taatan hundaa, amantii Sagalee irratti qabdan irratti hundaa'a. Sababan Sagalicha amanu kanaafi. Argitanii?

119 Amantii koo waan biraa eenyu irra illee kaa'uu hin danda'u. Waldaa irra nan kaa'a yoon jedhe, waldaa kam irran kaa'a: Kaatolikii, Lutaraanii, Meetodistii, Baaptisitii, Peenxeeqoosxeedhaa? Ani eessa irran kaa'a? Ani hin beeku. Hundi isaanii ol utaaluu fi waan biraa hunda, karaan isaanii jajallaa, fi waan biraa hunda.

120 Garuu amantii koo Sagalee Isaa irra yeroon kaa'u, kan jabaate ta'a. Namni Isa hiiku hin jiru. Kunoo Inni, GOOFTAAN AKKAS JEDHA qofa. Sana booda ani Isan amana. Bu'uurri achi dha.

121 Doktarri gaariin as magaala keessa kan jiraatu, hiriyyaa koo, Doktar Saam Adeeyir. Ijoollummaa irraa kaafnee hiriyaa turre. Hundi keessan Saamiin ni beektu. Innis, akkas naan jedhe, "Biil . . ." Mul'anni sun erga dhufee booda, iddoo kamitti akka ijaaramuu, fi akkam akka fakkaatun itti hime. Dhugaa ta'uu isaa mirkaneeffachuu yoo barbaaddan, dhaqxanii isa gaafachuu dandeessu. Eessatti akka ta'u, waggaa lama ykn sadii dura itti himeera. "Bilookii magaalaa tokko kan ta'u ni fudhatta," jedheen ture. Bakka deebisanii dhaabuu sanaan alatti, akkuma jedhametti isaa fi isa sana gidduu wanti biraa hin jiru. Doktar Adeeyir gurgurtaa qorichaa wajjin, hundumaa fudhateera. Sun kanuma. Doktar Adeeyir mul'ata sana, sirriitti guuteera. Waa'ee iddoo sanaa, yoo dubbatu, "Inni waggaa digdamii-shanitti illee hin xumuramu. Mana murtiidhaan qabameera" naan jedhe.

122 Anis, "Doktar, sababa gadi of qabuu keen, Gooftaan isa siif kenna" jedheen.

Innis, "Ani nama gaarii miti" jedhe.

123 Ani immoo, "Ati kocaa dha. Ati alaan qola cimaa qabda, hiriyoota kee kan ittiin ilaaltu dhagaan sirra jira, garuu keessi kee nama sirrii ta'e dha. Qola kee sana keessaa ba'i." "Waaqayyo isa siif kenna," jedheeni.

124 Innis, "Biilii, ani si shakkee hin beeku, garuu sana si shakkuun qaba" naan jedhe.

Anis, "Gara waajjira kee deemi" jedheeni. Innis battaluma sana ba'e.

125 Borumtaa isaa ganama, bilbilee, akkas naan jedhe, "Hanga du'aatti natti qorraa jira."

126 Naannoo ji'a Adoolessaa ture. Anis, "Rakkoon maali?" Akkas jedheen gaafadhe, "Maaltu ta'e, Dok?"

127 Innis, “Bakka sana dursee bitadheera, Biilii. Isaan halkan edaa Boostonitti walgahii qabu turan, ganama kana immoo bakka sana bitadheera” jedhe.

Akkasin jedheen, “Ani sitti himeera.”

128 Guyyaa tokko achi gadi bu’ee, isa wajjin haasa’aa osoon jiruu, qawween fuula kootti dho’e. Innis, “Ani akkuma sana, namoota kuma tokkotti himeera jedheen tilmaama” naan jedhe. Inni maali dha? Yeroo Waaqayyo, waan tokko dubbatu, raawwatamuun isaa hin oolu.

129 Kaleessa galgala hiriyyoonni tokko tokko dhufani. Isaan waa’ee kaaribuu gaanfa iinchii-afurtamii-lama qabuu fi albaadhessa giriizilii fiixeen-meetii qabu, mul’ata himamee sana dhaga’anii dhufani. Namoonni meeqa akka mana koo dhufan hin beeku, baay’een isaanii arguu barbaadu. Anis, “Safartuun funyoo kunoo ti. Gaafa safaraa” jedheen. Osoo inni hin ta’iin dura dhaga’ee ture. Argitanii? Maalif? Waaqayyo dubbannaan, raachuun isaa hin hafu. Hundee qaba, sababni isaa kanuma.

130 Amma, karoorri fayyinaa *kunoo* ti. Sana booda mul’anni Isaa guutummaatti yoo raawwate, karaa jedhame yoo raawwatu, waldittiin dhugaa akka ta’e ni beekti, Sagalee Isaa hoo? Argitanii? Sagaleen mul’ata caalaa kan mirkanaa’e dha. Mul’anni sun Sagaleedhaan yoo walii hin galle, mul’anni sun dogoggora. Garuu Sagaleen, jalqaba, sababni isaa Sagaleen Waaqayyo dha. Argitanii? Kanaaf, Inni bakka hundatti argama. Mul’anni asitti dubbatame, Kanaadaatti raawwatame. Ameen. Argitanii, Inni bakka hundatti argama. Tole.

131 Jalqaba, lammata dhalachuu qabdu. Yeroo lammata dhalattan, amantii ni qabaattu; Sagalee isaa ni amantu. Hanga deebitanii hin dhalattanitti, isin Isa faallessitanii mormitu. Dhaabbata amantii yoo taata, waanan hojjedhu hundi—sirriidha—kan jedhu—beekumsa namaa qabdu yoo ta’e, isin gonkumaa Sagalee Waaqayyoo irratti walii galuu hin dandeessan. Gonkumaa hin dandeessan. Lammata dhalachuu qabdu. Akkasuma, lammata dhalachuun, amantii uuma. Tole. Kana booda, erga amantii argattanii booda, *asitti* amantii, a-m-a-n-tii, amantii, yoo qabaattan yeroo sana karaa guddinaa keessa jirtu.

132 Amma, namoonni baay’een gara iddoo aarsaatti ol ba’anii, ni kadhatu, “Gooftaa, dhiifama naa godhi,” jedhu. Kana irraan kan ka’e qulqullummaa guddaanii, fi muuxannoon wantoota biroo isaan irratti eegala. Kanaaf gara aarsaatti dhiyaattanii, itti iyyitan, yeroo gaarii qabaattu. Dhuftanii, “Waaqayyoon haa galaatu, amma argadheera,” jettu. Lakki, amma bakka itti guddachuu dandeessanitti galuu eegaltaniittu. Isin ammayyuu homaa hin hojjenne. Argitanii? Wanti isin gootan bu’uura qofa keessani.

133 Amma isin mana ijaaruuf deemtu, bu'uuras naqxanii, akkas jettu, "Gurbaa, ani ishee argadheera." Argitanii? Isin bu'uura mana keessan irratti ijaartan qofa argattan. Amma mana ijaaruu qabdu.

134 Har'a ganamaan wanti guddaan kan eegalu, isa kanaani, amma waa'ee isaa haasofna. Tole. Mana yoo yaannu, inni duraa bu'uurra. Bu'uurri Kiristaanummaa maali? Sagalee Waaqayyoo irratti amantii qabnu dha. Bu'uurri keessan kanuma. Achii eegaltanii guddattu. Sana booda, bu'uura kana irratti dabaluu eegaltu.

135 Manni yoo ijaaramu, hunda dura, kolonii fi waan barbaachisu hunda dhaabbattu. Obboleessi Wuud, hojjettoonni mukaa fi kontiraaktaroonni as jirtan akkatti mana ijaartan nutti himuu dandeessu. Argitanii? Garuu akkamitti mana hafuuraa keessan, bakka Waaqayyo jiraachuu danda'u itti ijaartan isinitti himuufan jira. Inni isin keessa jiraachuu barbaada. Inni akka Isaa isin gochuu barbaada. Eenyummaa Isaa, akka calaqqiftan, ykn, akka calaqqeessitan barbaada.

136 Bara durii yeroo warqee hojjetan, isin beektuu, osoo warqee gubuuf meeshaa baqsituu hin qabaatin dura, warqee rurukutanii, dhoqqee reebanii baasu, sibiilaa fi sibiila diimaa waan akkasii, baasu, garagalchaniis rukutu, garagalchanii isa reebu, sirriitti rukutu. Hindoonni hanga har'aatti, warqee reebu, isa rurukutu. Dhoqqee sibiilaa, sibiillii fi sibiilli diimaa, wanta hin barbaachifne hunda baasuu akkamitti akka isaan beekan beektuu? Yeroo inni rukuchaa ture calaqqisa ofii isaa, akka daawwitiitti, warqee keessatti calaqqisee of argu. Hanga inni qulqulluu fi ifa ta'ee isa reebu sana calaqqeessutti ture.

137 Waaqayyo akkasitti hojjeta. Inni warqee lafa keessatti argate sana Inni fudhatee deemee, Innis immoo isa ni dha'a, Hafuura Qulqulluudhaan, gagaragalcha, irra deebi'ee, irra deebi'ee, isa rukuchaa hanga (Inni fudhatee) Inni calaqqee Isaa arguu danda'a. [Obboleessi Biraanhaam baay'ee daddabalee harka isaa rukute—Gulaalaa.]

138 Ilmi Waaqayyoo keessa keenyatti hanga mul'atutti, kan gochuu qabnu kana. Sana booda hojii Isaa hojjechuu dandeenya. Inni akkuma jedhe, "Kan Anatti amanu. . ." Qulqulluu Yohaannis 14:7, "Namni Anatti amanu, hojii Ani hojjedhu innis immoo ni hojjeta." Hojii Kiristoos calaqqisiisuuf isin eegalaa jirtu.

139 Garuu baay'een keenya osoo calaqqeen Kiristoos nu keessa hin jiraatin hojii Kiristoos hojjechuu yaalla. Amma rakkoon isaa as irratti. Wanti kun yoo raawwatamu argineerra. Isin beektu. Anis nan beeka. Karaa irratti gufuuwwan akkanaa nu quunnamu. Balfi tajaajiltootaa Kiristaanotaa, karaa irratti tuulamee argina, sababiin isaas, adeemsa sirrii waan hin deemneefi.

140 Kanaafidha har'a ganama as kanan dhufe, waldaa xiqqoo kana barsiisuu, fi ofii koos, akkamitti bakka jireenya Waaqayyoo isa jiraataa ta'uu akka dandeenyu. Meeqatu sana ta'uu barbaada? Iddoo jireenyaa Waaqayyo isa jiraataa!

141 Amma wanti hojjennu kunoo ti. Wanti jalqabaa maali? Amantii qabaachuu fi lammata dhalachuu. Sun bu'uura kaa'uu dha.

142 Sana booda, erga bu'uura kaa'annee booda, isa lammaffaa bu'uura keessan irratti dabaltu. "Amantii keessan irratti dabalaa," Phexros asitti akkas jedhe. Ofitti dabalaa. . . Dura amantii, amantii keessan irratti gaarummaa dabaltu. Kun tarree isa itti aanu dha. Dura, bu'uura kaawwadhaa, amantii. Achii, amantii irratti, gaarummaa dabalaa.

143 Amma, baay'een keenya as irratti kufna. Eeyyee, fira koo. Eeyyee. "Amantii irratti gaarummaa dabali." Kana jechuun, akka jireenya durbaa ykn akka dhiiraa, fi kkf, qarree ykn qeerroo ta'anii jiraachuu jechuu miti. Sun kanaan waan wal qabatu hin qabu.

144 Macaafni Qulqulluu, as Macaafa Luqaas keessaa dubbifna, Innis akkas jedhe, "Gaarummaan Isa keessaa ba'e." Sirrii dhaa? Egaa, yoo Isa fakkaanna ta'e, garraamummaa qabaachuu qabna. Isa fakkaachuuf, isa qabaachuu qabna. Jalqaba irratti, faarfanna gurguddoo keessaa tokko, faarfannaa hunda caala—jaalladhe, sun, *Akka Yesus Ta'uu* kan jedhu dha. Tole, akka Yesus ta'uufan deema yoo ta'e, gaarrummaa qabaachuun qaba, ana irra darbees namootaaf kan ta'u gaarummaa qabaachuun qaba. Sababni isaas, "Gaarummaan Isa keessaa ba'ee gara namootaa dhufeera." Gaarummaa! Osoo isin keessaa ba'uu hin eegalin dura, isin keessa jiraachuu qaba. Yoo hin qabdan ta'e, hin ba'u. Wanti isa keessaa ba'u hin jiru.

145 Namni tokko gaarummaa nu keessaa barbaadee, cheekiin keenya garuu "maallaqni keessan ga'aa miti" yoo jedhewoo? Argitanii? Lakki, lakki, homtuu nu irraa hin argamu, cheekiin keenya duwwaadha. Namni tokko akka Kiristaanaatti isin lakkaa'ee, guyyaa itti aanu cubbuu wajjin waliigaltanii yoo isin arge, gaarummaa isin irraa waraabbachuu hin danda'u. Argitanii? Sirrii dha.

146 Gaarummaan nu keessa jiraachuu qaba. Hanga gaarummaa argannutti. . . Gaarummaa dhugaa yeroo argannu, amantii keenyatti dabaluu dandeenya. Sun keenyan bu'uuraa itti aanuu dha. Jalqaba, amantii qabaachuu qabdu. Amantii qofti hin hojjetu. Pheexiroos. . . akkas jedhe, "Amantii keessan irratti gaarummaa dabalaa." Amantii keessan irratti dabaluuf, gaarummaa qabaachuu qabdu.

147 Amma, sana booda, tarii, sababni ati gaarummaa hin qabaanneef, waldoonni kiristaanaa baay'een har'a homtuu hin barbaachisu, ykn barri isaa kan irra darbe jedhanii barsiisu.

“Homaa isaan hin fayyadu. Callistee miseensa waldaa yoo taate hin ga’a. Eeyyee, barri isaa darbeera.”

148 Gaarummaa, namni kamuu jecha gaarummaa jedhu hiika isaa ni beeka, argitanii, nutis isa qabaachuu qabna. Dubartii dhukkubsattee turte fayyisuuf, yoo gaarummaan Isa biraa dhaqe, Inni fakkeenya keenya waan tureef, Waldaa Isaa keessatti gaarummaa wal fakkaatu eegaa jira. Gaarummaa Inni namootaaf kennuu yoo qabaate, Inni gaarummaa namaaf kenninu akka qabaannu nu irraa eega. Akkasuma gaarummaa jechuun maali? Gaarummaan cimina, humna dha.

149 Namoonni tokko tokko humna Waaqayyoottillee hin amanan. Isaan akkas jedhu, “Sun—barri—isaa darbeera. Wanti gochuu qabdan maqaa keessan kitaabicha irratti galmeessiffachuu, ykn bashaaniin facaafachuu, ykn dhiqachuu, ykn cuuphamuu, kkf. Isin kanuma qofa gochuu qabdu.”

150 Pheexiroos garuu asitti akkas jedhe, “Gaarummaa dabalaa.” Amma, Pheexiroos kan dubbachaa jiru ijaaramuu Mana Waaqayyooti, argitanii, Mana Qulqullummaa Waaqayyoo, iddoo tokko dhaabuufi. Gaarummaan boodas, dabaluu qabdu . . . Erga amantii qabaattanii booda, gaarummaa qabaachuu qabdu. Sun sirrii dha. Addunyaa hundaaf gaarummaa qabaadhaa.

151 Gara waggaa digdamaa lallaba tokkon lallabe, akkan tilmaamutti, Luba Obbo Liillii. Paastar, Liillii. Yesus akkas jedhee kutaa dubbate irraa fudhadhee, “Mee liiliiwwan, ilaalaa hin facaasani ykn hin haamani. Dhuguman isiniin jedha, Solomoon ulfina isaa hunda keessatti akka isaan kanaa hin bareenne.”

152 Mee ilaalaa liillii. Achi dhoqqee goda keessaa ba’ee guddata. Akkasuma yeroo hunda daqiiqaatti lafa keessaa xuuxa. Argitanii? Gaarummaa dhuge kanas inni maal godha? Inni miidhagina isaa agarsiisa. Inni nama dinqisiifatu ofitti hawwata. Kanniifni dhufee ga’eesaa akka sonu, dammaaf of bana. Isin akka qooddan, isiniif kennameera. Hin guunguminaa. Kanniifni ba’ee; maallaqni isin qabdan ga’aa miti, yoo jedhame woo? Kanniifni xiqqoon sun mataa isaa hooqqatee akkas jedha, “Sun liillii akkamii ti?”

153 Namni tokko yoo wajjin dhufee, fayyina argachuuf yoo yaaluu, barri dinqii darbeera jettee waldaa amantu bira yoo deeme woo?

154 Jaak Koo yeroo tokko akkuma jedhe. Mana nyaataa tokko seenee, fi meenuu nyaata baay’ee ibsu fuudhee; T-boon stiikootaa, fi kan biraa tarreen dubbise. “T-boon naa fidaa,” jedhaan.

“Tole, kun kaleessa ture. Har’a hin jiru jedhuun.”

155 Kana hundumaa irra meenuu isaanii gateeffii ba’uu wayya, ilaalaa, sun sirrii dha, ’sababni isaa duruma iyyuu, waan

nyaatamu hin qaban. Kanaafuu bakka wanti nyaatamu jiru reestooraantii dhaquu wayya.

156 Namni hafuuraas ni guddata, waan inni nyaatu isa barbaachisa. Sagaleen Waaqayyoos kanuma. Ani Jecha Isaa hunda nan amana.

> Waaqayyo qulqulloota Waaqayyoof maaddii diriiraa bakkatti nyaatan qaba,
> Inni saba Isaa filataman affeera, "Koottaa nyaadhaa jedha."
> Inni Mannaa Isaa nyaachisa, Inni waan nu barbaachisu nu kenna,
> Oo, yeroo hunda Yesus wajjin nyaachuun ni mi'aawaa!

157 Sun sirrii dha. Eeyyee, fira koo. Wanti hunduu Isaan jira. Beekumsa Kiristoosiin, ijaarsa nama guutuu mudaa hin qabneen kan ijaaramte, Waldaa Waaqayyo jiraataa keessas jira, Waldaanis Isa qabdi. Amma, gaarummaa qabaachuu qabda.

158 Isinittan hima, wanti isin jalqaba beekuu qabdan, namni urgooftuu urgeeffachuu jaallatu jira. Inni urgooftuu dibateera. Kanaaf inni ofittoo hin ta'u. Urgaayina isaa otoo hin hirin dura garuu, dibachuu qaba. Inni damma kennuun dura, qabaachuu qaba. Bareedina agarsiisuun dura, inni bareedina qabaachuu qaba.

159 Gaarummaa kennuu keessaniin dura, isa qabaachuu qabdu. Kanaafuu, amantii keessan irratti, gaarummaa dabalaa. Ameen. Isiniif galeeraa? Baay'ee jechuu dandeenya, yeroon garuu nu jalaa gabaabbata. Amantii keessan irratti gaarummaa dabaluu. Jalqaba, amantii, sana booda gaarummaa.

160 Achii booda, sadaffaarratti, beekumsa dabalaa. Beekumsa, yoo jennu, beekumsa biyya lafaa jechuu miti, 'sababni isaa inni Waaqayyoof gowwummaa dha; garuu immoo beekumsa faraduu nama dandeessisu, faraduun (maali?) dogoggora dhugaa irraa. Yoo beekkumsa Kiristaanaa gaarummaa fi amantii keessan wajjin qabaattan, achii, isin akkamitti faraddu? Sagaleen sirrii ta'uu fi dogoggora ta'uu faraddu. Ibsa amantii keessanii, fi amantii dhabuu keessan hunda, hojii jettanii kan ittiin of jajjan hunda cinatti dhiisuun, yeroo sana Waaqayyo akka hin sobne isin ni beektu. "Mee dubbiin namaa hunduu soba haa ta'u, kan Koo garuu dhugaa haa ta'u." Argitanii? Amma beekumsa argachuu eegaltan. Sun beekumsa guutuu dha. Isa beekuuf, kolleejjii tokko keessatti digrii afur qabaachuun isin hin barbaachisu, ykn waan akkasii, sababni isaa gaarummaawwan kun hundi Waaqayyoon kan kennaman, bu'uura amantii keessanii irra akka kaa'ataniif, akka nama Waaqayyoo isa dhugaa, fi isa jiraataa ta'etti akka guutamtaniifi. Eeyyee, fira koo.

161 Dabalaa, beekumsa itti dabalaa, sababni isaa, beekumsa Sagalee Isaa. Isin haala kanaan isa amanuu qabdu. Jechuun har'a. . . baroonni dinqii sun, akka hin dabarre, amanuu fi isa fudhachuu qabdu. Beekkumsa Waaqayyo jedhe, Waaqayyo raawwachuu ni danda'aa.

162 Abrahaam sana amane. Umuriin isaas waggaa dhibba yeroo ta'e, inni amantii dhabuun abdii Waaqayyo kenne irratti hin raafamne. Mee ilaalaa Sagaleen sun hammam qoosaa akka fakkaatu. Kunoo namni, waggaa dhibba tokko, dubartii waggaa sagaltamaa irraa mana isaa keessatti, daa'imni akka dhalatu eegaa ture. Argitanii? Umurii dargaggummaa ishee irraa eegalee ykn, umurii kudhan—keessa kaasee ishee wajji jiraateera, naannoo waggaa shantama obse. Kunoo amma, dhangala'aan jireenya isaa du'eera. Gadameessi Saaraas du'eera. Abdii inni qaba ture, abdiin hundinuu dhumeera. Garuu, ammas, faallaa abdii, inni abdiitti amane, sababni isaas Waaqayyo Inni waan abdachiise hundumaa raawwachuu akka danda'u beekumsa qaba ture.

163 Kanaaf, akkas ta'uu isaa yeroo beektan, egaa amantii keessan irratti dabalaa. Yeroo gaarummaa dhugaa argattan, amantii keessan irratti dabalaa. Yeroo bakkee irra deemtan, akka jireenya Kiristaanaatti jiraadhaa, akka Kiristaanaatti hojjedhaa, Kiristaana ta'aa, kana hunda amantii keessan irratti dabalaa. Yeroo beekumsa argattan. . .

164 Isin akkas jettu, "Tole, amma Caaffanni Qulqullaa'aan *kun* sirrii ta'uu fi dhiisuu isaa hin beeku. Fakkeenyaaf Hojii Ergamootaa 2:38, akkamitti Hojii Ergamootaa 28:19, wajjin akka deemu hin beeku." Tole. Osoo hin hubatin—hin dabalinaa, 'sababni isaa isin Isa hin beekne. Argitanii? Egaa maal gochuu qabdu? Sababni isaas, waa'ee Waaqayyoo beekuuf beekumsa ga'aa hin qabdani, ammas, Macaafni Qulqulluun ofii Isaa hin faallessu. Isa dhiisaa. Waa'ee isaa kana caala hin dubbatinaa. Argitanii? Isa dhiisaa.

165 Garuu Caaffanni Qulqullaa'aan akka wal hin faallessine yeroo hubattan, akkas jechuu dandeessu; akkasuma, mul'ata Waaqayyootiin, Sagalee guutuu iccitiin keessatti barreeffame, arguu dandeessu, beekumsa Waaqayyoo qofatu Isa mul'isuu danda'a; yeroo beektanii dubbachuus eeggaltan, Sagalee Waaqayyoo hunda seera tuqaa "ameeniin" cufuu yoo eegaltan, achii amantii keessan irratti dabalaa.

166 Oo, yeroo kana nama guutuu baay'ee bareedu taatu. Argitanii? Isin guddachaa jirtu, ilaalaa. Maaliin? Amantiidhaan, gaarummaadhaan, beekumsa wajjin. Namni kun akkamitti akka ijaaraa jiru argitanii? Karaan miliquu danda'an akka hin jirre—arguu dandeessu. Karaa Kiristoos nama guutuu keessa ta'uun karaa dha. Eeyyee, fira koo.

167 Yeroo faraddan, sirrii faradaa. Sagalee Waaqayyoo amanuuf, sirrii ta'uu fi dogoggora ta'uu isaa faradaa. Sirrii fi dogoggora, ibsa amantii tokko tajaajiluu ykn Waaqayyoon tajaajiluu akkan qabu faradaa. Sirrii fi dogoggora ta'uu, lammata dhalachuu ykn miseensa waldaa ta'ee jiraachuun qaba faradaa. Sana booda eegalaa jirtu. Lallabaan, "Barri dinqii darbeera" yoo jedhu, firdii sirrii faradaa. Macaafni Qulqulluu, "Yesus Kiristoos kaleessa, har'a, bara baranis isuma" jedhe. Amma isa kam amanuuf jirta?

168 Isin, "Waaqayyoo nan fudhadha" yeroo jettan. Amma, isin jecha qofaaf hin taane, garaa keessan irraa qofa, "Tole, ani—isa nan fudhadha" jettu. Garuu, waan isin keessa jiru, amantiin keessan achitti isin dhiiba. Kanuma. Amantiin keessan, "Inni sanuma ta'uu isaa nan beeka. Ameen. Sanuma ta'uu Isaa dhugaa nan ba'a. Wanti isa narraa fudhachuu danda'u hin jiru. Inni dhugaa ta'uu Isaa nan beeka" jedha. Ameen. Kana hunda amantii keessan irratti dabalaa. Bu'uura irratti dabalaa. Amma guddachuu eegaltaniittu, gara Mootummaattii guddachaa jirtu. Amma sadarkaa tokko ol baatu. Tole.

169 Amma, wanta biraa, lallabaan, ykn namoonni baay'een akkas jedhu, "Dhaga'i . . . Ati Macaafa Qulqulluu keessaa kan dubbiftu sun, guyyaa biraaf kan barreeffame. Amma, sababa isaa isinittan hima. Har'a, wantoota sana waan nu hin barbaachifneefi. Nu hin barbaachisu. Siif galee? Ta'uu hin qabu. Fayyina Waaqummaa, wantoota sana shaakaluu hin qabnu. Waldaa keenyaa—seera qabsiisuuf, waldaa keessatti, afaan haaraa dubbachuu hin barbaachisu. Nutis *kana* hin goonu."

170 Gara sanaatti nan dhufa. Waa'ee sanaa Caaffata Qulqullaa'aa ani qopheesseen jira, tole, amma, isa fayyadamuu qabna moo hin qabnu ni ilaalla.

171 Garuu inni kan jedhe, "Ani hin beeku. Har'a sana gochuu hin qabnu. Gochuu akka qabnu wanti natti dhaga'amu, saba duratti sirnaan dubbachuu barachuu qabna. Saayikaatiristii bira deemnee sammuu keenya qorachiisuun, of dhiyeessuu danda'uu fi dhiisuu keenya of haa sakattaanu, tarii kana hojjechuuf IQ ga'aa, qabna—moo hin qabnu kkf ni ilaalla. Ani akkan yaaduitti . . . Gumii guddaan kan keenya. Nuti dhaabbata keenya dhaabbaneerra."

172 Nuti dhaabbata ijaaraa hin jirru. Ani ganama kana dhaabbata ijaaruuf as hin dhufne. Kiristoos jaarmiyaa akkan ijaaruuf na ergee hin beeku. Kiristoos namoota dhuunfaa gara guutummaa Yesus Kiristoositti akkan ijaaruuf na erge, sun Sagalee Isaan, akka isaan mana humnaa fi iddoo jireenyaa hafuuraa akka ta'aniifi. Sagalee Isaatiin, argitanii, nama dhuunfaa gara iddoo sanaatti ijaaraa. Dhaabbata gara dhaabbata guddaatti ijaaruu osoo hin taane, nama dhuunfaa gara ilmaan fi ijoollee durbaa Waaqayyootti ijaaruu dha. Yaadni

jiru kanuma. Argitanii? Amantii keessan irratti, gaarummaa dabalaa; gaarummaa keessan irratti, beekumsa dabalaa. Tole, isin bakka tokkotti guddachaa jirtu.

173 Yoo akkas jechuu eegalan, "Tole, nuti har'a sana hin fudhannu. . . " Isin garuu fudhachuu qabdu. Inni dirqama.

174 Caaffanni Qulqullaa'aan sobuu hin danda'u. "Innis hiikkaa dhuunfaa miti," Macaafni Qulqulluun jedheera. Isin akkaataa Inni Achitti barreeffametti qofa Isa amanaa. Argitanii? Isin wantoota kana qabaachuu qabdu. Karaan isin yoomiyyuu qabaachuu dandeessan immoo, beekumsa Waaqa-irraa dhalate qabaachuu qofaan. Beekumsi Waaqa-irraa dhalate immoo Sagalicha ni mirkaneessa. Argitanii?

175 Amanaa-fakkeessaa osoo hin taane, amantoota ta'uu qabdu. Isin yoo, "Bira ga'eera" jechuu barbaaddan, amantii-fakkeessitota miti, argitanii. Baallee piikookii ofitti sussuuqqachaa kan yaalan simbirroota gurraacha hin ta'inaa, argitanii, battalumatti 'sababa kukkufaniifi. Kan suuqamani dha. Uumamaan kan biqilan miti.

176 Faarfannaa Daawit 1, jedheen yaada, "Inni akka muka isa bishaan yaa'aa qarqara dhaabamee ta'a" jedhee itti dubbate. Dhaabamuu fi kaa'amuun, ykn itti siqee taa'uu gidduu garaagarummaan akka jiru, beekuu qabdu. Dhaabbatee kan ture, asii gadi socho'aa jabeessee kan qabate, akka muka ook ni dhaabbata. Mukni dulloomaa xiqqoo cina isaatti suuqameera, carraan isaa maal ta'uuf akka jiru hin beekamu. Hundee hin qabu. Inni bu'uura hin qabu. Argitanii?

177 Sun akka namoonni tokko tokko seeminaarii ykn waan akkasii irraa dhufanii ti, argitanii. Akkas hin ta'inaa. . . "Tole, Doktara *akkasii-fi-akkana* kan tajaajilaaf na muude." Yoo jettan illee homaa hiika hin qabu.

178 Argitanii, argitanii, amantii keessaniin, Kiristoos isa keessatti isin uume. Hubattanii? Isin dhalachuun haarofamtaniitu. Erga dhalattanii booda, akka isin sana irratti dabaltan wantonni Inni isin irraa eegu kana. Isaan kan dabalaa itti fufaa. Amma tokko tokkoon isaan ilaalaa jirra.

179 Amma beekumsa kana irratti, kan ilaaluu qabnu, wanti biraa beekumsi Waaqayyoo jira. Argitanii? "Macaafni Qulqulluun guyyaa kanatti hiika Isaa dhabee jiraa?" Hubadhaa, namoonni baay'een, Macaafni Qulqulluun akkas jechuu barbaadee mitii, isiniin jedhu. Ani mucaa Waaqayyoo yoon ta'e, kan na'eegus Waaqayyo yoo ta'e, yeroon cubbuu hojjedhus, Inni na ifata. Inni akkaataa sanatti isin hojjeta, isin ijoolleen dhiiraa fi [Bakka duuwwaa teppii irratti—Gulaalaa.] durbaa. Yeroo isin ballessitan, Inni isin ifata. Waaqayyo isiniin hanga kana isiniif yaada erga ta'ee, erga Inni isin eegee fi erga isin sirreessee, hammam kana caalaa Inni Sagalee Isaa qaba, innis fakkeenya keessan ta'e, ofii Isaa ta'e!

*Sagalichi jalqaba waan hundumaa dura ture, Sagalichis Waaqayyo bira ture, Sagalichis Waaqayyo ture.*

*Akkasumas . . . nama foonii ta'ee, nu gidduus buufate, . . .*

180 Sagalichi mul'achuu Yesus Kiristoosi, Macaafni Qulqulluun, Kiristoos Sagalee Isaa keessatti mul'ata jedhe. Akkasumas yeroo seerota kana irra daddarbitan, Inni yoo kan isin eegu ta'e kanaaf Inni yoo isinitti murteessa, seera Isaa isa isinitti murteessu kana caala Inni hammam caalaatti hin eegu! Ameen.

181 Ana irraa deemi, gurbaa, waan sana natti hin himiinaa!

182 Ani beekumsa dhugaatti, Hafuura Qulqulluutti nan amana. Beekumsi Hafuura Qulqulluu yeroo hundumaa Sagalicha "ameen" jedhee cufa. Macaafa Qulqulluu keessatti, waan wal faallessu fakkaatee yommuu isin quunnamu, Akkasumatti kadhannaa keessa ta'aa, tasgabbaa'aatii qu'adhaa. Sana booda, Hafuurri Qulqulluun hojii isaa yoo hojjetu arguu jalqabdu. Yeroo muraasa booda walitti isiniif wal qabsiisee argitu, yeroo sana hubattu. Argitanii? Sun beekumsa.

183 Isaan keessaa gariin, "Tole, amma, Macaafni Qulqulluun Inni kaleessa, har'a bara baraanis isuma jedheera" jedhu.

184 Waldaanis, "Miira murtaa'e tokkon, Inni sanuma" jetti. Huh-uh! Huh-uh! Achitti, isin qaawwaa kan bal'iftani. Argitanii? Eeyyee, fira koo. Lakkii, fira koo. Inni sanuma. Eeyyee, firaa.

185 "Yesus Kiristoos kaleessa, har'a, bara baranis isuma." Garaagarummaan Isa keessa hin jiru, gonkumaa. Waanuma wal fakkataa hojjechaa, Inni Waldaa Isaa keessa jiraata. "Yeroo muraasa booda," akkuman yeroo muraasa dura caqase, "yeroo muraasa booda biyyi lafaa Na hin argitu, isin amma iyyuu Na argitu." Sababni isaa, Inni akkas jedhe, "Ani isin wajjin nan ta'a, isin keessa illee, hanga dhuma biyya lafaatti." Ammas, Inni, "Hojii Ani hojjedhu isinis immoo ni hojjettu" jedhe. Deebi'ees, Inni, "Ani muka Waynii dha. Isin damoota koo ti" jedhe. Dameen immoo Jireenya Waynii qofaan jiraata. Wanti Waynii keessa jiru kamiyyuu karaa damee dhufa. Ulfinni haa ta'u! Sana booda, "Kiristoos kaleessa, har'a, bara baraanis isuma." Jireenya Gooftaa Yesus Kiristoos nan horadha. Ameen.

186 Beekumsa; kan biyya lafaa miti (inni ni sababeeffata). Beekumsi biyya lafaa hundi sababa qaba. Argitanii? Garuu amantiin sababa hin qabu. Waaqayyo *akkana-akkana* hin ta'a jedhee wanti tokko akka raawwatu yeroo isinitti mul'isu, saayintistiin addunyaa irra jiru hundi, "Inni ni morma. Inni hin ta'uu isiniin jedha." Isin akkasumatti, amantu. Argitanii? Eeyyee, fira koo. Inni sababa hin qabu. Macaafni Qulqulluun, "Nuti sababa baasnee" jedhe. Amantiin sabbaa hin qabu. Amantiin sababa hin qabu. Amantiin eessa akka jiru ni beeka.

Amantiin ni hojjeta. Amantiin qabee jira. Inni hin socho'uu. Homtuu isa sochoosuu hin danda'u. Ana na hin dhibu wanti *kana, sana, kan biraa* jedhu. Inni xiqqoollee, hin socho'u. Inni cimee dhaabbata, ni eega, ni eega, ni eega, ni eega. Garaagarummaa kamiyyuu hin fidu. Inni cimee dhaabbata.

187 Waaqayyo wantoonni kun ni ta'a jedhee Nohitti hime. Innis ni amane. Argitanii? Waaqayyo wantoonni kun ni ta'a jedhee Museetti hime. Innis ni amane. Waaqayyo waan ta'uuf jiru duuka buutotatti himee, "Dhaqaa hanga Pheenxeqoosxeetti eegaa" jedhe. Isaanis amanamanii eegani. Eeyyee, fira koo. Tole.

188 Amma, beekumsa, amma, beekumsa biyya lafaa osoo hin taane, garuu inni beekumsa Waaqarraa ti. Beekkumsi Waaqarraa immoo, yeroo Waaqayyo burqaa beekumsa hundaa ta'ee, fi Waaqayyo Sagalee ta'e dha. sana booda, yoo beekumsa Waaqarraa qabaattan, Sagalicha ni amantu, waan hundumaa iyyuu sababa Sagalichaan yaaddu.

189 Waldaanis kan keessa turte, ykn ani kanan keessa galee ture dhimma gibiraa sana. Namoota sana keessa tokko, guyya himata galmee, akkas jedhee natti himee ture. Innis. . . "Isaan dogoggora tokkollee hin arganne," jedhe. Kana booda isaan maal eegalan. . .

190 Ani akkasin jedheen, "Tole, erga, wanti dogoggoraa hin jiru ta'ee, maaliif isin na hin dhiiftani?" Argitanii? Argitanii? Anis waa'ee Caaffata Qulqullaa'aa itti himeen, darbee deeme.

191 Namni jabaa guddaa, harka isaatti sigaaraa qabate tokko, "Obbo Biraanhaam, ani barataa Macaafa Qulqulluu ti," jedhe.

Akkasin jedheen, "Kana dhaga'uu kootti gammadeera."

192 Innis akkas jedhe, "Amma ati qarshii kaffalchiisaa maarrabii ati ergitu, kun bartee badaa akkamiiti baruun barbaada, maarrabii irratti kadhattee kan ati ergitu barteen badaa kun, 'uffata dibame,' jettanii waamtu, 'huccuu.'" Sana irrattuu, "Qarshii kaffalchiifta" jedhe.

Akkasin jedheen, "Lakkii, fira koo. Kaffaltiin tokkollee isaaf hin jiru."

Innis, "Tole, bartee badaa kana irratti" naan jedhe.

193 Anis, "Bartee badaa jettaa, fira koo. Daqiiqaa muraasa dura barataa Macaafa Qulqulluu akka turte natti himte" jedheen.

Innis, "Sirrii dha" jedhe.

194 "HoE 19:11 naaf caqasi," jedheeni. Beekumsa! Inni ofii isaa sirriitti kiyyoo keessa of galche, dhimma sana jijjiiruu yaale. Ammas, "Sana booda Yohaannis 5:14 naaf caqasi" jedheen. Hin dandeenye. Akkasin jedheen, "Achii Yaaqoob 5:14." Hin dandeenye. "Yohaannis 3:16, beektaa?" Argitanii? Beekumsa, qaroo, biyya lafaa! Garuu yoom. . .

195 Inni akkas jedhe, “Garuu, Obbo Biraanhaam, dhimma kana Macaafa Qulqulluudhaann ilaaluuf yaalaa jirta. Nuti seera biyyaatiin yaalaa jirra.”

196 Akkasin jedheen, “Fira koo, seerri biyyattii Macaafa Qulqulluu irratti kan hundaa’e mitii? Sana booda haqa ta’a.” Ameen! Dhugaa dha.

197 Beekumsa; kan biyya lafaa miti. Beekumsa Hafuuraa Sagalee, waan Waaqayyo dubbate beekuu, waan Waaqayyo jedhe gochuu, sun sirrii dha. Kana yoo qabaattanii fi wantoota Sagaleen jedhu kun hundi dhugaa ta’uu isaa, Inni isuma sana, wantoota kana hundaa amanuu yoo dandeessan, tokkoon tokkoon isaanii seera tuqaa “ameen” jedhuun cufta. Inni sirrii dha. Sana amantii keessan irratti dabalaa. Sun hundi sirrii dha. Eeyyee.

198 Namni tokko dhufee, yoo akkas jedhe, “Macaafni Qulqulluu humna ofii Isaa hin qabu. Cuuphaan Hafuura Qulqulluu kan jedhamu hin jiru.” Huh-uh. Sana itti hin dabalinaa. Inni hin hojjetu. Inni ni kufa. Akkuma suphee irraa dhagaan kaa’amu dha, hin dhaabbatu. Inni ni caccaba.

199 Namoonni dhufanii, “Macaafni Qulqulluun har’a hin amanamu. Amma of eeggadhu. Sana amantanii hin deeminaa. Inni ta’uu hin danda’u tr-. . . .” Yeroo hunda akka jedhamu dhageessaniittu. “Macaafa Qulqulluu amanuu hin danda’ani,” jechaa turan. Tole, kun yoo yaada kee—keessa galee, ’sababa homaa hin fayyanneef, kana dabaluu—akka hin yaalle. Guutummaan gamoo achumatti kufa.

200 Isheen Hafuura Qulqulluun socho’uu qabdi. Walitti maxxanee jechuu kooti, sochii sana chaappessu. Akkasumas waan isa chaappessu sana . . . Isin karicha ni beektu . . .

201 Ujummoon yoo dibame yeroo baayyee isa dulloome-caalaatti umurii dheeraa jiraata. Lastikii dulloomaan ho’a xiqqoo isheen gommaa irratti baquu danda’a, wanti jalqabaa, gommaa sana xiqqoo ho’isaatii, xinnoo saffisaan fiigaa, innis ni baqa. Eeyyee, fira koo. Argitanii?

202 Har’as jireenya namoota baay’ee irrattis kanuma. Beekumsi isaanii kan biyya lafaa irratti, qabsiiftuu xinnoof dullomtu dhaan wal qabsiisuu yaalu, qoramsi, yommuu dhufu, “Tole, tarii ani dogoggoreera jedhu.” Battaluma sana qillensichi ni ba’a, daqiiqaa xiqqoo kessatti manca’a. Argitanii? Iyyi keessan hundi oliif-fi-gad utaaluun keessan hoomaa hin fayyadu. Namoonni irra deebiin bishaan kuusaa wal fakkataa keessatti isin arga. Argitanii? Sirriidha.

203 Garuu ho’a Hafuura Qulqulluu ga’aa ta’een achi turaa, hanga inni isinii fi ujummoo tokko godhutti. Inni kana qofa. Isinii fi ujummoon tokko taatu. Isinii fi abdiin Waaqayyoo hundi hanga tokko taatanitti achi yeroo turtan, achii amantii

keessan irratti sana dabalaa. Yoo hin taane, gonkumaa isa itti hin dabalinaa.

“Sagaleen hin amanamuu,” jettu. Kana itti dabaluu hin yaalinaa.

204 Isinis, “Sagaleen abdicha, cuphaan Hafuura Qulqulluu, Ergamoota warra kudha lamaa qofaaf kan yaadame ture” jechaa, waldoonni kanneen har’a akkas jedhu, kana dabaluu dhiisaa. Bu’uurri isaanii isa, hunduu ni diigama. Argitanii? Akkuma Ooziyaan, kaleessa galgala, hundee nama amanatee kana yeroo argetti, hunduu jalaa caccabe, dhukkuba lamxiin rukutame, homaa gaarii hin ture. Amma, “Ergamoota kudha lamaaf, ergamoonni kudha lama qofa.”

205 Gara Obboleessa Raayititti gad bu’een ture. . .Bakka ta’e tokkotti deebi’aniiru jedheen yaada. Halkan tokko, ani osoon lallabuu, tajaajilaan tokko achi ture, walumaa gala lallabdoota afur ykn shan turan. Lallabaan kun ka’ee akkas jedhe, “Amma, namoota jaallatamoo waan tokko isinitti himuun barbaada. Oo, isin ummata gaarii natti fakkaattu.”

206 Ani, nama tokkottin hime, akkasin jedheen, “Sun—achi taa’ee kan jiru tokko dha. Ilaalaa.”

207 Kanaaf, booddeen kan mulla’atu, Juniyeer Jaaksen, dubbachaa ture. Akkas jedhee. . .waa’ee Ayyaana Waaqayyoo lallabaa ture. Oo, maay!

208 Innis gubachaa ture, eegaa ture. Inni achumaa ka’ee hubachuuf yaalaa ture. “Amma, isinitti himuu, asitti kan argitan Obbo Biraanhaam, farra kiristoosi jedhe.” Halkan sana, kanuma dubbatee xumure.

209 Lallabdoonni kunneen jalqaban. . .Anis, “Daqiiqaa tokko eegaa. Amma, hoomaa hin dubbatinaa, obboleeyyan. Inni nama tokko nuyi baay’ee dha ittiin jedhe.” Anis, “Amma isa dhiisaa. Kan ka’e ana irratti” isaaniin jedhe. Ani ofii koo, baay’ee, barbaadeera, maal akkan godhu garuu hin beeku. Argitanii?

210 Kanaaf, inni akkas jedhe, “Obbo Biraanhaam mormituu Kiristoosi dha,” waan kan biraas dubbachuu, itti fufe, waa’ee . . . Akkas jedhe, “Achitti yoo dubbatu, ‘Cuuphaa Hafuura Qulqulluu dha.’” Innis, “Macaafni Qulqulluun cuuphaa Hafuura Qulqulluu kan argatan kudha lama qofa akka turan dubbate.” Waa’ee fayyina Waaqummaa yoo dubbannu, “Ergamoota kudha lamaan qofatu fayyina Waaqummaa argate.” “Nuti bakka Macaafni Qulqulluun dubbatu ni dubbanna, bakka Macaafni Qulqulluun callisetti ni callifna,” jedhe. Ani gara walakkaa sa’aatii hanga inni dhidhiittatee xumurutti nan eege.

211 “Daqiiqaa tokko qofa eegaa. Ani baay’een barreesse,” anis, “muraasa akkan deebisu carraa naaf kenni,” jedheen. Anis ol ka’een, akkas jedhe, “Fira koo, inni kan jedhe ‘Macaafni Qulqulluu kan dubbatu nan dubba dha,’ waldaan

isaa raawwatteetti, ‘bakka Inni callisettis callisi.’ Hundi keessan dhugaa baatota. ‘Eeyyee.’” Anis, “Amma, inni kan jedhe ‘Hafuura Qulqulluu kan argatan kudha lama qofa turan.’ Macaafni Qulqulluun koo dhibba tokkoo fi digdama akka turan dubbateera, dhukaasa jalqabaa.” Ameen! Beekumsa akkasii baasii darbadhu, argitatanii, sana kan inni yaalaa ture sun.

212 Anis, “Maaliree Phaawuloos Hafuura Qulqulluu hin arganne jennee haa yaannu moo yeroo ani guutameera jedhe” jedheen. Argitanii?

213 Anis, “Filiphoos . . . Samaariyaatti yeroo gadi bu’ee wangeela isaanitti lallabe. Isaan Maqaa Yesusiin cuuphamaniiru. Qofa, Hafuurri Qulqulluun isaan irratti hin buune ture. Isaanis Pheexiroosii fi Yohaannis erganii, gadi bu’anii harka isaan irra kaa’an, Hafuurri Qulqulluunis isaan irra dhufe. Sun kudha lama qofa jedheen yaadaa?”

214 Ani akkasin jedheen, “HoE 10:49 irratti, yommuu Phexioos fiixe manaa irra ture, mul’atas argee gara mana Qorneeliwoos deeme’. Pheexiroos kana utuu dubbachaa jiruu, Hafuurri Qulqulluun warra Dubbicha dhaga’an irratti bu’e.” Akkasin jedhe, “Macaafni Qulqulluun amma iyyuu dubbachaa jira. Waldaan kee eessa jirti?” Ta’uu-danda’aa irra jirti. Sirrii dha. Argitanii?

215 Anis, “Fayyina Waaqummaa, kaasteetta, ‘Ergamoota kudha lamaan qofatu fayyina Waaqummaa qaba ture.’ Macaafni Qulqulluun Isxifaanos gara Samaariyaatti gad bu’e seexanootas baasee dhukkubsattootas akka fayyise dubbateera, magaalattii keessattis gammachuu guddaatu ture. Innis warra kudha lamaa keessaa tokko hin turre. Inni ergamaa hin turre. Inni diyaaqonii ture.” Ameen. Ameen.

216 Anis, “Phaawuloosis warra kudha lamaan kutaa gubbaa keessa turan keessaa tokko hin turre, inni kennaa fayyisuu qaba ture” jedheen.

217 Ammas, “Kennaawwan fayyisuu qofa ilaali! Sirriitti, waggoota soddoma booda, hanga sanatti Qorontos keessa ture, kennaa fayyisuu gara Qaama Kiristoositti muude.” Oo, maay!

218 Amma, beekumsa akkanaa kitaaba tokko tokko keessaa kan barattan, gara qodaa balfaatti isa gatuu wayya. Gara beekumsa kanaatti koottaa. Waaqayyo, “Inni kaleessa, har’a, bara baraanis isuma,” jedha, “Ameen.” Eeyyee, fira koo. Eeyyee, fira koo. Kudha lama qofaaf miti; inni hundaafi. Wanti akkasii—amantii keessan, tokko tokkoon wanta kana, sirna tuqaa “Ameeniin,” xumurtu, sana booda akkas jettu, “Tole,” isa sana itti dabali.

219 Afraffaa. Ariifachuu qabna, kanaaf . . . As dhaabadhee waa’ee isaa dubbachuun baay’ee namatti tola. Ameen. [Obboleessi tokko, “Nuti itti gammadaa jirra” jedha.—Gulaalaa.] Eeyyee. Afraffaa . . . Galatoomaa.

220 "Of qabuu" itti dabalaa. Oo, maay! Gara of qabuutti dhufneerra. Amma, isin amantii qabdu, jalqaba; eegaluudhaaf, sana qabaachuu qabdu. Amantii keessan irratti gaarummmaa dabaltu, yoo gaarummmaa sirrii ta'e. Sana booda beekumsa itti dabaltu, yoo beekumsi keessan sirrii ta'e. Amma isin of qabuu itti dabaluuf jirtu.

221 Of qabuu jechuun, "alkoolii dhuguu dhiisuu miti," asitti, ykn. Lakki, lakki. Of qabuu jechuun qoricha alkoolii miti, haala kana keessatti miti. Kun of qabuu Macaafa Qulqulluu, of qabuu Hafuura Qulqulluu ti. Sun fedhii foonii keessaa tokko dha, garuu nuti waa'ee of qabuu Hafuura Qulqulluu dubbachaa jirra. Kana jechuun, arraba keessan akkamitti akka qabbdan, hamii dhiisuu; akkamitti aarii keessan akka to'attan, yeroo namni isinitti dubbatu hunda balali'uu dhiisuu. Oo, maay!

222 Fira koo, baay'een keenya osoo hin eegalin kufna, akkas mitii? Argitanii? Achii Waaqayyo maaliif Waldaa Isaa keessa akka hin jirre, dinqii fi ajaa'ibni dur ture hin jiru jennee burjaajofnaa. Eeyyee, fira koo. Argitanii?

223 Wantoota kana itti dabalaa. Of qabuu itti dabalaa. Oo, of qabuu, yeroo isinitti dheekkamamu akkamitti gaarummaadhaan akka deebistan. Namni tokko akkas jedha, "Isin tuuta caccabsitoota-teessoo!" Ol utaaluun hin dhaadatinaa. Argitanii? Sana miti. Garuu jaalala waaqayyoon, of qabuu, gaarummaan dubbachuu dha. Akka sana ta'uu barbaadduu? Yeroo aartan, akka hin aarre gochuu dha. Mee Inni fakkeenya isiniif haa ta'u.

224 Yommuu isaan akkas jedhan, "Ilma Waaqayyoo yoo taate, dhagaa kana gara buddeenaatti jijjiiri," Inni isa gochuu danda'eera, Inni Waaqa akka ta'e agarsiise. Garuu Inni of qabuu qaba ture. Yommuu "Beelzeebuul," jedhanii Isa waaman, Inni akkas jedhe, "Ani dhiifama isiniifan godha." Sirrii dha? Areeda fuula Isaa irraa harka guutuu buqqisanii, fuula Isaattis tufanii, akkas jedhaniin, "Fannoo irra gadi bu'i!"

225 Inni immoo, "Abbaa, dhiifama isaaniif godhi. Isaan waan godhan hin beekanii" jedhe.

226 Inni, kennaa qaba ture, Inni waan hundumaa beeka, guutummaan Waaqummaa qaamaan Isa keessa ture. Isaan dinqii hojjechuu Isaa arganii turan, waan isaan mudate namootatti himuun, akkasumas kkf waan akkasii. Isaan akkasitti mataa Isaa irra gonfoo qoraattii kaa'anii, Isatti maranii, uleedhaanis mataa Isaa rukutan, akkas jeedhaniin, "Raajii, eenyutu Si rukute nutti himi. Nuti Si amanna. Argitanii? Inni of qabuu qaba ture.

227 Amma, yoo akkasitti qabaattan, isa amantii keessanitti dabalaa. Ammallee yoo afuufamtanii, bokoktan, yoo of tuultanii dhootan, itti fuftan, huh-uh, isin homaa hin arganne. . . Sana dabaluu hin dandeessan, 'sababni isaas inni hin dabalamu. Argitanii? Inni wal hin qabatu. Isin beektuu, laastikii tokko

fuutanii, isa sibiilatti baksuu hin dandeessan. Inni qofa hin hojjetu. Lakki, akkuma laastikii, kan jijjiiramu ta'uu qaba. Argitanii? Amantiin keessanii fi of qabuun keessanis kan akka of qabuu Hafuura Qulqulluu isa Inni qabu sana yoo ta'u, sana booda Isa wajjin wal fudhataa ta'a. Isin isatti dabaltu.

Gaarummaan keessan akka gaarummaa Isaa yeroo ta'u, achii booda dabalama.

228 Beekumsi keessan beekumsa Isaa yoo ta'u, "Yaa Waaqayyo, fedha Keen raawwachuu dhufe." Argitanii? Sagalee Abbaatiin, Inni seexana hunda injifate. Waaqnii fi lafti ni darbu, Sagaleen garuu hin darbu. Argitanii? Beekumsa akkasii yeroo argattan, amantii keessan wajjin walfudhataa ta'a.

229 Yeroo isin of qabuu sirrii qabaattan, akkuma Isaa, inni wal fudhata. Yoo hin qabdan ta'e, walakkaa karaa namtolchee, amantii-akkasumaa, ykn of qabuu qofa, "Oo, ani osoon kaballaan dha'ee natti tola, garuu—tarii galmee himannaa na irratti banuu 'irra, yoo natti hafe wayya." Sun kan Inni dubbataa jiru of qabuu akka kanaa miti. Sana itti dabaluu hin yaalinaa. Inni hin hojjetu. Garuu dhugaadhaan, garaa keessan irraa, nama hundaaf dhiifama godhaa, nagaa keessan eeggadhaa, natti haa hafu yoo jettan, argitanii, achii walfudhataa ta'a. Sana amantii keessan irratti dabalaa. Wiiw!

230 Waldaan hiyyeettii ta'uun ishee nama hin ajaa'ibu. Sirrii mitii? Waan nama ajaa'ibu miti. Ani akkasin jedhe, "Macaafni Qulqulluun, qalbii jijjiirradhaa, Maqaa Yesuus Kiristoosiin cuuphamaa jedha." Inni Sadan tokkummaa amanuu namni seera cimsu tokko dhufee, "Kun farra kiristoos. Inni Maqaa Yesuusi dha. Inni Maqaa Yesuus qofa," jedha ta'a. Ilaalaa, hiriyaa, ani yeroo ammaa kana waa'ee of qabuu keessanii hin beeku jedhe. Argitanii? Dhuftanii, "Obboleessa Biraanhaam, mee kana wajjin haa haasofnu. Kun akka ibsame ani dhaga'uun barbaada," jettu ta'a? Argitanii? Sana booda gadi bu'aatii Isa dhaggeeffadhaa. Achii Inni sirriitti dura keessan dhufa, karaa keessan itti fuftu; daqiiqaa—muraasa booda, "Gara Waaqayyoon fakkaachuutti," darbina, ilaalaa. Garuu mata duree hunda irratti yeroo utaaltan, balali'i—balali'i yoo isiniin jedhe, huh-uh, isin bira—hin geenye. Argitanii? Yeroo akkas gootan of qabuu Macaafa Qulqulluu hin arganne; akkamitti deebiii kennitu. Yoo sana hunda qabaattan garuu, amantii keessanitti dabaluu dandeessu.

231 Achii, immoo, afraffaa, amantii keessanitti obsaan danda'uu dabalaa. Yoo amantii qabaattan, "obsaan dada'uun ni hojjeta," Macaafni Qulqulluun akkas jedhe. Argitanii? Kanaaf, *kun* obsaan danda'uu dha. Amma, itti fufnee nama guutuu ijaaruuf deemna. Beektuu, Waaqayyo Ijaarsa mana Isaaf meeshaa dhugaa argateera.

232 Hangam hiyyeessota akka taane ilaalaa, obboleessaa, obboleettii? Argitanii? Argitanii, eessa akka jirru? Eeyyee, fira

koo. Argitanii? Amantii waan arganneef, ulfina qabna, iyya fi waantota biroo biroo. Garuu gara warra *asitti* tarreeffamanii yoo dhufnu, Waaqayyo nama guutuu sana ijaaruu hin danda'u. Argitanii? Inni hin danda'u. Inni bakka kana nu geessuu hin danda'u. Nuti wantoota biroo kana hunda arganne. Yoo kufnu, achiin hafna. Argitanii? Inni Waldaa Isaa ijaaruu hin danda'u.

233 Obsaan danda'uun maalii? Obsaan danda'uu akkamiiti? Wanti duraa, Waaqayyoo wajjin obsaan danda'uu qabaachuu dha. Yoo dhugaa qabaattan, amantii dhugaa, obsaan danda'uu dhugaa ni qabaattu, amantiin obsa waan hojjetuufi. Waaqayyo waan kamiyyuu yeroo dubbatu, amanaa. Kanuma. Isin obsaan danda'uu argattu.

234 "Tole, halkan edaa akka na fayyisu Isa gaafadheera, garuu ganama kana dhukkubsadheen jira," jedha. Oo, maay! Obsaan danda'uu akkamii?

235 Waaqayyo Abrahaamitti dubbate, mallattoon tokkollee waggaa digdamii-shan boodas hin turre. Inni ammayyuu amanaa ture. Inni Waaqayyoon obseera. Uh-huh.

236 Yeroo hunda fuuldura keessan Isa kaa'aa. Inni dursee isiniif darba. Isin Isa hin dursinaa, Ati na dursi jedhaa. "Inni akkuma dubbate, isas in raawwata." Argitanii? Of dura Isa buusaa. Sirrii dha.

237 Nohi obsa qaba ture. Eeyyee. Nohi obsa dhugaa, Waaqayyoon sodaatu qaba ture. Waaqayyo, "Addunyaa kana roobaan balleessuufan" jedhe, Nohis waggaa dhibba tokkoo fi digdama lallabe, hanga kana. Obsa baay'ee. Bokkaan illee Waaqa irraa hin buune. Homtuu hin turre. Inni akkuma duraa dhukkeen kan guutame, waggaa dhibbaa tokkoo fi digdama, garuu inni obsa qaba ture.

Achii, Waaqayyo obsa keessan ilaala. Sirrii dha. Waaqayyo isa qoree ilaala.

238 Inni Nohitti erga himee booda, Inni akkana jedhe, "Nohi, Ani akka ati doonii keessa seentu nan barbaada. Ati dura seenii, bineensota biroo—akka keessa seenan Ani nan oofa. Kutaa gubbaatti, ol ba'i, foddaa irraan, ala ilaaluu akka dandeessu. Amma, ati akka achi keessa seentu nan barbaada. Ani namoota kanatti akka himtan nan barbaada, 'Wanti ani waggaa dhibba tokkoo fi digdamaaf lallabaa ture, boru, raawwatamuuf jira.' Tole, achi gadi buutee isaanittis ni himta."

239 Mallattoon jalqabaa maal ture? Nohi doonii keessa seene. Roobni tokkollee hin turre. Nohi qophaa'ee ture, uffata roobaa uffatee, waan hundas, yeroo tokko tokko, ala ilaalaa. Qophaa'ee ture. Garuu guyyaa itti aanutti . . .

240 Tarii maatii isaatti, intala-isaa-fi hunda isaaniitti himuu danda'a, jedheen amana, "Oo, maay! Boru waan argitee hin beekne arguuf jirta. Kanaaf, samiiwwan hundi, gurraacha'uuf

jiru. Qaqawweessii fi balaqqeessi ta'uuf jira. Billaan Waaqayyoo guddaan samii keessaa luqqa'uuf jira. Inni tuuta cubbamoota nu didan kana, waggoota dhibba tokkoo fi digdama kana balaalefachuuf jira. Isin ni ilaaltu ni argitus." Argitanii?

241 Beektuu, amantoonni karaa-cinaa tokko tokko, naannawaa sana marsu, beektuu, gonkumaa hin galan. Isaan—isin wajjin illee jiru, beektuu. Kanaaf isaan—dhufanii, akkas jedhan, "Tole, tarii jaarsi sun sirrii ta'uu danda'a, guyyoota muraasa eegna, ykn ganama sa'aatii muraasa ilaallee, eegna."

242 Guyyaa isa itti aanutti, duumessa gurraacha tokko osoo hin ta'in, kunoo aduun akkuma kaan ol dhuftee baate. Nohiis ala ilaale. Akkas jedhe, "Heey, duumessi hin jiru."

243 Namichi sun ol dhufee, "Ahaa, ati isaan keessaa tokko akka taate beeka. Ati, callistee dhiphatta," jedhe.

244 "Tole, araara naaf godhi, fira koo. Ha-haa. Akkuma beektu, tarii—ani—qofa, gammadeera, qofa eegi. Kana, ilaalaa. Ha-ha-haa."

245 Nohi, garuu, inni obsa qaba ture. "Inni yoo har'a dhufuu baate, boru ni dhufa," jedhe. Maalif? Waaqayyo dubbateera.

"Nohi, Inni yoom sana sitti hime?"

246 "Waggoota dhibbaa tokkoo fi digdama dura. Ani hanga kana dhufe, amma eegaan jira." Sana argitanii? Yeroo muraasa booda . . .

247 Waaqayyo, hanga kana, Waldaa akka eegee, beekna, garuu Inni ni dhufa. Isin hin yaadda'inaa. Inni Isa waadaa galeera.

248 Yeroo kana hunda du'aa ka'uu eege. Hin yaadda'iaa. Du'aa kaa'uun in ta'a. Waaqayyo waadaa galeera. Obsaan eeggadhaa. Isin hirriba raftu, sun hin ta'u . . . Isin tarii xiqqoo hirriba rafuu dandeessu osoo hin ta'in dura, garuu yeroo sanatti ni dammaqxu. Inni waadaa galeera, argitanii. Hirriba, argitanii, kan nuti hirriba du'aa jennee waamnu, beektu. Kan nuti du'a jennee waamnu, hirriba xiqqoo, ykn Kiristoos keessatti rafuu. Wanti Kiristoos keessatti du'uu jedhamu hin jiru. Jireenyi fi duuti wal hin makani. Argitanii? Nuti hirriba hiriyyoonni keenya nu hin waamne, fudhanna. Nu waamuu kan danda'u Isa Tokkicha qofa. "Inni na waama, ani immoo Isaaf nan deebisa," jedhe Iyoob. Iyoob erga rafee amma waggoota kuma afur ta'eera. Hin yaadda'inaa. Inni—ni dammaqa. Hin yaadda'inaa. Inni ammallee eegaa jira.

249 Nohi ni eege. Guyyaan afraffaan darbeera. Roobni hin jiru. Hundi isaa sirrii dha. Inni ta'uuf jira.

250 Gara naannoo Nohi dhuftee yoo akkas jettu Aaddee nan dhaga'a, "Abbaa, ati mirkaneffattee-. . . . ?"

"Akka sanatti hin dubbatin."

251 Inni obsa qaba, ’sababni isaa inni amantii qaba ture. Eeyyee, fira koo. Inni gaarummaa qaba ture. Waaqayyo sirrii ta’uu beekumsa qaba ture. Inni of qabuu qaba ture. Inni balali’uu isaa hin dhiifne, “Tole, ani waa’ee maalii akka ta’e hin beeku. Beekkamtii koo hunda achitti dhabeera,” jedhe. Lakki, lakki. “Namoonni dhimma koo hin qaban. Ammas waan haaraa, hunda deebi’en jalqaba.” Lakkii, lakki. Inni obsa qaba ture. Waaqayyo waadaa galeera. Waaqayyo ni raawwata. Waaqayyo ni raawwata, ’sababni isaas Waaqayyo dubbateera.

252 Ilmi isaas dhufee, reffeensa isaa aarrii harkaan qaqabee, “Abbaa, beektaa . . . ” Argitanii, yoo akkas jedhu natti mul’ata. Beektuu, innis waggaa dhibbootaa lakkaa’aman ture, achi taa’ee. Akkas jedhe, “Abbaa abboota durii keessaa tokko ta’uu kee nan beeka. Ani—sin jaalladha, abbaa. Garuu xiqqoo akka dogoggoruu dandeessu hin shakkituu?”

“Oo, lakki. Lakki.”

“Maalif?”

“Waaqayyo dubbateera!”

253 “Tole, abbaa, nuti as erga gallee guyyoota ja’a. As bidiruu guddaa, dulloomaa, gogaa keessa teenyeerra. Innis keessaa fi alaan, cufameera. Nutis waggoota kana hunda ijaaraa turre. Atis achi ala dhaabbattee lallabdee, hamma rifeensi aarrii ta’ee mulatutti. Kunoo amma immoo, waan *akkanaa-fi-akkasii* ni ta’a jechaa as jirta. Namni immoo kolfaa, akkasumas timaatima tortoree fi wantoota biroo dadarbachaa jiru. Ati waan hojjettu qoradhu. Maaliif, ati akkuma beektu . . . ”

“Obsaa ta’i, ilma koo.”

“Ati mirkaneeffatteettaa?”

“Inni ni rooba!”

Intalli haadha-warraa-isaa akkas jette, “Abbaa, ati akkuma beektu . . . ”

“Inni ni rooba!”

254 “Garuu waggoota kana hunda, eeggachaa turre. Qophaa’aa turre. Torban tokko dura, roobni akka roobu nutti himteetta. Nutis keessa jirra, balbaloonni hunduu cufamaniiru, nutis immoo asiif achi keessa naanna’aa jirra, aduun immoo akkuma dur turtetti gubaa jirti.”

“Inni garuu ni rooba!”

“Akkamitti beekta?”

“Waaqayyo dubbateera!”

255 Amma yeroo karaa sana argattan, itti dabalaa. Garuu yoo karaa sana hin arganne, itti hin—dabalinaa. Inni hin hojjetu. Inni fayyisuu irratti hin hojjetu. Inni waan biraa irratti hin hojjetu. Argitanii? Inni meeshaa walfudhataa ta’e waliin makamuu qaba. Sun sirrii dha. Isa itti dabalaa. Abdii Waaqayyoo obsaa. Eeyyee,

fira koo. Nohi isa amane. Innis waggoota dhibba tokkoo fi digdama, Waaqayyoo wajjin obse.

256 Museen, Waaqayyoo wajjin obsa qaba ture. Eeyyee, fira koo. "Musee, Ani boo'icha saba Koo dhaga'eera. Ani dhiphina isaanii argeera. Ani bilisa isaan baasuuf gadi nan bu'a. Ani siinan erga."

257 Wal faalmii xiqqoo achitti isaa fi Waaqayyoo gidduu jiru, Waaqayyo ulfina Isaa itti agarsiise. Akkas jedhe, "Kunoo ani nan deema." Inni yeroo ulfina Waaqayyoo arge, argitanii, amantii qaba ture.

Akkas jedheen, "Maaltu harka kee keessa jira, Musee?"

Inni akkas jedhe, "Ulee tokko."

Innis akkas jedhe, "Isa gadi darbadhu."

Innis gara bofaatti jijjiirame. Inni akkas jedheen, "Oo, maay!" Inni ni jalqabe . . .

258 Akkas jedhe, "Isa ol kaasi, Musee. Ani gara bofaatti ergan jijjiiree, ammas Ani gara uleetti deebisuu nan danda'a."

259 Ahaa! Ameen! Erga Waaqayyo jireenya uumamaa naaf kenne, Jireenya hafuuraas Inni naaf kennuu danda'a! Waaqayyoon dhalachuu jalqabaa erga naaf kenne, Inni lammaffaa dhalachuus naaf kennuu danda'a! Ameen! Erga Waaqayyo *kana* fayyisuu danda'e, fayyisuu Waaqumaan, ammas ulfina Isaaf, guyyaa dhumaatti Inni kaasuu ni danda'a. Sirrii dha.

260 "Ani ulee kana gadi darbadhee gara bofaattis jijjiiruu nan danda'a. Ani gara uleetti deebisuu nan danda'a. Eegee isaa qabii ol kaasi."

261 Museen gadi bu'ee qabe. Inni battaluma, ulee ta'e. Inni achitti beekumsa dabaluu jalqabe. Argitanii?

"Harki kee maal ta'e, amma, Musee?"

"Homaa."

"Isa bobaa kee keessa kaa'i."

262 "Tole. Amma hoo . . ." Akka lamxiitti addaate. "Yaa Gooftaa, harka koo ilaali!"

"Isa gara bobaa keetti deebisi, Musee."

263 Inni akkuma *sana* bobasaa keessa kaa'e, akka duraatti deebi'e . . . Inni akka *kanatti* dabaluu eegale, achii, ilaalaa. Eeyyee, fira koo.

264 Innis achi gadi bu'e. Achis gadi bu'ee . . . Wal faalmii jalqabaas ta'e. Achitti ba'ee akkas jedhe, "Waaqayyo Gooftaan akkana jedhe, 'Sabni Koo haa deemu.' Far'oon, kana akka beektu Ani nan barbaada. Ani bakka bu'aa Waaqayyoo ta'ee dhufeera. Anaaf abboomamuu qabda."

265 Far'oon akkana jedheen, "Abboomamuu? Eenyu akkan ta'e ati beektaa? Ani Fara'ooni dha. Ani si garbaaf, abboomamuu?"

266 Akkas jedheen, “Ati naaf abboomaamta, ykn ni badda. Ati kan barbaadde keessaa tokko ni goota.” Maalif? Inni waa’ee maalii akka dubbatu ni beeka ture. Inni ergama guddaa qaba ture. Inni achi gadi bu’e. Inni Waaqayyotti dubbate. Inni amantii qaba ture. Inni bakka jiru ni beeka ture.

“Ati akkan siif abboomamu barbaaddaa? As keessaa ba’i!”

“Ani sin agarsiisa.”

“Mallattoo tokko natti agarsiisi.”

Inni ulee gadi darbate; gara bofaatti jijjiirame.

267 “Maalif,” inni akkas jedheen, “mala moraa gatii hin qabnee sana! Daqiiqaa tokkoof as koottaa. As koottaa, Yaanees, atii fi Yaambirees, uleewwan keessan gadi darbadhaa.” Isaan gadi darbatan, isaanis gara bofaatti jijjiiraman.

268 Akkas jedhe, “Amma, ati gatii kan hin qabne, gara koo, gara nama Gibxii, sanumaa gara fara’oon Gibxii dhufte. Atis tooftaa moraa gatii hinqabne, soba qabattee dhufte,” dandeettii sammuu-dubbisuu, beektaa. Maal jechuu akkan barbaade beekta. Waa’ee isaa dubbisaa akka jirtu abdiin qaba. “Teleepaazii sammuu ykn waan akkasii, argitee, eeyyee, waan sana muraasa qabattee dhufteetta.” Akkas jedhe, “Tole, nutis akkuma isin gootan gochuu ni dandeenya.”

269 Museen maal jedhe? Inni, “Oo, Obbo Far’oon, ani—nan gadda, fira koo. Ani garbicha keen ta’a” hin jenne. Lakki, fira koo.

270 Inni ammallee cimee dhaabbate. Ameen. Iddoo ga’e dhaabbate. Waaqayyo akkas jedhe, garaa kee keessatti osoo hin shakkiin, “Na eegi. Ani waan tokkon sitti agarsiisa.” Yoo isin waan Inni godhaa jedhe gootan, dogoggora fakkaatus; ammayyuu dhaabbadhaa, obsaa.

271 Museen akkas jedhe, “Beektuu, yeroon bu’uura sana kaa’u, obsa achi irratti dabaleen ture, Waaqayyo maal akka godhuu fi maal akka hojjetu qofan eega.”

272 Bofoonni sun lowaa, naannoo sanatti sardamaa, afuufaamaa, walitti fooricaa turan. Wanti dura beekuu qabdan, bofti kan Musee dhaqee, “likim, likim, likim,” godhee hunda isaanii liqimse. Inni obsa qaba ture.

> Warri Gooftaa eeggatan, humna isaanii ni haareffama,
> Akka joobiraa ni baali’u.

Sun sirrii dhaa? Argitanii? Eeyyee.

> Ni fiigu hin mudhukan, ni deemu hin dadhaban.

Argitanii, Gooftaa qofa eegaa. Obsa qabaadha. Argitanii? Eeyyee, fira koo.

273 Sana booda Israa'el liqifamuu ga'e. Mormii guddaatu itti dhufe, Museen immoo ni eege.

274 Sana booda inni lafa onaa keessa seene. Inni imala guyyoota sadii- ykn afurii-qofa ture. Bakka ce'an irraa maayiloota afurtama qofa fagaata, iddoo deebi'anii ce'an sana irraa. Garuu, Museen, lafa onaa keessa, waggaa afurtama eege. Obsa. Ameen. Sun sirrii dha. Inni waggaa afurtama eege. Eeyyee! fira koo.

275 Nutis walii walii keenyaaf obsuu qabna. sirriitti. Argitanii? Nutis . . . Walii keenyaaf yeroo—baay'ee yoo obsa dhabnu argina. Akka Musee ta'uu qabna jedheen yaada. Namoota sanaaf Museen obsa qaba ture. Ilaalaa, akka isaan hin ceene kan isaan taasise kanuma. Argitanii? Waan tokko gochuu yaalaa jirtu yoo ta'e . . .

276 Akkuma, godoo qulqullaa'aa kana irratti ani Ergaan akka darbu yaaleera, tokkoon tokkoon miseensa godoo qulqullaa'aa *Kana* ta'ee akkan argu. Baay'ee rakkisaa dha. Waggaa soddomii-sadi; obsa qabaachuu yaaleera. Argitanii? Obsa qabaadhaa. Dubartoonni ammallee rifeensa isaanii gabaabsu, ammallee akkasuma. Garuu obsa qofa qabaadhaa. Argitanii? Obsa qofa qabaadhaa. Eegaa. Dirqama. Isin yoo obsa hin arganne ta'e, *asitti* kana irratti ijaaruu hin yaalinaa. Obsa qabaadhaa.

277 Yeroo tokko illee, yeroo tuutni namoota hamootaa sun obsa dhaban sanatti, Museen wanta dogoggoraa tokko akka hojjetu godhan. Garuu, ammas, yeroo waldhabdeen dhufu, Waaqayyo gocha isaanii kanatti ni gadde. Inni akkas jedheen, "Of adda baasi, Musee. Ani tuuta isaanii hunda nan ajjeesa, akka haaraatti nan jalqaba."

278 Inni ofii isaa hir'ina isaanii irratti of gatee, akkas jedhe, "Waaqayyo, akkas hin godhin." Maal? Saba isa irratti ka'an sanaaf obsi.

279 Nuti kana gochuu dandeenyaa? Isin yoo hin dandeenye, *kana* irratti ijaaruu hin yaalin, beektaa, 'sababa garaagarummaa—hin qabneefi. Sun jalqaba akka *kanatti* kan inni walfudhate, akkasumas tokkoon tokkoon isaanii akkasitti kan walfudhachuu qaban. Isin yoo kana hin goone, isin gara dhaabbii iddoo jireenya Waaqayyoo isa jiraataa sanatti hin dhuftan, isin yoo obsa hin qabaanne, walii walii keessaniif, obsa qabaadhaa. Tole.

280 Ijoolleen warra Ibirootaa obsa qabu turan. Dhugaa dha, obsaniiru. Waaqayyo isaan abdachiisee ture, itti himee ture, "Isin fakkii kamiifuu hin sagadinaa." Garuu obsa qabu turan. Akkas jedhan, "Waaqayyoon keenya nu oolcha. Nu oolchuu yoo baates, fakkii ati dhaabdetti, hin sagannu." Obsaan, Waaqayyo guyyaa dhumaatti akka deebi'ee isaan kaasu, beekaniiru.

281 Bu'uuruma irraa, jireenyi kun homaa miti. Argitanii? Waaqayyo guyyaa dhumaatti deebisee isa ni kaasa. Fakkiif sagadi jechuun yoo dhufe garuu, isaaf hin jilbeenfannu. Amma,

kan Qeesaar Qeesaariif kennina, garuu, Qeesaar Waaqayyoon gidduu seenaan, Waaqayyotu dursa.

282 "Waaqayyo akkas jedhe, 'Fakkii kamiifuu hin sagadinaa.' Nutis hin sagannu. Waaqni keenya nu oolchu ni danda'a. Yoo Inni nu oolchuu baates, fakkichaaf hin sagannu."

Innis, "Tole, bakki ibiddaa qophaa'eefiira" jedhe.

283 "Tole," jedhe, "oo, akkan yaadutti, har'a bokkaan osoo roobee ni dhaamsa ture." Bokkaan garuu hin jiru. Ammas obsaa.

284 Borumtaa isaa ganama, mana murtiitti yommuu isaan dhiyaatan, Nabuukadinaatsoor achi taa'a. Inni akkas jedhe, "Tole, ijoollee dhiiraa, akka mootii keessanitti na beekuuf qophooftaniittuu?"

"Shakkii malee. Bara baraan mo'i, yaa mootii."

"Amma bifa fakkii kootiif sagadaa."

"Oo, lakki."

285 "Akkas taanaan, gubachuuf jirtu. Isin namoota ogeeyyii dha. Isin qaroo dha. Gargaarsa guddaa nuuf gootaniittu. Mootummaa keenyaaf eebba taatan. Kana akkan gochuu hin barbaanne hubachuu hin dandeessanii? Ani—garuu labsii baaseera, innis raawwatamuu qaba. Ani achitti isin darbachuu hin barbaadu. Oo, yaa namootaa, maal taatan?"

286 "Sun gaarii akka ta'e nan beeka. Garuu, Waaqni keenya nu oolchu ni danda'a. Yoo nu oolchuu baates . . . " Obsi.

287 Riqicha irra ol ba'uu jalqaban. Tokko isa kaan ilaale. "Jabaadhu jabaadhu. Waliin jedhan." Ni obsan. Tarkaanfii tokko deeman, Waaqayyo achi hin turre. Tarkaanfii lama, Inni achi hin turre. Tarkaanfiiwwan sadii, tarkaanfiiwwan afur, tarkaanfiiwwan shan, itti fufan, ammas Inni achi hin turre. Bttaluma gara iddoo ibiddaa boba'aa keessa seenan. Isaan obsa qabu turan. Garuu Inni achi ture. Argitanii? Harkaa fi miila isaanii kan ittiin hidhaman hanga gubatutti, ibiddi ga'aan isaan rukute. Sana booda yeroo isaan boolla jala tuqan, Inni achi ture. Argitanii? Isaan obsa qabu turan.

288 Daani'eelis akkasuma. Daani'el obsa qaba ture. Mirkanaa'a dha. Inni abdii hin kutanne. Lakki, fira koo. Inni maal godhe? Inni akkasumatti, foddaa isaaniif banee kadhata ture. Inni ulaagaa Waaqayyoo ture. Inni obsa qaba ture. Inni Waaqayyo Sagalee Isaa eeguu akka danda'u beekee, Waaqayyoon ni eege. Isaan boolla leencotaa' keessatti isa darbatan, "Leenconni akka si nyaatan ajajneerra," jedhan.

289 Innis, "Haa ta'u kaa" jedhe. Inni obsa qaba ture. Maalif? "Tole, Waaqayyoon, ani yeroo kana hunda eegeera. Ani waggoota kuma dabalataan eeguun yoo narra jiraate, ani guyyaa dhumaatti deebi'ee nan ka'a. Kanaaf, obsaan, nan eega."

290 Phaawulos obsa qaba ture. Obsaa dha ture. Phaawulos maal akka godhe ilaalaa. Waa'ee obsaa yoo jettan!

291 Waa'een namoota pheenxeqoosxee immoo akkami? Hanga ergaa guddaa argatanitti, "Obsaan eegan," argitanii, "hanga Humna argattanitti eegaa." Hanga yoomiitti? Gaaffii tokkollee hin qaban turan, "Hanga yoomiitti tura?" Isaan qofa eebii argataniiru, "Obsaan eegaa."

292 Achi ol ba'anii akkas jedhan, "Tole, ijoollee, tarii daqiiqaa kudha shan booda Hafuurri Qulqulluun nurra bu'a ta'a tajaajila keenyas argachuuf jirra." Daqiiqaan kudha shan darbe, homtuu hin jiru. Guyyaan tokkos darbe, hin jiru; lama, sadii, afur, shan, ja'a, torba.

293 Tarii isaan keessaa tokko tokko akkas jedhu, "Jarana, Isa waan arganne isinitti hin fakkaatuu?"

"Lakki, lakki, lakki, lakki." Kanuma. Lakkii. Sirrii dha.

294 "Ijoollee, amma yoo baane wayya." Diyaabiloos tasa dhufee, "Isin—waan—barbaaddan akka argattan beektu. Ba'aa, tajaajila keessan jalqabaa."

295 "Lakki, lakki, lakki. Nuti Isa hin arganne, ammallee. Sababni isaas, Inni akkas jedhe, 'Guyyaa dhumaa keessatti, wanti ta'u ni dhufa: Afaan biraatiin fi afaan haaraan saba kanatti nan dubbadha, Boqonnaan isa kana jedhe,' Isaayyaas 28:19, ilaalaa." Akkas jedhe, "Kun—Isa dha, Isa ni—arganna . . . Maaliif, yeroo Inni dhufu ni beekna. Nuti yeroo Inni dhufu ni beekna. Nuti isa ni beekna, 'Abdii Abbaa."' Inni guyyoota sagal eege. Sana booda guyyaa isa kurnaffaatti, "Osoo wajjin jirruu." Eeguudhaaf, obsa qabu turan.

296 Amma, Waaqayyo erga abdii isiniif kennee booda, isinis Macaafa Qulqulluu irraa beektanii obsa akkasii yoo argattan, "Inni kan koo ti," jedhaa eegaa. Achii, obsa akkasii yeroo argattan, amantii keessan irratti dabalaa. Isin amma hammam akka guddataa jirtan argitaniittuu? Isin amma *asii* ol guddataa jirtu. Tole. Akkasuma, harki sa'aatii illee naanna'aa jira, mitii ree? Tole. Tole. Amantii keessanitti dabalaa.

297 Isa abdii isiniif kenne, yaadachaa, yeroo hundumaa Isa of dura buusaa. Abdiin ana biraa, isiniif hin kennamne. Sagalee abdii, Obboleessi keenya Paastar Neevil, isiniif hin kennine. Abdii kan isiniif kenne, tajaajilaa miti. Inni luba ykn phaaphaasii tokko tokko hin turre. Nama lafa irraa hin turre. Inni abdii kenne Waaqayyo, Waaqayyo Inni waadaa gale immoo hundumaa raawwachuu ni danda'a. Tole. Abdii Waaqayyo biraa isiniif kenname beekuuf, amantii akkasii yoo qabaattani! Akkas jettu, "Obboleessa Biraanhaam, ani dhukkubsadheera. Fayyinni baay'ee na barbaachisa." Isa fudhadhaa. Eeyyee, fira koo, yoo amantan, kennichi keessani. "Kanaaf," "Ani amaneera," jedhaa. Achii irraanfadhaa. Kanuma. Xumurameera. Argitanii?

298 Obsa yoo argattan, obsa qabadhaa. Argitanii, yoo hin qabaanne garuu, Gamoo kana irraa caccabee akka nama kufuu dha. Tokkoon isaa, warra kaan hunda fudhatee kufa. Sana qabaachuu qabdu. Isa itti hin dabalinaa, yoo obsa hin qabaanne, kan ijaartan isin jalaa diiga, qaba kan jettan amantii keessan irratti gaarummaa dabalaa yoo hin qabaanne. Isin amantii osoo hin qabaatin, gaarummaa ijaaruu yoo barbaaddan, amantii keessan caccabsa. Argitanii? Akkas jettu, "Tole, amma, daqiiqaa tokko eegi. Tarii kun hundi, dogoggora ta'uu danda'a. Tarii Waaqayyo Waaqayyo miti ta'a. Tarii Waaqayyo hin jiru ta'a." Argitanii, ijaarsa keessan bakka lamatti cabsa. Argitanii?

299 Garuu isin yoo amantii dhugaa qabaattan, gaarummaa dhugaa isa irratti dabalaa, achii beekumsa dhugaa, achii of qabuu dhugaa, achii booda obsa dhugaa. Argitanii? Sarara sana qabattanii ol guddattu. Tole.

300 Shanaffaa, Waaqayyoon fakkaachuu dabalaa. Oo, maay! Waaqayyoon fakkaachuun ni dabalama. Waaqayyoon fakkaachuun maal jechuu dha? Galmeewwan jechootaa afur ykn shan keessa yoon ilaalu hiika isaa argachuu hin dandeenye. Dhumarratti, Obboleessa Jeeffiriis' gadi bu'een, galmee jechootaa—irraa arganne. *Waaqayyoon fakkaachuu* jechuun "akka Waaqayyoo ta'uu dha." Oo, maay! Erga amantii argattanii, gaarummaa, beekumsa, of qabuuuu, obsa, achii akka Waaqayyoo ta'uu. Wiiw!

301 Isin, "Akkas gochuu hin danda'u, Obboleessa Biraanhaam" jettu. Oo, eeyyee, ni dandeessu.

302 Caaffata Qulqullaa'aa daqiiqaa tokko, muraasa isiniif nan dubbisa. Maatiwoos 5:48. Isa kana fudhannee innis maal akka fakkaatu ilaalla, Maatiwoos 5:48, ilaalaa akka Waaqayyoo ta'uu kan jedhu. Macaafni Qulqulluun, "Isin waaqolee dha" jedhe. Yesus akkas jedhe. Maaliif? Gaarummaan hundi, Waaqayyo bira kan jiru hundi, isin keessa jira. Maatiwoos 5:48, "Egaa abbaan keessan . . . " Yesus eebbifamtootatti, yeroo dubbatu.

> *Egaa Abbaan keessan inni waaqa irraa mudaa malee. . .akkuma ta'e, isinis warra* p-e-r-f-e-c-t, (Sun maali?) *mudaa kan hin qabne.*

303 Egaa osoo isin hin gaafatin dura, baayyee *asii* ol baatu. Wantoonni kun hundi dursa dabalamuu qabu. Achii yeroo ol baatan, mudaa kan hin qabne, waaqa fakkaachuun, Inni isiniin ijoollee dhiiraa fi durbaa Waaqayyoo ta'aa jedhe. Sun sirrii dha. Ani toora sanaan waan baayyyee dubbachuu nan danda'a ture!

304 Mee gara Efesoon 4tti haa deebinu, Macaafa Efesoon keessatti, maal akka ta'e, waa'ee waan kanaa, akkasuma, akkamitti akka ta'uu qabu—akkamitti akka gochuu qabnu dubbata. Efesoon, boqonnaa 4ffaa, lakkoofsa 12ffaa. Efesoon 4, lakkoofsa 12ffaa irraa jalqabaa. Tole. Mee lakkoofsa 11ffaa irraa haa jalqabnu.

*Isumatus namootaaf kennaa kenne, kennaan isaas kaan ergamoota; kaan raajota;. . .*

305 Halkan edaa waan ture yaadattuu? Waamicha nama biraa fudhachuu hin yaalinaa. Argitanii?

*. . .kaan, warra wangeela lallaban; paastaroota . . . akkasumas,* kaan, *barsiisota;*

306 "Waaqayyoon mudaa kan hin qabne gochuuf"? Akkasitti dubbifamaa? [Gumiin, "Lakki" jedha.—Gulaalaa.] Eenyuun mudaa kan hin qabne gochuuf jedha? ["Qulqulloota."] Qulqulloonni eenyu fa'i? Warra qulqullaa'an. Ameen. Kanneen *asii* gadii irraa jalqaban.

*. . .qulqulloota mudaa hin qabne gochuu*, hojii *tajaajilaatiif* (tajaajila Yesus Kristoos), *dhagna Kiristoos sanas cimsuudhaaf* (qulqulleessuuf, Inni ol ijaaruuf, qulqulleessuuf): hanga . . .

*Kunis hanga hundumti keenya tokkummaa amantii, Ilma Waaqayyoo beekuu . . .namoota ga'an taanee, nama mudaa hin qabne, gara* mirkaneeffannaatti, (oo, maay), *gara guutummaa Kiristoos nama guutuutti:*

307 Amantiitti, waaqayyoon fakkaachuu dabalaa. Waaqayyoon fakkaachuun, "Mudaa kan hin qabne." Argitanii, kunoo *asitti,* gaarummaan jalqabdu. Achii gara beekumsaatti guddattu. Achii gara of qabuutti. Achii gara obsaatti. Amma waaqayyoon fakkaachuu irra jirtu. Waaqayyoon fakkaachuu! Oo, maay! Yeroon keenya dhumaa jira. Waaqayyoon fakkaachuun maal jechuu akka ta'e beektu. Mee haa ilaallu. Faarfannaa kana faarfadhaa:

Akka Yesus ta'uu, akka Yesus ta'uu,
Ani akka Isaa ta'uun hawwa lafa irratti;
Imala jireenyaa hunda lafa irraa gara Ulfinaatti
Ani akka Isaa ta'uu qofan hawwa.

308 Sun waaqayyoon fakkaachuu dha. Yeroo fuulli Isaa gamanaan rukutamu, Inni garasiinis itti garagalche. Yeroo Isa arrabsan, Inni waan hamaa hin dubbanne. Inni arrabsoon hin deebisne. Argitanii? Waaqummaan, yeroo hunda waan tokko barbaada, "Yeroo hunda waan Abbaa gammachiisun hojjedha." Argitanii? Eeyyee, fira koo. Yeroo hunda. Sun waaqa fakkaachuu dha. Argitanii?

309 Erga fixxanii booda dhuftanii *asii*, gara *asitti*, gara *asitti*, gara *asitti*, gara *asitti*, gara *asitti*, gara guutummaa mucaa Waaqayyoo mudaa hin qabneetti dhufaa jirtu. Isin garuu *kana* qabaachuu qabdu, dabalataan *kana* hunda, hanga *kana* argattanitti jalqabuu hin dandeessan.

310 Amma yaadadhaa simbirroo gurraacha baallee piikook qabu. Isa hin dagatinaa. Argitanii? Lammata dhalattan malee

dabaluuf hin dhama’inaa. Inni, waan hin hojjenneef, isin akka hojjetu—gochuu, hin dandeessan. Inni gara *kana*, ykn hanga *kana* ga’ee, iddoo ta’etti ni diddiigama.

311 Garuu yeroo *asitti* gadi buutanii, akka gugee dhugaa lammata-dhalattee, wanti isin dabaltan homtuu hin jiru. Argitanii, gara nama mudaa hin qabneetti, dhufaa jirtu, jechuun, inumti ofumaan isin irratti dabala. Tole.

312 Achii, ja’affaa, Macaafni Qulqulluun, jaalala obbolummaa itti dabalaa. . .gaarummaa obbolummaa, dabalaa nuun jedhe. Amma, ja’affaan, torbaffaan, baayyee namattii tola, asitti sirriitti. Tole. Jaalala obbolummaa itti dabalaa. Tole. Yeroo bira geenyu, dhimmicha irratti, jaalala obbolummaa, bakka sana of buuftu. Amma akkas jettu . . .

313 Phexros “Obboleessi koo yoo na miidhe,” jedhe. “Meeqan dhiisuuf,” jedhe, “guyyaatti yeroo torbaa?”

Innis, “Torbaatama yeroo torba” jedhe. Argitanii?

314 Jaalala obbolummaa. Amma, argitanii, obboleessi tokko karaa irraa yoo kaate, obsa hin dhabinaa. Tolee? Hin dadhabinaa. Tolee? Garaa laafaafii. Deemsa keessan, itti fufaa.

315 Namni tokko, yeroo dhiwoo, akkas jedhe, “Akkamitti wantoota kana amanuu dandeessa karaa gootu kanaan, Asseebiliis of Gooddi, Waanines, fi kan biroo hunda seenta yoo ta’e?” Achii, ilaalaa, jaalala obbolummaa dabalaa. Argitanii? Argitanii? Ni abdanna, guyyaa tokko, argitanii; isa wajjin obsaa, argitanii; of qabaa, isa wajjin cimaa dhaabadhaa; waan amannu tokko hubachuuf, beekumsa, argachuu akka danda’u, yaadaa, waan garaa isaa keessa jiru; gaarummaa, isin bira jiru, gara laafummaan, garraamummaa wajjin deemaa, gara isaatti; gaaf tokko Waaqayyo akka isaaf galchu beekaatii oo’oofii. Argitanii?

316 Torbaffaan, jaalala obbolummaa. Tokko, lama, sadii, afur, shan, ja’a, torba. [Obboleessi keenya Biraanhaam gabatee si’a torba rukute—Gulaalaa.] Argitanii, torbaffaa. Sana booda, amma, isin dhufaa jirtu.

317 Sana booda, wanti itti aanu, arjummaa itti dabalaa, innis jaalala. Sun dhagaa golee dha. Guyyoota kana keessaa tokko, waldaa keessatti . . .

318 Amma, waanan dubbadhu, teeppii irraa warri dhaga’anii, fi warri kaan hunduu akka beekan maloo, amma wantan dubbachuuf jiru kana, akka doktiriiniitti barsiisuuf miti. Garuu gargaarsa Waaqayyootiin, sana isinitti agarsiisuun barbaada, dhugumatti Macaafni Qulqulluun inni jalqaba Waaqayyo barreesse, sun, Zoodiyaak samii keessa jiru irratti ture. Inni durba irraa jalqaba. Dhuma irratti leenca Liyoodhaan xumurama. Chaappaa Ja’affaa fi Torbaffaa gara banamutti yoon dhufu, Chaappaan biraa sun yoom akka baname, ni

hubattu, mallattoon Zoodiyaak bakka sanaa kiroosdi fiish ta'ee, kaansarii jedhama. Sunis amma kan keessa jiraachaa jirru bara kaansarii, mul'iseera. Itti fufees Chaappaan sun yoo tarsa'u, Inni Leenca Liyoo ta'ee mul'ata, kunis Dhufaatii Kiristoos isa lammaffaa hubachiisa. Inni jalqaba, gara durbaa, dhufa; ittii aanee, Inni yoo dhufu, Leenca Li'oo ta'ee dhufa. Kana gara kamittan fida . . .

319 Amma, ani ganama kana yeroo qabaachuu fi dhiisuu koo hin beeku. Garuu asitti kan tarreeffaman, sirriitti piraamidoota keessa akka jiran isintti agarsiisuuf, waanan danda'u hunda nan godha, Macaafa Qulqulluu isa lammaffaa Waaqayyo barreesse. Henok isaan barreessee, piraamidii keessa kaa'e.

320 Sadaffaa, akkuma wanti Waaqayyo yeroo hunda sadii keessatti hundeeffamu, achii booda Inni ofii Isaa Sagalee Isaa of godhe.

321 Kanaaf, amma, yaadadhaa, piraamidii keessatti . . . Keessumaa loltuu kan turtan Gibxii akka turtanan yaada. Piraamidichi qoobii tokko illee of irraa hin qabu. Gonkumaa hin qabu. Mataa kan ta'e—Dhagaa Golee irraa kan hafe, waan hundi jira, hanga ammaa . . .

322 Yoo maallaqa doolaara kiisii keessan keessa qabaattan, doolaaricha ilaalaa, kallattii gama mirgaan, alaabaa Ameerikaa wajjin, fakkiin risaa wajjin ka'ee argitu. "chaappaa Ameerikaa," kan jedhu chaappaan irratti barreeffameera. Gama biraatiin, piiramidii qaba, keessa isaatti ija namaa kan qabuu fi koobiin dhagaa guddaa ni mul'ata. Gama kanaan "Chaappaa guddaa," jedha. Tole, kun yoo saba guddaa ta'e, chaappaan guddaan kun maaliif chaappaa biyyaa isaa hin ta'in? Waaqayyo eessayyuu yoo deeman, dhugaa baatota isaan taasisa.

323 Yeroo tokko doktora tokko waliin, waa'ee fayyina Waaqummaa osoo dubbannuu, dhagaa cilee boba'aa irraa na oofaa ture. Karaa irra dhaabachaa ture. Inni akkas jedhe, "Obbo Biraanhaam, ati namoota burjaajessuu qofa." "Karaa ogeeyyii fayyaa qofa malee, fayyinni tokko hin jiru," jedhe.

324 Ani itti garagaleen, mallattoo isaa konkolaataa irratti ilaale, bofa utubaa irratti maxxanfame argeen ture. Anis, "Erga akkas ta'ee mallattoo sana konkolaataa kee irraa kaasuu qabda, beeksifni kee, Waaqayyo Fayyisaa ta'uu 'waan dhugaa bauuf" jedheen.

325 Doktariin dhugaa kana ni amana. Sun doktara sobaa isaan godha. Eeyyee, fira koo. Bofichi utubaa irra jira! Museen bofa sana utubaa irratti fannise. Innis, "Ani Gooftaa dhukkuba kee hunda fayyisuu dha." Isaanis fayyina Waaqummaaf, bofa sana ilaalaa turan. Ammas garuu isa irratti dhugaa ba'u; ta'us mallattoon isaanii isaan irratti dhugaa ba'a. Wiiw!

326 Kunoo, biyya keenya keessatti, nuyi akkasi dha kan jedhutu mul'ata, akkasumas wantoota kanatti qoosu, maallaqni

isaanii, jijjiirraan maallaqa isaanii, chaappaan adunyaa guutuu Waaqayyo ta'uu isaa dhugaa ba'a. Maallaqa doolaaraa sana irratti, ija argitanii? Chaappaa guddaan sun isa dha.

327 Inni piraamidii gubba irra gonkumaa taa'ee hin beeku. Maaliif akka ta'es isaaniif hin galu. Mataa kan ta'e, Kiristoos, Dhagichi golee ni gatame. Garuu Inni gaaf tokko, ni dhufa.

328 Amma, ijaarsa keessatti, gaarummaa...Ijaarsa kana ijaaruun, nama guutuu kana ijaaruun, ilaalaa, inni dhagaa bu'uuraa irraa jalqaba; amantii, gaarummaa, beekumsa, of qabuu, obsa, waaqayyoon fakkaachuu, jaalala obbolummaa. Kunis maal godha? Waaqayyo jaalala waan ta'eef, isaan Dhagaa golee kan ta'e jaalala, akka egan godha. Inni immoo humna isaanii hundumaa dha, Innis ni to'ata. Sun sirrii dha. Eeyyee, fira koo.

329 Karaa *as* keessa, *as* irraan, gidduu, darbuu koo ilaalaa, hojjii asii kana hundumaa keessatti, dambaliiwwan xiqqoos ni dhufu. Sun maali? Karaa Kiristoos, Hafuurri Qulqulluu gadi bu'u dha, argitanii. Hafuura Qulqulluu! Hafuurri Qulqulluun *kana* hundaa oli dha, kana walitti hidhaa, ijaarsa (maalii?) Dhagaa golee dhufee Inni ishee irra taa'u, Waldaa mudaa hin qabne dha.

330 Ammas maal hojjechaa ture? Inni Baroota Waldaa Torbanii keessatti, ergamtoota Waldaa torbaan mul'isaa ture.

331 *Asitti* debi'ee jalqabe. Waldaan jalqaba eessatti hundeeffamte? Waldaan pheenxeeqoosxee jalqabaa eessatti hundeeffamte? Efesoonitti, urjii Bara Waldaa Efesoon, kan ta'e Qulqulluu Phaawuloosiin, Efesoonitti hundoofte.

332 Barri Waldaa inni lammaffaan Simiirnaa ture. "Gaarummaa." Namni guddaa imaanaa Wangeela Phaawuloos itti fufsiise, Irraaniyoos ture.

333 Barri Waldaa inni itti aanu Pheergaamoon ture, innis Maartiin ture. Maartiin nama guddaa itti fufsiise ture. Phaawulos, Irraaniyoos, Maartiin.

334 Tiyaatiraa keessatti Kolombaan dhufe. Ni yaadattuu? Kunoo inni, *achitti* harkifame. Kolumbaa jedhama. Koolumbaan booda...Baroonni Dukkanaa dhufan.

335 Achii Sardees ni dhufte, hiikni isaas *du'eera* jechuu dha. Luutar ture. Haleeluyyaa! Maali sana booda? Eenyu dhufe Sardees booda, Luutar?

336 Achii Fiilaadilfiyaatu dhufe. "Waaqayyoon fakkaachuu." Weesilii, qulqullummaa! Luutaris "Qajeelonni amantiin jiraatu," jedhe Luutar. Qulqullummaan karaa Weesilii dhufe.

337 Kana booda, karaa Loodoqiyaa jaalalli obbolummaa dhufe. Nuti immoo Ergaa guddaa mul'achuu Eeliyaas lammaffaa, guyyaa dhumaa keessatti, guutuu biyyaatti ni amanna.

338 Baroonni Waldaa Torbanii, isaan kana, sadarkaa torba. Waaqayyo Waldaa Isaa, akka nama dhuunfaa tokkootti, gara ofii Isaatti ijaaraa jira. Ulfinnichi, Humni Waaqayyoo, *kana* keessaan gadi dhufee, Isa walitti baqsa. Kanaaf, namoonni Pheenxeeqoosxee sun Lutaraanota, Weesiliyaanotaa fi kanneen biroos kan baasan, isaan amma waan dubbatan hin beekan. Argitanii, mana qulqullummaa keessa sadarkaa *kanaan* jiraataa turan. Namoonni tokko tokko, akka sanatti ol ba'anii kan gadi kufaniif kanaafi. Haa ta'u malee ijaarsi sun akka dabalu kan godhan, warra dhugaa ta'an qabdi. Gooftaan "Ani iddootti nan deebisa," jedheera.

339 Isin *Muka Misirroo* ni yaadattuu? Lallaba *Muka Misirroo* irratti ni yaadattuu? Isaan Isa ni nyaatu, Inni garuu ni cire. Isaan dameewwan waldaa amantii argatan; Innis isaan irraa ciree ture. Isaan waldaa biraa, dameewwan waldaa amantii dhaaban; Innis ni cire. Garuu onneen Muka sanaa guddachuutti fufe. "Akasumas yeroo galgalaa Ifa ta'a." Argitanii? Yeroo sanatti Kiristoos, Hafuurri Qulqulluun ni dhufa. Yesuus gadi bu'ee Mataa Waldaa irra ofii Isaa kaa'a sana booda, Inni immoo Waldaa kana, Qaama Mataa Isaa ta'e ni kaasa. Qaamni *achi* keessa jira.

340 Akkaataa Waaqayyo akka nama dhuunfaatti akka nuti guddannu nu irraa eegaa jiru, akkaataa Inni Waldaa Isaa akka guddattu itti fide. Baroonni Waldaa hundumtuu, Inni Waldaa guddaa tokko ta'a. Argitanii?

341 Hiriyyaanni *kun* akka hiriyoota *kanaa* ta'uun isaan irraa hin eegamu. *Kun* immoo akka nama *kanaa* ta'uun irraa hin eegamu. Argitanii? Garuu Inni Waldaa Isaa haala wal fakkaatuun ol fide. Inni kan Isaa—fide Waldaa Isaa ol fida akkuma Inni saba Isaa ol fidu. Sana booda Pheexiroos akkas jedha, jalqaba, wantoota torba: amantii, gaarummaa, (argitanii, ol dhufu), beekumsa, of qabuu, obsa, waaqayyoon fakkachuu, jaalala obbolummaa, gaarummaa obbolummaa dabalaa, achiis jaalala Waaqayyoo. Hafuurri Qulqulluun, Kiristoos qaama Hafuura Qulqulluu keessatti ta'ee, isin irratti dhufa, cuuphaa dhugaa Hafuura Qulqulluutiin, isinis gaarummaawwan kun hundi isin keessatti mallatteeffame argattu. Sana booda, Waaqayyo Godoo Qulqullaa'aa tokko keessa jiraata, innis Gamoo jedhama, Godoo jiraataa iddoo jireenya Waaqayyoo jiraataa.

342 Yeroo namni tokko wantoota akkanaa qabaatu, sana booda Hafuurri Qulqulluun isa irratti dhufa. Homaa miti, afaan haaraan dubbachuu dandeessu, kennaa Waaqayyoon argame hunda fakkeessu dandeessu. Isin gochuu dandeessu. Garuu hanga gaarummaawwan *asitti* argaman kun isin keessa seenanitti, ammayyuu bu'uura amantii, dhugaa irraa fagaattanii jirtu. Garuu yeroo gaarummawwan kun guddatan, sanas itti dabaltan, sana booda isin siidaa lubbuu qabu dha. Isin waaqa tolfamaa socho'anii, fi jiraatoo dha.

343 Garuu, akkuma beektan, waaqaffattoonni—ormootaa, waaqa tolfamaa yaadaa, duratti sagadu. Waaqa tolfamaa yaadaa sanas karaa yaadaan amanan sana keessatti waaqni yaadaa deebi'ee isaanitti akka dubbatu amanu. Sun amantii ormaa ti. Sun Roomaa dha. Isaan qulqulloota gosa hundumaa fi waan hundumaa duratti jilbeenfatu. Isaani Qulqulleettii Sisiiliyaa, waaqa manaa tokkoo, fi wantoota adda addaa akkasii baay'ee qabu. Isaan sanaaf jilbeenfatu, dhugumatti immoo karaa yaadaa sana ni amanu. Maal akkam—fakkeenya, Waaqa jiraataa dhugaa dha.

344 Garuu nuti yeroo, karaa yaadaan osoo hin taane, garuu Waaqa jiraataa duratti yommuu sagannu, gaarummaa jiraataa, beekumsa jiraataa, obsa jiraataa, waaqayyoon fakkaachuu jiraataa, Humna jiraataa Waaqayyo jiraataa irraa kan dhufu, nama guutuu Waaqayyoo kessatti nama jiraataa fakkii jiraataa taasisa. Inni maal hojjechaa jira? Wantoota walfakkaataa Yesus godhe sana; karaa Inni deeme sana deemuu, waanuma Inni hojjete sana hojjechuu dha. Sababni isaa, inni waan yaadaa miti. Dhugaa sana kan mirkaneessu jira.

345 Ilaalaa maal jechuu kootii? Ilaalaa gaarummaawwan kun, meeshaaleen ijaarsaa kun, ergamtoota Waldaa wajjin, baroota Waldaa wajjin akkamitti akka barreeffaman? Amma, guyyoota kana keessa, nuti hundi jechoota kana fudhachuuf jirra, isaanis qoradhaa, sana mirkaneessuu isaa argisiisa. Inni hundi waliin deema. Sirrii dha. Argitanii? Oo, maay! Sun akkam ajaa'iba, argitanii, maal akka ta'e ilaaluun—maal akka hojjetu.

346 Amma, Mann Waaqayyo keessa jiraatu; gamoo gubbaan isaa bilbila guddaa qabuu, fi gubbaan olka'u miti. Argitanii? "Garuu Ati Foon Na qopheessite," Foon Waaqayyo keessa jiraatu, Waaqayyo keessa kan deemuu, Waaqayyo keessatti kan arguu, Waaqayyo keessatti kan haasa'u, Waaqayyo keessatti kan hojjetu dha. Ameen! Meeshaa Waaqayyoo jiraataa, Waaqayyo miila lamaan ittiin deemu, ni taata. Ulfina! "Miilli warra qajeelotaa Waaqayyoon ajajama," Waaqayyo isin keessa adeema. "Isin xalayaawwan barreeffaman waan taataniif, namni hunduu isin dubbisa." Jireenyi Kiristoos keessa jiru yoo isin keessa jiraate immoo, Jireenya Kiristoos horate sana isinis ni horattu.

347 Akkuman yeroo hunda jedhu. Dhangala'aa muka kookii keessaa baastanii, traansifiwushiniidhaan, gara appiliitti, yoo dabarsuu dandeessan, mukti appilii sun kookii ni godhata. Sirriitti ni godhata. Shakkii malee. Dameen isaa maaliyyuu yoo fakkaatan rakkoo hin qabu, dhangala'aa muka appilii of keessaa qaba, ykn muka kamiyyuu haa ta'u, argitanii. Argitanii? Muka appilii keessaa jireenya baastanii, hunda isaa baastanii, traansifiwushiniidhaan dhangala'aa—isaa, muka kookii keessaa xuuxaa gara muka appiliitti dabarsaa. Maaltu ta'a? Inni sana booda ija kookii hin godhatu. Argitanii? Lakkii, fira koo. Inni hin ta'u. Yoo jireenyi muka kookii gara muka appiliitti gale,

gonkumaa, appilii hin godhatu. Inni jireenya of keessaa waan qabuuf, argitanii, argitanii, kookii godhata.

348 Tole, gara keenyaatti yoo deebinu, nuti buqqee bosonaati, mata jabummaa, argitanii, nuyi akkasuma, sababiin isaa nu hundi keenya cubbuu fi irra daddarbaadhaan duunee jirra. Hundi keenya haala kana keessa jirra. Sana booda, ofii keenya, of gatuutti, of kennuu dandeenya, hamma Waaqayyo ujummoo dhiiga Isaa, Maqaa Yesus Kiristoos fudhatutti, Jireenya Kiristoos hanga gara keenyatti dabarsutti, 'sababni isaa, "Samii jala Maqaan biraa namni ittiin fayyu danda'u hin jiru," Yeroo sana amantii Kiristoos bira ture, amantii *akkanaa* qabaanna. Amantiin Kiristoos Fariisota, ykn Saduuqoota irratti hin hundoofne, ykn okkoteewwan isaanii, qodaawwan, fi distiiwwan, dhiqannaa isaaniis miti. Inni Sagalee Waaqayyoo irratti kan hundaa'e ture, ameen, hanga Kiristoos Sagalee ta'utti, Sagaleenis hanga foon ta'utti, kan jabaate ture. Nutis sana booda yeroo Humna Isaan akkasitti namaa dabarsuu dandeenyu, yaada mataa keenya sanaaf duunee, amantiin keenya amantii dhugaa yoo ta'u, haalleeluyyaa, sana booda Jireenyi Kiristoos gara keenyatti darba. Uumama jiraataa Waaqayyoo taana, Hafuurri Qulqulluu eebba ifa Isaa karaa achitti ergu iddoo jireenyaa ta'uudhaan, dhaabbii Kiristoos warra qaban taana.

349 Yesus akkas jedhe, "Inni hin barreeffamnee? 'Ani Ilma Waaqayyoo dha,' jennaan, Na balaaleffattan. 'Isin waaqolii dha,' jedhamee, hin barreeffamnee. Seerri keessan, akkas hin jedhuu?" Akka Musee, akka Eliyaas, akka raajotaa hanga Waaqayyo ofii Isaa isaan keessa darbutti, Waaqayyotti dhi'aatanii jiraatan isinis akkasuma. Isaanis waa'ee Waaqayyo malee, waa'ee ofii isaanii, hin dubbanne. "Waan dubbattan hin yaadda'inaa, 'sababni isaas kan dubbattu isin miti. Inni dubbatu; Isa isin keessa jiraatu Abbaa dha." Inni du'eera, Sagaleen Isaa, kan ofii isaa miti.

350 Yeroo du'an, dhiigni hundumtuu namicha keessaa ba'a, ni kafantu. Rakkoon isaa, namoonni baay'ee hin kafanan. Waan du'eef, namicha keessaa dhiiga isaa ni dhabamsiiftu. Jireenya kan biraa jirachuuf du'eera; wanti isin gochuu dandeessan dhiiga biraa bakka buusuu dha. Dhiiga isaa keessaa baastu.

351 Nutis Dhiiga Yesus Kiristoos keessa galchineerra, argitanii, sun immoo amantii Yesus Kiristoos fida, gaarummaa Yesus Kiristoos, beekumsa Yesus Kristoos, of qabuu Yesus Kristoos, obsa Yesus Kiristoos, waaqayyoon fakkachuu Yesus Kiristoos, jaalala obbolummaa Yesus Kiristoos, jaalala Waaqayyoo, innis Yesus Kiristoosi dha. Inni Mataa ta'ee isin to'ata. Miilli keessan immoo bu'uura, amantii ti. Ameen! Kunoo. . .?. . .Mataan geggeeffamuun, nu barbaachisa. Yeroo namni gaarummaawwan kana qabaatu, nama Waaqayyoo mudaa hin qabne ta'a.

352 Achii, Waaqayyo, Waldaa Isaa dubartiitti fakkeessa,

Misirroo jedhaani. Waaqayyo Waldaa Isaa Misirroo fakkeessa. Tokkoon tokkoon nama dhunfaa gara Misirroo ta'uutti, gara mucaa Isaa ta'uutti karaa Inni fidu, Inni bara kana keessa Misirroo fideera, [Obboleessi Biraanhaam gabatee isaa irratti yeroo torba rukuta—Gulaalaa.] hanga Inni Waldaa gara guutummaa tokkotti gara *kanatti* ishee fidutti dha.

353 Miilli koo ni socho'a. Maalif? Mataan koo waan ajajeef. Hubadhaa, miilla waan ta'eef, akka harka kootti hin socho'u. Luutar wantoota nuti goone gochuu hin danda'u, Meetodistoonnis hin danda'an, isaan waan biraa turan. Argitanii? Mataan waan dubbateef miilli socho'a. Mataan immoo, "Amma, miillaa, ati harka ta'i. Gurraa, ati ija ta'i" gonkumaa hin jedhu. Argitanii?

354 Garuu, bara hundatti, Waaqayyo wantoota kana Waldaa Isaa keessa kaa'eera, tokkoon tokkoon nama dhuunfaa, kanneen akka qabuu fi amala kana akka qabu agarsiisuudhaan boce. Uumamni *kun* immoo, yeroo guutuu ta'ee xumuramu, Waldaan Waaqayyoo gara Butamuutti deemti. Tajaajilaan Waaqayyoo, Waldaa Waaqayyoo keessatti, dhaabbii guutuu xumurame, *kun* ta'u, ol Butama. Ulfina! Waanan jechuu barbaade hubattanii? Isinis kanuma. Wantichi kanuma.

355 Namni Phaawuloos jedhamu tokko dhufee, *kunoo,* bu'uura kaa'e. Isa irratti Iraaniyees *kana* itti naqe. Itti aanees *kana* dhangalaase. Kan itti aanu *kana* dhangalaase. Itti aanseee *sana*, *sanas*, *sanas*, jechaa hanga bara dhumaatti dhufutti. Garuu inni maali? Inni Hafuuruma tokko dha.

356 Hafuura wal fakkaataa na keessa jiraatu sun, akkas jedha, "Harkaa, borsaa sana naaf kenni." Hafuurumti sun, "Miila, tarkaanfadhu" jedha. Waanan jechuu barbaade hubattanii?

357 Sana booda, guddinni jireenya keessanii guutuun wantoota kanaan gaggeeffamee to'atama, garuu hanga guutummaatti ayyaana kana qabaattanitti guutummaatti to'achuu hin dandeessan.

358 Kana dhageessanii beektuu? Kana sinittan hima. Sirriitti qabadhaa. . . Kana gurra dhaga'u irra kaa'aa. Argitanii? Cancalli tokko jabinni isaa hidhaa isaa isa dadhabaa ta'e irra jira. Sirrii dha. Bakki walitti hidhametu irra jabaata.

359 Isaan *kun* hammam jabaatanii ijaaraman illee, *kun* ijaaramee; hidhaan yoo dadhabaa ta'e, ni cabdi. Innis hidhaa dadhabaa sana caalaa cimaa miti. [Obboleessi Biraanhaam fakkii gabatee irratti kaase eeraa jira—Gulaalaa.] Amma isin *kana*, *kana*, *kana*, qaba jettan *kun* immoo yoo sin hir'ate, yeroo sana ni cabdi. Isin yoo *kana* argattan, *sana* immoo yoo dhabdan, isheen achumatti cabdi. Isin *kana* qabdu, *sana* hin qabdan ta'e, inni ni caccaba. *Kana*, qabaattanii *kana* immoo yoo hin qabaanne, ni caccaba. *Kana* qabdanii, *kana* yoo hin qabne,

inni ni caccaba. Argitanii? Kan biraa immoo. . .*Kana* osoo hin qabaatin *kana* qabaachuu hin dandeessan.

360 Kanaaf yeroo dhaabbii guutuu keessan bichisiiftan, Hafuurri Qulqulluu isin keessa jira, gaarummaawwan kana keessatti, isin godoo qulqullaa'aa jiraataa taatu. Namoonni ilaalanii akkas jedhu, "Sun gaarummaan, beekumsaan nama guutame (inni Sagalee amana), of qabuu, obsa, Waaqayyoon sodaachuu, jaalala obbolummaa, jaalala Hafuura Qulqulluun guutame. Argitanii, inni isa dha, deemaa jira" jedhu. Inni maali? Warri hin amanne nama guutuu mudaa hin qabne ilaalanii akkas jechuu danda'u, "Kiristaana jechuun isa. Inni, ykn isheen, waan dubbatan kan beekani dha. Nama gara laafessa, garraamii, nama akkas Waaqayyoon sodaatu hin argine jedhu." Isinitti chaappeffameera. Chaappaan tokko gama lamaan mul'ata. Deemtanis ykn dhuftaniis ta'u, chaappaa sana wal qixa argitu. Kanuma. Argitanii? Yeroo dhiirri ykn dubartiin ayyaana *kana* qabaatan, Dhagaa Golee gadi bu'ee Mootummaa Waaqayyoo, isa Hafuura Qulqulluu ta'etti isaan chaappessa.

361 Sana booda Sagaleen, *As* irraa dhufu, ofii Isaa karaa tokkoo tokkoo namoota kanaa of mul'isa, argitanii, nama guutuu Godoo Qulqullaa'aa Waaqayyoo jiraataa Ta'uun, deddeebi'aa, fakkeenya Kiristaanummaa jiraataa taasisa. Kiristoos waan qabu hunda, isaanis ni qabu, Jireenyi Isaa keessa waan jiruufi. Kiristoos keessa jiru. Jireenyi isaaniis du'ee Kiristoos keessa dhokatee jira, karaa Waaqayyoo, Hafuura Qulqulluudhaan chaappeffamaniiru. Qorontos Tokkoffaa 12. Sirrii dha. Argitanii? Isin akka nama du'eetti of lakkooftu, achii amantiidhaan dhalattu. Gaarummaa fi wantoonni biroo isiniif dabalameera hanga fakkii Waaqa jiraataa, mudaa hin qabne taatatanitti. Sun ajaa'iba?

362 Achiis Waaqayyo, karaa sanaan, Baroota Waldaa Torba fideera, tarkaanfiiwwan torban Inni fide agarsiisuuf, nama dhuunfaa Isaa bifa Isaatti ijaaruudhaan, Inni Waldaa guutuu bifa Isaatti ijaaruu dha. Yeroo du'aa ka'uu immoo, Qaamni guutuu kun Misirroo waan ta'eef, bara baraan Isa waliin jiraachuuf ni ka'a. Argitanii? Kanaaf bara hundumaatti, bara dhufu hunda ni sirreessa.

363 Inni biraa haal dureen kana darbe akka qabu, yaadadhaa. Phaawuloos Ibroota 11 irratti kan dubbate yaadattuu? Mee osoo hin cufin daqiiqaa tokko qofa, waan tokko isiniifan dubbisa. Sana booda isin. . .Yeroo hundumaa yeroon kana dubbisu na ajaa'iba, akka miirri. . .addaa natti dhaga'amu godha. Ibroota 11n bana, lakkoofsa 32ffaa irraan jalqaba.

> Kana caalas, *dubbachuu na barbaachisaa ree? waa'ee Geedwoon,. . .Baraak,. . .Siimson,. . .Yiftaa;. . . Daawit. . .Saamu'eel,. . .akkasumas waa'ee raajotaa isinitti odeessuuf immoo yeroon na hin ga'u:*

*Isaan keessaa kaan amantiidhaan mootummoota mo'anii, kaan waan qajeelaa hojjii irra oolchanii*, abdii *argatanii, kaanis* afaan *leencotaa cufan,*

*kaanis ibidda hoollatu Dhaamsanii, qara billaa jalaa miliqanii, dadhabbii keessaa jabina argatanii, lolatti jaboo ta'anii, loltuu warra ormaas . . . baqachiisaniiru.*

*Dubartoonni namoota isaanii warra duraa du'an du'aa kaafamanaaniif deebisanii fudhataniiru: . . . warri kaanis jireenya isa wayyuuf du'aa akka kaafamaniif, gadi dhiifamuu didanii; harka warra isaan dhipphisaniitti dhiphatanii du'an:*

364 Karaa gadii keessaan *asitti*. Argitanii? [Obboleessi Biraanhaam fakkii gabatee boronqii irratti kaase eera—Gulaalaa.] Tole.

*Warri kaan ga'oof . . . ta'an, in reebaman, finyoo . . . sibiilaatiin hidhamanii mana . . . hidhaatti . . . in galfaman:*

*Dhagaadhaan in rukutaman, iddoo lamatti in* baqaqfaman, *in qoraman,* billaadhaan . . . *in ajjeefaman*: *gogaa hoolaa yookiis* re'ootaa *uffatanii asii fi achi in deddeebifaman; waan isaan barbaachisu in dhaban, in rakkifaman, in miidhaman;*

*(Biyyi lafaa warra akkasiif* kan *hin malle ture:)* . . .

365 Macaafa Qulqulluu keessan keessa, qaree keessatti hubadhaatii, ilaalaa.

*. . . lafa duwwaa, fi tulloota irra in jooran, holqaa fi boolla lafaa keessa jiraatan.*

. . . isaan kun hundinuu, *amantii isaaniitiif dhugaa ba'ameef, . . .*

366 *Asitti*! [Obboleesi Biraanhaam fakkii gabatee boronqii irratti kase eera—Gulaalaa.]

*. . . amantii isaaniif yoo dhugaa ba'ameef iyyuu, isa abdachiifame sana hin arganne:* (Argitanii?)

*Waaqayyo duraan dursee wanta wayyu argee waan nuuf qopheesseef, isaan nu wajjin malee kophaa isaanii fiixaan akka hin baane godhe.*

367 Isin isa argattanii? *As* irratti, namoonni warri dura du'an, nu irratti hundaa'anii nu eegaa jiru. Kanaafuu, du'aa ka'uu ariifachiisuuf, Waldaan *kun* gara guutumaatti dhufuu qabdi. Isaan amma, lubbuuwwan iddoo aarsaa jala jiru, Kiristoos yeroo dhufu, Waldaan kun gara guutummaa Isheetti akka dhuftu eegaa jiru.

368 Waldaan, argitan kun, tuuta xiqqoo wajjin, baay'ee dhiphattee dhufti. [Obboleessi Biraanhaam fakkii gabatee irratti kaase eera—Gulaalaa.] Inni sana caalaa baay'ee dhiphata,

qaxxaamura barreessanii akka sarara darbanitti, ilaalaa. Inni hanga caafii lilmootti dhiphata. Kunis, Waldaan, tuuta xiqqoo wajjin, bakka ishee hanga geessutti inni *kun* gosa tajaajila dhiifame hanga ta'utti, sababni isaas, Dhagaan Goolee kun yeroo deebi'ee dhufu . . .

369 Piraamidii idilee irra, dhufee kan buufatu, *asitti* kan akka kanatti kiisii-xiqqoo fakkaatu tokko qaba. Qofa akka qoobii dhufee kan gubbaa taa'u miti. Bokkaa kan irra yaasu 'waan ta'eef, dhufee kan irra taa'u, kochoo fakkaata.

Yeroo dhufu, Waldaan kan jijjiiramnte taati.

370 Dhagoonni piraamidii keessa jiran, kan biroon kun hundi, toonii baay'ee kan madaalan, wal irra taa'ee, gidduu isaanii millaacciin illee hanga darbinetti haala guutuu ta'een wal irra taa'eera. Akkamitti akka ijaaran, hin beekamu. Haa ta'u malee ijaaramaniiru.

371 Akkasumas *asitti*, Mataan piraamidii yeroo dhufu, piraamidichi, jechuun Qaama Kiristoos qulqulloofte taati. Beeksisa amantii ykn doktiriinii, ykn waan biraa argannuu kamiyyuu miti. Yeroo Inni dhufu, Innii fi tajaajilli sun, tokkummaa mudaa hin qabne, hanga tokko ta'anitti akka Kiristoos ta'uu qaba. Argitanii? Sana booda Butamuun, gara Manaatti deemuutu ta'a.

372 Amma kan jirru, bara Lodooqiyaa keessa, hanga har'aatti waldaa turan hunda keessaa bara waldaa hamaa dha. Macaafa Qulqulluu keessatti, bara waldaa kana qofa keessa Waaqayyo waldaan alatti baafame, argina, iddoo bultii Isaattii seenuu barbaadee waldaa ala dhaabatee, rurukutaa jira. Beeksisni amantii fi dhaabbileen amantii waldaa Isaa keessaa Isa baasaniiru. "Kunoo, Ani balbala dura dhaabadheen rurukuta. Eenyullee dheebotee balbala yoo bane, Ani ol nan seena, isa wajjin irbaata nan nyaadha." Argitanii? Kunoo, bara waldaa *kana* keessatti. Isaan suuta suuta alatti Isa baasanii turan, *asitti* guutummaan guutuutti hanga Isa baasanitti. Isaan Isa wajjin tokko ta'uu hin barbaadan.

373 Amma garamitti akka deemaa jirru argitaniittu. Xumurri Bara Waldaa Lodooqiyaa yeroo waanuma salphaa ta'etti, hanga isheenii fi Kaatolikummaan, *as* keessatti kan diigame, isaan lachuu waldaa guddaa tokko ta'anii ni tokkoomu. Federeeshiniin waldootaa, amantii Kaatolikii wajjin walfakkaataa dha.

374 Garaagarummaa tokko qofaatu jira, sana qofa yoo irra darban, innis irbaata qulqulluu fudhachuu dha. Mana amantaa keessatti wanti jiru sana qofa, sun—amantii—Kaatolikii fi Pirootestaantii tokko hin godhu, tartiiba irbaataa ti. Waldaan Kaatolikii, "Inni qaama foonii dha" jetti. Waldaan Pirootestaantii immoo, "Inni fakkeenya qaama foonii ti" jetti. Kaatolikiin qiddaasee geggeessiti. Kiddaasee jechuun,

sun, yeroo irbaata fudhatanitti, dhiifama argachuuf abdii godhachuudhaani. Pirootestaantiin isa amantiidhaan fudhata, irbaata keessatti, Waaqayyoon galateeffachaa, dhiifama argachuufi. Pirootestaantiin, “Dhiifamni nuuf godhameera” jedhu. Kaatolikiin, “Dhiifamni akka nuuf ta’u abdachaa jirra” jedhu. Qiddaasee fi irbaata. Isaan qiddaasee jedhanii waamu; nuti irbaata jenna. Qiddaaseen abdii godhachuu dha. Irbaanni qulqulluu garuu beekuu dha, Isa galateeffachuu dha. Argitanii? Wanti isaan tokko hin goone kana dha. Tokko ta’uun isaanii garuu hin hafu.

375 Oo, baay’ee bareedaa fakkaata. Bulchaa . . . Ta’uuf, kan biraa—biraa hunda ni bitu . . . Egaa, Macaafni Qulqulluun akkas jedhe, “Bineensonni kun humna isaanii ejjituu sanaaf kennan,” argitanii, kunis tokko ta’u jechuu dha. Argitanii? Macaafni Qulqulluun ni raawwatu waan jedhe, amma gochaa jiru. Torbee kana keessa, adeemsa irra jira. Namoota Pirootestaantii irraa waan adda ta’e, namoota Kaatolikii irraa mufii qabaadhee miti.

376 Isin warri Meetodistootaa fi Baaptisitoota, baay’een keessan warri Pheenxeqoosxees, waldoonni keessan federeeshinii waldoota kana keessa yeroo galan, yeroo federeeshiniin waldootaa, iddoo awwaalcha guddaa magaala Niiwu Yoorkitti ijaaramee argan, akkuma Dhaabbata Mootummoota Gamtoomanii fi wantoota biroo ti. Isaan Pirootestaantummaa hunda tokko gochuuf yaalaa jiru.

377 Amma, warri Kaatolikii sanaaf ogummaa qabu, Phaaphaasii Yohaannis digdamii-sadaffaa, ykn digdamii-lammaffaa, inni waanuma fedhe haa ta’u, erganiiru. innis, gadi of deebisuu guddaa, fi karaa tasggabbiin guutameen, amantii Pirootestaantii fi amantii Kaatolikii hunda gara amantii tokkotti fiduuf, Macaafni Qulqulluun ni ta’a kan jedhe gochaa jiru. Kanuma. Akkasuma warri Pirootestaantotaas kiyyoo sanaan, qabamanii, liqimfamanii, kufaniifiiru.

378 Maalif? Maalif? Sababni isaa *beekumsa* hin qaban. Wantoota *kana* hin qabani. “Dubbichi dhugaa dha.” *Obsa*, “Warri Gooftaa eeggatan.” Waan ani jechuu barbaade argitanii?

379 Erga sana darbanii booda, yeroo darbe lubni Meetodistii dubbatee ture. Waldaatti, ykn mana barumsaatti, kadhanna beekamte gochuuf, kaka’umsi akkamii akka ture, namni kamiyyuu ni beeka. Barbaadanii ture . . . Kitaaba kadhannaa Pireesbaayiteeriyaan natti fakkaata, ykn waan biraa, maatiin garuu kadhannaa kana mana barumsaa keessatti waan—hin—fudhanneef mana barumsaa himatan. Phaaphaasiin Meetodistii kun ogeessa dulloomaa waan tureef, ka’ee akkas jedhe, “Sun dogoggora.” “Heera mootummaa kan faallessuu dha,” jedhe. Hafuura isaa sassaabee. Inni akkas jedhe, “Akkuma waldaa keenya Meetoodistii,” innis, “waldaa keenya Meetodistii keessatti,” jedhe, “yeroo hunda namoonni baay’ee waa’ee

salphina Hooliwuudii dubbatu, dhibbeentaan sagaltamii-shan garuu akkasuma isa ilaaluu deemu."

380 Rakkoon isaa maali? *Kana* dhiisaniiru. Sirrii dha. Sana dhiisaniiru.

381 Ani guyyaa tokko, as kutaa kana keessatti haasa'aan ture, qondaalli—tokko—waldoota Meetoodistii gurguddoo achi Magaala Fools keessa jiran keessaa tokko dha, waldoota Meetoodistii hafuuraa ta'an keessaa tokko kan ta'e Magaala Fools keessatti argama. Bara Pheenxeqoosxee dura kan dhufe, Meetodistii akka jedhamun, agarsiise. Innis, "Seeyinti Luwiis, Mizuurii, gara ji'oota sadii ykn afurii dura, xiinxala qorannoo, taasiseera" jedhe. Tarii namichi sun ganama kana as taa'ee jira ta'a. Tole, inni kontiraaktara kana kan ijaaru dha, gamoo kan nuuf sirreessu isa. Obboleessi Lum fi kan paastariin tajaajilaa turan, Karaa guddaa Meetoodistiitti, achitti argamu. Kanaaf sana keessatti, jechuun kan kaleessaa keessatti, xiinxala tokko keessatti namoonni Meetodistii dhibbeentaa-torbaatama argina, sun, qorannoon Seeyinti Luwiis irratti gaggeeffame tokko akka agarsiisutti, Meetodistoonni dhibbeentaan-torbaatamni tamboo xuuxu, isaan keessaa dhibbeentaan jaatamii-saddeet dhugaatii alkoolii dhugaa jiru. Meetodistii ta'nii! Wanti nama dinqus, yeroo xiinxalli isaa kenname, ykn tilmaama dhiirotaa fi dubartoota gidduutti ta'e ture; dubartoonni, torbaatama, naannoo dhibbeentaa-torbaatama, dhibbeentaan shantamni dhiirota. Dhiirota irra dubartoonni baay'ee tamboos ni xuuxu ni dhugus tiran. Dhibbeentaan torbaatama, dhibbeentaa-torbaatama ol, irra caalaan dubartoota turan.

382 Amma maal ta'a gara Barsiisa Macaafa Qulqulluu uffata gabaabaa uffachuu, rifeensa gabaabsuu, fi waan akkasiitti yoo dhufne, argitanii, waaqyyoon fakkaanna, dubartoonni qulqullummaas qabna kan jedhan? Kaardii paartiiwwanii fi waan hunda, warra hamatan, odeessitoota, arraba isaanii kan hin to'anne dha. Hasaa arrabaa kan hin eeggannee fi kan qoosan, warra naanna'aa olan. Dhiironni akkami? Kaardii paartiiwwanii, taphaa firii hin qabne, walakkaan-qullaa, uffata xiqqoo dulloomaa-xuraa'aa uffachuun, dubartoota harkisanii kan deemani dha. Nama hin ajaa'ibu!

383 Ganama kana lallabaan, lallabaa mana hidhaa sana irratti, shirra xuraa'aa sana argitanii? Eeyyee, fira koo. Namni sun balleessaa qaba jedhee hin amanu. Inni maal godhe? Obboleessa sana...Maqaa isaa hin yaadadhu...[Namni biraa, "Daan Gilbarti jedhama" jedha.—Gulaalaa.] Eeyyee. Daan Giilbart, lallabaa mana hidhaa. Namichi sun fiigee ol seenee Daan ajjeese, ji'oota muraasa dura, amma haati warraa isaa daa'ima da'uuf jirti. Dhugaa dha, Daan du'eera, amma daa'ima sanaaf kan ta'u dhiiga dabarsuu hin danda'an. Isheen garuu Daan na doorsiseeti, daa'imnis..."Daa'ima Daani dha" jette. Soba akkasii...Ani quuruun—baallee gugee biqilche yoo jedhan akkuman hin

amanne—kunis isa irraa adda miti. Lakkii, fira koo. Ani soba ta'uu isaa nan amana. Sun shira seexanaa akka ta'e nan amana. Daan Giilbart nama Waaqayyoo ture.

384 Akkuma kadhannaa sanaa waan ta'e tokko gochuu yaaluudhaafi. Meetodistiin durii sun—Phaaphaasii Meetodistii sanaan akkas yoo jedhu baay'ee qaroo ture. Inni osoo akkas ta'ee, osoo fudhatama qabaatee, kaka'umsa dogoggoraan waan dhufe fakkaata ture. Sirrii dha.

385 Akkuma rakkoon Kibba keessatti ta'e, ari'atamuutu ta'a ture. Namoonni bilisa ta'uu qabu jedheen amana. Sabni kun bilisummaaf akka dhaabbatu nan amana. Obbo Keeneediin loltoota waan gadi ergeef hin komadhu. Garuu, ani—"dallaalaa haaraa," ta'uuf Dimookiraatota miti. Ani Rippaabilikaanota miti. Ani Kiristaana dha. Kanaaf ani . . . Ani sanatti hin amanu. Obboloonni gurraachi hangafummaa isaanii wantoota akkasiitti gurguruu qabu jedhee hin amanu, akkasuma. Inni—kan paartii Rippabilikaanotaa ti. Dhiigni Abrahaam Liinkan nama Waaqayyoon sodaatu waan ta'eef namoota bilisa baase. Ani isaan sagalee kennuun yoo hin oollu ta'e yoo xiqqaate paartii isaaniitti maxxanuu qabu jedheen yaada.

386 Garuu ani waan tokko isinittan hima, mucaan sun bababa manneen barnootaa miti, kan inni deeme. Mucaan sun lammii dha. Inni Ameerikaa dha. Garaagarummaan bifaa umamuu hin qabu. Bilisummaan hundaafi. Hundi keenya . . . "namni hunduu, dhiiga nama tokkoo irraa, uumameera," jedhe, "Waaqayyo." Hundi keenya tokko. Garuu, mucaan sun, loltuu ture. Inni goota durii dha. Inni dhugaaf qabsaa'e. Inni barachuuf mirga qaba ture. Sun sirrii dha. Garuu inni manneen barnootaa dhaquu danda'u hedduu qaba ture.

387 Wantichi akka kana dha. Yoo rakkoo isaa qorattan, dammaqinsa dogoggore, seera dhaabbata amantii bara-ammaa ta'ee argattu. Maalif? Sagalee gurraachotaa Rippaabilikaanota irraa gara Dimookiraatiitti akka yaa'an gochuun, hangafummaa isaanii gurguraniiru. Sirriitti dhugaa dha. Hafuurri Qulqulluun keessa hin jiru . . .

388 "Kan ogummaa qabu." "Kan beekumsa qabu haa ta'u." Sirrii dha. Akkuma waldaa, bara ammaa kana, kan of gurgurtu. Waan ta'uuttii jiru hin argitanii?

389 Teeppiin yoo waraabes na hin dhibu. Inni kanuma. Uh-huh. Eeyyee. Rakkoon isaa maali? Harmeen koo dulloomtuun, "Seexanaaf gatii isaa kenniif" jettiin turte.

390 Waan ta'e tokko hubannaan kan hojjete nama tokko qofa, innis kan gadi bu'e Kaastiroo dha. Eeyyee, fira koo. Achitti gadi bu'e. Kaappitaalistoonnis ulee hunda fi waan hunda qabu turan . . . innis istaandaardii warqee irra jira, akkuma Ameerikaa. Inni maal godhe? Inni boondii sana hunda bite. Maallaqicha karaa danda'e deebisiise. Sana booda maal godhe?

Jijjiirraa maallaqaa fakkeessee, isa jijjiire. Iddoo turetti deebise. Biyyi kun wanti inni gochuu danda'u kanuma qofa.

391 Ganama darbe *Sarara Jireenyaa* dhageessaniittuu? Maalifi, beektuu, boondii warqee irratti akka gurguruu ti. Boondiin kun duruma fudhatame. Mootummaan amma jiru kun immoo maallaqa isaa kan baasu maaliifi? Waggaa afurtama booda maallaqa gibiraa walitti qaban. Isheef xumurame. Waashingitan, DC, gara guutummaa biyyattiitti kan tamsa'u *Sarara Jireenyaa* dha. Gibira, baasaa jiru, biyya alaa irraas bituuf yaalaa jiru. . . Tole, akkasumatti kennaafii jiru. Isin hin argitanii? Waan isaan gochuuf jiran—sirriitti kanuma. Argitanii? Inni maali? Amma, biyyattiin yoo kasaarte, wanti gochuun danda'amu tokkichi kasaaruu qofa. Wanti gochuu danda'amu kasaaruu qofa.

392 Filannoon sababaa godhamuu qabu, maallaqa jijjiiruu qofa. Bulchiinsa amma jiru kana jalatti garuu, isaan kana hin godhan. Waldaan Kaatolikii warra Roomaa warqee addunyaa qabdi. Akkuma Macaafni Qulqulluun jedhe, "Namoonni sooreyyii," fi kkf, "kan biyya lafaa," wanti isaan godhan gurguruu qofa. Warri Biroowun Fi Wiiliyaamsan Warshaan Sijaaraa, fi warri kaan hundi, kam iyyyuu, irra caalaan isaa kan Kaatoliki dha, maalumaafuu, garuu osoo hin kasaarin dura, maal godhu? Ni fudhatu, qarshiichas Roomaa irraa fudhatu, haala kanaan hangafummaa ishee gurgurteetti. Roomaan ishee deeggarti. Eeyyee, fira koo. Isheen ni deeggarti. Amma gara kaabineetti dhi'eessuuf, naannoo isaaniis jabeessuuf, imaammata ga'aa wixineessaa jiru. Obbo Keeneediin waan gaafatan ilaalaa.

393 Akka yeroo darbee, akkas yoo ta'e, kana booda sagaleen filannoo kennuun maaf barbaachise. Fayidaan filannoos maali inni? Saba duratti mirkaneessuu isaanii agarsiisuuf, erga gaazexaan baasanii, maal iyyuu gochuuf fedha hin qabani. Maashiniiwwan guutuu biyyattii jiran kan qophaa'an, Obbo Keeneediin sagalee sobaan akka filataman mirkaneessaniiru. Macaafni Qulqulluun gowwomsuun dhufa hin jedhuu? Filannoo sagalee sobaa akka ta'e, beekamaa dha. Ani amma, Dimookiraatota paartii Rippabilikaan caalaatti mormaa hin jiru, garuu dhugaa Macaafa Qulqulluu irraa na dubbadha. Eenyu akka taa'u dursanii beeku. Egaa sagalee kennuun maal fayyadaa?

394 Dubartoonni lama tamsaasa teleekaastii hirmaatan meeqaa keessantu yaadata? Dubartiin isheen tokko akkas jette, "Ani filannoon koo Obbo. . . ." Ykn, dubartoonni Pirootestaantii immoo, "Obbo Keeneediin filadha" jedhan.

Isaan akkas jedhan, "Maaliif?"

395 "Sababni isaas inni Obbo Niiksan caalaa nama qaroo dha. Pirezidaantii fooyya'aa ta'a jedheen yaada," jette.

396 Innis akkas jedhe, “Isheen dubartii Kaatoliki. ‘Ati eenyuun filatta?’”

397 Isheen, “Ani Kaatolikii, Kaatolikii Roomaa, Kaatolikii amanamaa dha” jette. “Anis Obbo Niiksaniin nan filadha,” jette.

“Maaliif?”

398 Akkas jette, “Sababni isaa, akkan yaadutti Obbo Niiksan Pirezidaantii fooyya’aa caalaatti muuxannoo wantootaa qabu dha. Inni waa’ee komunizimii sirriitti beeka.” Jechuun soba dubbatte.

399 *Dhugaawwan Amantii Keenyaa* kan jedhu, gabaa irra kan jiru kitaaba Kaatolikii isa guddaa, *Kan*. . .ani argadhe dha. Inni achi keessaa akkas jedha, “Yoo tikkeettiin Kaatolikii irra jiraate, nama Pirootestaantii mormuuf fiigu dha; namni Kaatolikii tokko Pirootestaantiif yoo sagalee kenne, isaan waldaa Kaatolikii keessaa ni ari’ama jedha.” Sirrii dha. “Akkasumas Kaatolikiin lama waajjira tokkoof yoo dorgoman, ‘waldaa haadhoo’ caalaatti amanamaa kan ta’e isaan Kaatolikii ni filatu sunis sagalee isaaniif kenna jedhama.”

400 Akkamitti, maal gochuuf akka yaalan, gowwoomsaa isaanii argitanii? Kana bituuf, maallaqa buusu. Maalif? Ishee cabsuuf yaalaa jiru. Dabree immoo cabdee jirti, isaaniif milkaa’eera. Inni immoo maali? Inni ulaagaa warqee irratti argama. Waldaan Kaatolikis, sadarkaa aangoon, warqee addunyaa qabdi. [Namni tokko, “Doolaara biliyoona dhibba tokkoo fi jaatamii-saddeet” jedha.—Gulaalaa.] Biiliyoona dhibbaa fi jaatamii-saddeet. Sun kunoo ti. Istaandaardii warqee irratti ishee gataniiru, namoonnis wantoota manaa fi qabeenya keessan wajjin haftaniittu, haa ta’u malee isinis qabeenya waldaa Kaatolikii ti. Sabni kun kan waldaa Kaatolikii ti. Karaa jijjiirraa maallaqa isaanii, wanti hundinuu akkasitti booji’ameera. Macaafni Qulqulluun waa’ee kanaa hin dubbatuu? Macaafni Qulqulluun fakkii inni nuuf kaasuu kana dha.

401 Obboleessa, har’a, waantan jechuu barbaade. “Inni waldaa gaarii godha. Inni Pirootestaantii tokko godha,” jedhu. Inni ija uumamaatiin gaarii fakkaata, garuu beekumsi biyya lafaa kun Waaqayyoof gowwummaa dha.

402 “Inni Waaqayyoon gammachiisu, warra badan oolchuuf, karaa—gowwummaan lallabuu dha, ” tajaajila Waaqummaatiin, kan Inni Waldaa Isaa keessatti muude, Walda Kiristaanaa amaloota hafuuraa kana irratti ijaaruuf malee waan biyya lafaa ilaallatu irratti miti.

403 Pheexiros akkas jedhe, “Kajeellaa qarshiitiin malaanmaltummaa biyya lafaa jalaa waan baataniif, kajeellaa yeroo guddaa, gammachuu, nyaachuu, dhugaatii, fi kajeellaa nuti qabnu sana. Isin sana jalaa miliqxanii jirtu. Amma immoo jireenyaaf ijaaramtanii jirtu. Ani sana Waldaa Kiristaanaafan jechaa jira,” jedhe inni. Isinifis akkasuma. Isa dubbiftaniittuu?

Isin isa argattanii? Yeroo Pheexiroos isa Lammaffaa irra deebinee dubbifnu dhageessanii? Inni maal akka jedhu dhaggeeffadhaa, as keessatti kan barreeffame akkam bareeda, akkamitti—akka inni dubbate. Tole. Amma yeroo inni dubbatu isa dhaggeeffadhaa. Tole.

> *Ani Simoon* Pheexiroos, *Yesus Kristoosiif, hojjetaa ergamaas ta'ee, warra karaa qajeelina Waaqayyo keenyaaf Fayyisaa keenya Yesus Kiristoos amantii gatii jabeessa isuma . . . nuyi arganne sana argataniif:*
>
> *. . . Waaqayyoon, Gooftaa keenyaa Yesus Kiristoosiinis beekuu bira ga'uu keessaniin ayyaannii fi nagaan isiniif—haa baay'atu,*
>
> *Akkuma—humna waaqummaa isaatiin* waan *hundumaa nuuf kenneera . . .*

404 Lafaa fi waan hundumaa eenyutu dhaaluuf deema? [Namni tokko akkas jedha, "Qulqulloota."—Gulaalaa.] Dhugaa dha. "Kan ilaallatu . . . " Eeyyee. Tole.

> . . . gara *jireenyaatti nu geessuuf namoota Waaqayyoo, nu godhachuudhaaf kana hundumaa nuuf kenneera:*
>
> *Dhagna hafuuraa isa kan Waaqayyoottii hirmaattuu* akka *taatan* abdiin: *gatii . . . jabeeyyiinii fi gurguddoonni* nuuf *kennamaniiru, badiisa* (Sana dhaggeeffadhaa.) *isa sababii kajeellaa fooniitiif biyya lafaa kana keessa jiru jalaa baataniittu.*

405 Kajeellaa qarshii, kajeellaa waan gurguddaa, kajeellaa beekkamtii, wantoonni kun amantootaaf du'aniiru. Dhimma hin qabnu. Dunkaana ykn godoof, maaliifan dhiphadha; jiraachuu ykn du'uu, liqimfamuu ykn lixuu? Ani kanan barbaadu, Mootummaa Waaqayyoo dha. Ani mana yoon hojjedhe, ani maatii dhuunfaa koo yoon ijaare, waanuma fedhe yoon godhe iyyuu, ani abdii Ulfina keenyaa kan ta'e, ani Kiristoosiin haa eegu.

406 Na ijaari, Yaa Gooftaa, *Kana* keessatti. Mee Kiristoos Mataa koo haa ta'u, inni karaa koo haa hojjetu. Bu'uura koo irratti, amantiin koo isa Isa keessa jiru, mee gaarummaan, beekumsi, of qabuun, obsi, nama waaqayyoo ta'uun, fi obboloota jaallachuun, na keessatti haa hojjetu, yaa Gooftaa, kun kadhannaa koo ti. Du'us ykn jiraadhus, liqimfamus ykn gadi lixus; dhaabbanni amantii jiraatus, dhabamus; hiriyaan haa jiraatu ykn haa dhabamu; ani dhimma hin qabu. Mee Sun na keessatti haa hojjetu, mee gaarummaan Kiristoos, beekumsi Isaa, haa dhangala'u, ani akkan isaan barsiisuu danda'u.

407 "Waaqayyo Waldaa Kiristaanaa keessatti ergamoota, raajota, barsiisota, tiksoota, paastarootaa, fi lallabdoota wangeelaa kaa'eera, hundi isaanii gaarummmaa kana hundumaa fiixaan baasuu fi gara isaatti fiduuf, sababa

guutummaa Dhufaatii Ilma Waaqayyoo sanaaf." Tokkoon tokkoon dhagaa *kanaa* meeshaa Tokkicha sana irraa kan ba'ee dha. *Kun* meeshaa Kanaa ti. Tokkoon tokkoon gaarummaa kanaa kan Isaa ti, isaanis Isa keessaa dhangala'aa jiru, karaa isaan. Ameen.

408 Sa'aatii kudha lama ta'eera. Hundi maaliin gudunfama? Ameen. Isin Isa ni jaallattuu? [Gumiin, "Ameen" jedha.—Gulaalaa.] Isin kana ni amantuu? ["Ameen."] Dhaggeeffadhu, isa xiqqaa.

409 Obboleettiin Kiid akkas jette, ganama kana, "Obboleessa Biil, ani deebi'ee si arguu fi dhiisuu koo hin beeku." Sun na ajjeesuu jaallate. Argitanii? Isheen dulloomaan jira jettee yaaddi, ishenis dulloomtee jirti. Ani Waaqayyo ishee fi Obboleessa Kiid akka oolchu nan kadhadhe, yeroo dheeraa.

410 Mee isiniin nan jedha, hanga yoomiitti akka wal qabaannu hin beeknu. Ani hanga yoomitti akkan isin waliin turu hin beeku. Waaqayyo tarii biyya lafaa irraa na waama ta'a. Inni gara dirree tajaajilaa kan biraatti na waama ta'a. Inni bakka tokkotti isin waama ta'a. Nuti hin beeknu. Garuu, mee haa—argannu. Mee kun akkasumaan nurra hin darbine. Mee sana haa fudhannu.

411 Inni, Macaafa Qulqulluu keessa jira. Inni kunoo ti, waan biraa hunda tartiibessa. Isas hojjechuuf ani osoon yeroo argadhee! Isin guyyaa tokkotti isa gochuu hin dandeessan. Isin kana beektu. Garuu, waan hundaa walitti hidhuu danda'a!

412 Ilaalaa, yeroo nuti ergaa sana achitti dabarsinu, isin waan Hafuurri Qulqulluun achitti keenyan irratti hojjete argitan, mitii ree? Yeroo sanatti meeqatu as ture? [Gumiin akkas jedha, "Ameen."—Gulaalaa.] Argitanii? Sirrii dha! Sirriitti, Ergamaan Gooftaa sun gadi bu'ee, waanuma sana kaase.

413 Argitanii, inni dhugaa dha. Inni akka isin miliqu hin eeyyamiinaa. Ijoolle, itti qabadhaa. Sana qabadhaa. Yaadadhaa, amantii keessan irratti, gaarummaa, beekumsa, obsa ijaaraa!

414 Amma, kunoo, waraqaa tokko qabadheen ture jedheen yaada, yeroon lallabaa ture bakka ta'etti yoo ganne. Inni sirumaa kunoo ti. Galatoomi, obboleessa. Baay'ee, galatoomi. Isin yoo barbaaddan—isa irra laaluuf, asitti wanti isin gochuu dandeessan tarii jiraachuu isaa ilaaluuf. . .Inni tarii kan jiru caalaa xiqqoo fooyya'aa ta'uu danda'a, kana keessaa muraasa akka garagalchitaniifi. Ani asitti isa ol kaasuu qofa, isin immoo isa ilaaltanii—barreessuu.

415 Anis isin isa fudhattanii akka qorattan, isas wal bira qabdanii, akka isatti jiraattanis nan barbaada. Isa qu'achuu qofa osoo hin taane, isa wal bira qabaatii, garuu yeroo qorattan itti jiraadhaa. Isa garramummadhaan fudhadhaa. "Tole, ani isa dhaggeeffachuun na gammachiisa ture," hin jedhinaa. Anis, dhaga'eera. Garuu isa dhaggeeffachuun, booda isa fudhachuun, adda. Argitanii? Argitanii? Inni adda. Argitanii?

416 Guutummaa Waaqayyoo raawwachuuf ga'umsa torbatu jira. Baroota Waldaa Torbatu jira, kan Waaqayyoo Waldaa gara ga'umsa kanaatti fide. Sanas gochuuf Inni Ergamtoota torba qaba ture. Torba, torba, torbatu jira. Argitanii? Torba jechuun—lakkoofsa Waaqayyoo kan xumuraa ti, sadiis lakkoofsa Waaqayyoo isa mudaa hin qabne dha. Kanaafuu, sadii, fi torba sadiitu jira. Kanaafuu, herrega, hafuuraan, Sagaleen, dhugaa ba'umsa Hafuura Qulqulluutiin, wanticha hundaa bakka tokkotti xumuree jira. Mee isa haa qorannu.

417 Gara guutummaa Kiristoositti guddachuuf; mee amantii keenyatti, wantoota kana haa daballu, jaalala waaqayyootiin, Waaqayyoon sodaannee, garaa keenya irraa wal kabajuudhaan walii wajjin, kabaja gadi fagoo waliif qabaachuu, garraamummaa obboleessaa fi obboleettii, qulqullummaa Hafuura Qulqulluun jiraachuu qofa malee, gonkumaa jecha hamaa akka hin baafne. Argitanii? Waliin jiraadhaa, Kiristaana ta'aa. Amantiidhaan deemaa. Yeroo sirrii fi dogoggorri dhufu, gaarummaan Waaqayyoo isin keessa haa yaa'u; beekumsi Waaqayyoo haa ta'u. Yeroo seexanni waan sirriitti Caaffata Qulqullaa'aa hin taane dhiyeessu, isa irraa fagaadhaa. Sun sirrii dha.

418 Ergamoonni gurguddoon amala nu jaalladhaa jedhu akka hin qabne yaada. Waltajii irra hanga ga'anitti, jechoota baay'ee osoo hin dubbatin, dedeebi'u. Isaan ol seenanii waan gochuu qaban immoo raawwatanii, gadi ba'u. Eeyyee, fira koo. Isaan humna qabu. Gaarummaa qabu. Namoota wajjin falmii tokkollee hin qaban. Isaan bakka dhaabbatan beeku. Inni kana qofa. Isaan eenyu akka amanan ni beeku. Isaan Hafuuraan deemuu itti fufanii. Hojjechuu qofa . . .

419 Akkuman halkan darbe jedhe. Mataa xiqqoo tokko raasa, Waaqayyo hojjechuuf kanuma, achii wanti isaan dhaabu hin jiru. Isaan hin gaafannes hin barannes, akka keenyas hin dhiphatani, *kana* ykn *sana* godhuu jedhanii bitaa-hin galu. Isaan dura deemanii, raawwatu. Waaqayyo yeroo tokko yoo isaaniif raase, saffisaan, raawwatan. Maaliin beeku? Akkamitti raasuu Waaqayyo akka ta'e beekuu? Isaan gaarummaawwanii fi kennaa hunda, ayyaana mul'atu qabu turan. Raasuu xiqqoo Waaqayyoo jalqabaa *kana*, wanta tokko tokko wajjin wal bira qabanii Sagalee Isaa wajjin madaalu. Isaan Sagalee Waaqayyoo akka ture beekanii, fagaatanii deeman. Waan biraa waan yaadda'an hin qabani ture. Yeroo Waaqayyo dubbate, isaan deemani. Nuti ni dubbanna . . .

420 Waaqayyo nutti dubbata, nutis, "Tole, ni eegalla. Jireenya kana Jiraachuu yoo dandeenye ni ilaalla" jenna. Hunda dura wanti isin beekuu qabdan, namni tokko yoo isin aarse. Tole, sun seexana akka ta'e, beekamuu qaba.

421 Har'a ganama kana gumii kana irraa na hambisuu akka

barbaade hubachuu qabdu. Wanti kun yeroo tokkos ta'u isin barbaachisa. Oo, nu maari! Hangan gumii jedhu hunda qabsoo qabsaa'un qaba. Nama du'aa jiruu fi hin fayyineef, yoo nama dhukkubsatuuf dkadhachuuf jedhu, daqiiqaa kudhan keessatti bilbila soddoma natti bilbilchiisa, isa irraa na hambisuuf, saffisa danda'een yaala. "Oo, Obboleessa Biraanhaam, ati *kana* gochuu qabda." Garuu lubbuun tokko balaa irra jira. Sirrii dha. Eeyyee.

422 Halkan biraa, bakka tokkotti nan waamame. Dargaggeessi tokko, waggaa muraasa dura maaliini-kan-isin-jettan, suuqii guddaa keessatti, haasofsiiseera. Nama dhugaatii alkoolii dhugu dha. Ani mucaa nan beeka, mucaa gaarii ture, garuu inni cubbamaa ture. Kanaaf haati isaa bilbilte. Isheen yeroo lama Doktaraa bilbilte jedheen yaada. Anis . . . Yoo bilbilamu, Biiliittis bilbilanii, ergaan—dhumarra na dhufe. Dhugaa dubbachuuf, yeroon ergaa sana dhaga'u, jireenya koo keessatti mucaa sana argachuuf, qabsoo hanga kanaa na muudatee hin beeku.

423 Yeroon achi ga'us, hiriyaan hiyyeessi kan na beeku darbee ture. Inni achi ture, achi ciisee, of wallaalee, ka'uus ni yaala ture. Abbaan isaa isa tutuqe, akkas jechaa, "Damma koo." Namichi shantama, gara waggaa shantamii-tokko ta'a. "Damma koo," *kana*, jedhee yeroo itti himu, "callisee ciiseera." Ol ka'uu yaale. Gateetii guddaa dulloomaa naannessee isa *sana* haammate. Mucaa qaamni isaa osoo hin hafin guutummaa guutuutti kaanserii qaba ture. Kutaan qaama isaa hundi kaansarii qabu ture. Dhiigni isaa illee kaansarii ture, wanti hundi. Inni haala kana keessa taa'ee, ol ka'uu yaalaa, akkasumatti fufe.

424 Ani harkaan isa qabee, akkasin jedheen, "Wuudroo, Wuudroo, kun Obboleessa Biraanhaami dha."

425 Abbaan isaa, "Ati hin beektuu? Kun Obboleessa Biilii dha. Wuudroo, kun Obboleessa Biilii dha" jedhe.

Inni akkas jedhe, "Uh. Huh. Uh-uh-uh." Akka *sana*.

426 Akkasumas abbaan isaa ilaalee, "Biilii, ati xiqqoo turteetta" jedhe.

Ani akkasin jedheen, "Gonkumaa hin turre. Inni as jira." Ani lolan qaba.

427 Ijoolleen dhiiraa biroos, ijoolleen dhiiraa dagaggoonni tokko tokko, cubbamoonni, firoonni isaa, achi dhaabbatanii turan. Anis, "Isin ilaalaa, ijoolleen dhiiraa, qophaa'aa, 'sababni isaa gara kana dhufuun keessan hin oolu. Isin as dhuftu. Argitanii? Tarii kaansarii kana miti—ta'a. Tarii daadii irraa waan biraa qabattee dhufuu dandeessaa, hanga du'aatti, dhiigdanii, ykn sababa biraatiin ta'a. Isin gara isaa dhufuu qabdu." Isaan wajjin haasofne.

428 Ani waan Hafuurri hojjedhu jedhe ilaaluuf eegaan ture. Nan eege. Wanti jalqabaa, “Harka kee isa irra kaa’i.” Kan jettu xiqqoo na sochoosun dhaga’e.

429 Naanna’ee itti dhiyaadhee, “Hundi keessan mataa keessan gadi qabadhaa,” jedheeni. Dargaggoonni lama ykn sadii achi keessa turan, hundumti isaanii mataa isaanii gadi qabatan.

430 Ani harka koo isa irran kaa’e. Akkasin jedhe, “Waaqayyoo Gooftaa, waan kana wajjin wal quunnamuu isaa dura, ’waan gochuu qabu akka beekuu gara ofii isaatti deebisi. Inni du’aa jira. Seexanni isa argatee madaa’ee jira, innis deemuu isaati. Innis hanga du’aatti dhugee, haala kana keessa jira. Amma araara akka argatu isaaf nan kadhadha.” Ani yeroon isaaf kadhadhu, ganama itti aanutti dhaabatee, abbaa isaa wajjin haasa’aa ture.

431 Warri Bastii Roogars, yeroo dhiyoo, asitti. . .Hanga hospitaalaatti na waaman. Joorjiya Kaartar xiqqaan bakka itti fayyitee turte sanatti Miiltaawon dhaqee ergan lallabee booda, ani guyyaa sana achin ture. Isin hundi keessan isa ni yaadattu. Achittis yeroo Obboleessi Ismiiz, lallabaan Meetodistii, akkas jedhe, “Namni kamiyyuu Maqaa Yesus Kiristoosiin, yoo cuuphame, gumii koo keessaa baasaa,” waan akkasii. Achi Toottan Foord irratti, walga’ii sana achitti gaggeessaa ture. Akkasumas, oo, waan yaade hundaan na balaaleffate. Ani cilliseen itti fufe; jecha tokkollee hin dubbanne. Ani ergaman qaba ture. Gooftaan mul’ata tokko natti agarsiise. Achii gadi hoolaa tokkotu ture, bakka lafa onaa tokkotti kan hidhame. Hundi keessan, mul’aticha ni yaadattu. Hundi keessan ni yadattu jedheen tilmaama. Ni yaadattuu? [Gumiin akkas jedha, “Ameen.”—Gulaalaa.] Sirrii dha. Tole. Sana booda lafa onaa achi jiru keessaa gadi bu’een, adamsaa ture.

432 Ani gara Toottan Foord dhaqeen ture. Obboleessi Raayit achi ni beeka. Ol deemne, maal gochuu akka qabnu hin beeknu. Qarshii tokkoon, saanduqa saamunaa xiqqoo tokkon bitadhe. Achi ba’ee, sadarkaa irra dhaabadhee lallabuufan ture. Daldala tokko tokko hojjechuuf, tulluu gubbaatti, ol ba’aa akka jiru dubbate. Ani isa wajjin nan deeme. Waldaan Baaptisitii guddaan durii achii tokko, duwwaa ture. Gooftaan akkana naan jedhe, “Achuma dhaabbadhu.”

433 Ani akkasin jedhe, “Mee ani as nan ba’a, Obboleessa Raayit.” Ani nan dhaabbadhe. Itti fufee deemee deebi’e.

434 Ani achi dhaqee, balbalas banuu hin dandeenye. Anis, “Gooftaa, Ati yoo kana keessa jirta ta’e, Ati waldaa keessa akkan seenu barbaadda taanaan, balbala naaf bani” jedhe. Ani immoo achi taa’ee yaadaan ture.

435 Namni tokko akka dhufun dhaga’e; ol deemee, innis akkas jedhe, “Akkam jirta? Ani sittan hima,” jedhe, “ati waldaa barbaaddaa?”

Akkasin jedheen, “Eeyyee, fira koo.”

Innis, “Furtuu asiin argadhe” jedhe.

436 Walga’ii jalqabe. Torban jalqabaa, homtuu hin taane. Halkan jalqabaa, ani gumii tokkon argadhe, Obboleessa Raayitii fi maatii isaa. Beektu, dhuma torbanii irratti, mooraa keessatti illee isaanitti dhaabbachuu hin dandeenye, baay’ee rakkisaa dha. Ammas hoolaan sun ol hin dhufne ture. Obboleessi Hool yeroo sana fayye, Paastariin amma achi jiru, hundi isaanii ni beeku. Hoolaa sana argachuu hin dandeenye. Yeroo muraasa booda, tulluu gaditti, Cheerchi of Kiraayistitti yoo gad buunu, intalli xiqqoon waggaa sagalii fi ji’a saddeetii sun hin sochoone, achi ciiftee argine. Achi turte. Seenaa isaa hundi keessan ni beektu. Eeyyee, fira koo.

437 Waaree boodaa yeroo Baastii Roogars, abbaan sagalee furdaa gootni achi dhaabateera . . . Anis achittin deeme. Maqaa Yesusiin cuuphuu koof anattii qoosuuf, natti kolfuuf, waldaan Obboleessa Ismiiz baayyeen walitti qabamaniiru. Ani bishaan dhoqqee qabu keessan Tootan Foord, bakka turaniin deeme . . . [Teeppii irratti bakka duwwaa—Gulaalaa.] . . . laga achittin ol ba’e, bishaan sun hamma danda’e ni iyya. Diyaaqonoonni lama na wajjin ba’an.

438 Anis, “Har’a waaree booda Caaffata Qulqullaa’aa Waaqayyoo bakka bu’ee as dhaabadheera” jedheen. Akkasin jedhe, “Macaafa Qulqulluu keessatti waan Pheexiroos jedhen dubbise, ‘Tokkoon tokkoon keessan, qalbii jijjiirradhaa, dhiifama cubbuu keessaniif Maqaa Yesus Kiristoosiin cuuphamaa.’” Garagaleen, Kitaaba sana diyaaqonoota keessaa tokkoofan kenne.

439 Achi gadi ba’een, akkasin jedhe, “Namni kamiyyuu, cubbuu isaatti kan gaabbu, dhufuu ni danda’a.” Bishaan keessan deddeeme. Anis, “Ergamoonni amma bakka hunda taa’anii, ilaalaa jiru natti fakkaata.” Oo, maay! Yeroo ani lamaa ykn sadii ergan cuuphee booda, gumiin isaa guutuun, isaan dubartoota uffata siilkii gaarii uffatan, bishaan sanatti utaalanii, sagalee guddaadhaan ililchuu eegalan. Guutummaa gumii isaa hundumaa Maqaa Yesus Kiristoosiinan cuuphe. Beektu. Suura isaa argadheera. Achuma ture.

440 Inni maal ture? Gaarummaa irratti dabaluu. Argitanii? Isin callisaa. Waaqayyo akkamitti akka raawwatu ni beeka. Waaqayyo wantoota kana akkamitti akka fidu ni beeka. Mee isaan waan fedhan haa dubbatan. Garaagarummaa tokkollee hin fidinaa. Qofa itti fufaa.

441 Baastii Roogars achi dhaabatee, yeroo sana arge, inni akkas jedhe, “Garaa koo guutuun isa nan amana.” Innis bishaan keessaa deemee dhufee, uffata isaa isa gaarii akkama uffatetti, Maqaa Yesus Kiristoosiin cuuphame.

442 Gara waggaa sadii ykn afurii dura, isaan gara hospitaala Niwu Albaaniitti bilbilanii na waaman. Kaansariin, qofa isa nyaatee, du'aa kan jiru, achi ture. Doktooronni hanga ganama itti aanutti qofa jiraatta, isaan jedhaniiru. "Inni amma du'aa jira," jedhan. "Dafii qaqqabi," naan jedhan.

443 Gara kutaa isaa galee, keessa akkan seeneen, kadhachuuf dhaabadhe. Innis, "Biilii, sabbanni waaqayyoo golee sana naanna'aa jirun arge" jedhe.

444 Anis ilaaluufan, garagale. Ani akkasin jedheen, "Baastii, inni kakuu dha. Ati hin duutu. Kakuun Dhiigichaa si fayyisa."

445 Harka koo isa irra kaa'een, akkas jedhe, "Waaqayyoo Gooftaa, Ati as jiraachuu mul'ata mirkaneessu dha. Kakuun Kee sun isa, kun, 'Madaa'uu Isaatiin nuyi fayyineerra.'" Harka isa irra kaa'ee, innis achitti fayye. Mana isaatti ergine.

446 Gara waggoota afurii ykn shanii, naannoo waggaa afurii, qurxummii qabuu olii-fi-gadi jechaa, itti fufe. Kaansarichi naannoo ujummoo nyaata dabarsu irra waan tureef, guddaa fi godaannisa jabaataatu, irraatti ba'ee jira ture. Doktooronni, gootonni durii hospitaalichaa, wal'aansa koobaaltii sanaan diriirsuufii akka danda'an itti himan, si'a tokko nyaata baay'ee dabarsuufii danda'a jedhaniin. Nyaata irratti waan ulfaataa dabarse, nyaanni isaa suuta. Inni akka hojjetamuuf dhaqe. Ani akka inni achi jiru hin beekun ture.

447 Yeroo isa baqaqsanii hodhan, irreen isaa diigamaa akka jiru hubatan, dhiignis sammuu keessatti dhangala'e. Akkasitti cinaacha isaa laamshesse. Wanti inni gochuu danda'us karaa-walakkaa boo'uu qofa. Inni qalama tokko, akka *sanatti* qabate, deemi, "uh, uh, uh." Inni barreessuu yaale, akka *sanatti* raafamaa, harka isaa isa nagaan barreessuu yaale. Karaa bitaa, stirookiin rukuteera. Innis harka isaan, barreesse: "Yesus ni fayyisa, 1900 fi waan akkasii." Isaaniif hin galle.

448 Kanaaf amma haati manaa isaa akkas jette, "Obboleessa Biraanhaam, maal akka jechuu barbaade hin beeku."

449 Ani akkasin jedheen, "Aadde Roojars, inni maal jechuu akka barbaade, 1900 fi waan akkasii, Maqaa Yesusiin cuuphamee akka fayye. Ammas dhugaa ba'aa kan jiru isuma kana. Ani du'a hin sodaadhu jechaa jira."

450 "Waaqayyo Gooftaa, lubbuu isaa oolchi. Akka Ati lubbuu isaa oolchitun, kadhadha, Maqaa Yesusiin," nan jedhe. Harka isa irran kaa'e. Istirookiin isa dhiisee deeme. Raafamni ni dhaabbate. Innis siree irraa ka'e. Inni amma ka'ee, dhugaa ba'aa jira.

451 Amantii irratti, gaarummaa dabalaa; gaarummaa irratti, beekumsa dabalaa; beekumsa irratti, of qabuu; of qabuu irratti, obsa; obsa irratti, nama waaqayyoo ta'uu; nama waaqayyoo ta'uu irratti, jaalala obbolummaa; jaalala obbolummaa

keessaniif, Hafuurri Qulqulluu, Kiristoos ni dhufa. 'Sababni isaa, Isaa gaditti . . . Gaarummaa mul'isuuf, Waldaa keessa kan seene Hafuurri Qulqulluun Hafuura Yesus Kiristoosi dha. Oo, maay!

Amma, kudha lamaa fi ruubii ta'eera.

Nan jaalladha . . . Ani Isa nan jaalladha.
Sababni isaa Inni dursee na jaalate

*Asitti*, osoo homaa kan hin qabne taanee jirruu.

Achii immoo . . . (Inni maal godhe?) . . . Fayyina koo bite
Muka Qaraaniyoo irratti.

Ani akkamittin akka *kana* ta'ee? Inni waan dursee, na jaalateefi.

Ani Isa nan jaalladha, ani Isa nan jaalladha
Sababa Inni dursee na jaallateefi (Sababni jira.)
Fayyina koos anaaf bite
Muka Qaraaniyoo irratti.

452 Ganama kana, ani Isaaf, waadaa nan gala, garaa koo guutuudhaan, kunis, gargaarsa Isaa fi ayyaana Isaan, guyyaa guyyaan osoo adda hin kutin, waanan guyyaa guyyaan barbaadu nan kadhadha, hanga xiqqoo dulloomaa dhaabbii koo hunda keessaa akka dhangala'a hanga natti dhaga'amutti, hanga ani Kiristoos isa jiraataa mul'isuu danda'utti. Kunoo, ani Isaan, qajeelummaa Waaqayyoo, akkan ta'uuf . . . Inni bakka koo cubbamaa ta'eera. Kaayyoon Inni du'eef, kana waan ta'eefi. "Gooftaan, Inni bakka koo bu'e; anis amma bakka Isaa nan ta'aafi." Ayyaana Waaqayyootiin, meeqatu waadaa gala? [Gumiin akkas jedha, "Ameen."—Gulaalaa.] Mataa keenya amma gadi qabannee, harka keenyas ol kaafna.

Ani . . .

453 Ani Gooftaa, waadaa galeera, waldaan kun waadaa galteetti, "Yesus Kristoos guutuu mudaa hin qane!"

Inni dursee waan na jaallateef
Fayyina koos naaf bite
Muka Qaraaniyyoo irratti.

62-1014M Qaama Nama Mudaa Hin Qabne
Dunkaana Biraanhaam
Jeefarsanviil, Indiyaanaa U.S.A.

OROMO

©2026 VGR, ALL RIGHTS RESERVED

VOICE OF GOD RECORDINGS
P.O. BOX 950, JEFFERSONVILLE, INDIANA 47131 U.S.A.
www.branham.org

## Beeksisa mirga waraabbii

Mirgi abbummaa seeraan kan eegamedha. Kitaabni kun akka meeshaa Wangeela Yesuus Kiristoos babal'isuuf gargaarutti, maxxansaa manaatiin maxxanfamuun dhuunfaatti fayyadamuuf ykn kaffaltii malee kennamuu ni danda'a. Kitaabni kun hayyama barreeffamaa ifa ta'e Voice Of God Recordings® malee, gurguramuu, baay'inaan baay'isuu, marsariitii irratti maxxanfamuu, sirna kuusaa keessatti kuufamuu, afaanota birootti hiikuu, ykn maallaqa gaafachuuf itti fayyadamuun hin danda'amu.

Odeeffannoo dabalataaf ykn meeshaalee biroo jiran yoo barbaaddan, maaloo teessoo armaan gadii fayyadamuun nu quunnamaa:

VOICE OF GOD RECORDINGS

P.O. BOX 950, JEFFERSONVILLE, INDIANA 47131 U.S.A.

www.branham.org